Inistitiiyuutii Leenjii fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa

Sirna Biiroon Biiroon Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa Waldiddaa Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Hiiktuu Waldiddaa Filannootti Fayyadamuun Hiiku: Seeraa fi Qabatama

Qorattoonni:

- Umar Fiixoo (LL.B, LL.M)
- Haashim Tunaa (LL.B, LL.M)

Gulaaltota:

- Obboo Kumasaa Araarsaa
- Obboo Sulxaan Abdoo
- Obboo Aaddisuu Hayiluu

Waxabajjii, 2014

Adaamaa

Galata

Calqaba irratti qorannoo kana calqabnee akka xumurru kan nu taasise Rabbiin galatoomfanna. Itti aansuun gulaaltonni 1ffaa obboo Kumasaa Araarsaa(Daayirektara Ol'aanaa ILQSO), 2ffaa Obboo Sulxaan Abdoo(It/Aanaa Daayirektara Ol'aanaa ILQSO), fi 3ffaa obboo Aaddisuu Hayiluu (Abbaa Alangaa BAAWO) kan ta'an milkaayina qorannoo kanaatiif shoorri isaan taphatan guddaa waan ta'eef, galata galchuufi barbaanna. Kana malees, Daayirektara Daayirektooreetii Qorannoo fi Qo'annoo ILQSO kan ta'an obboo Haabtaamuu Bultii fi Qorataa Seeraa ILQSO kan ta'an Obboo Kadiir Qaasoo yaadaa fi gorsa nuuf kennuun waan nu cinaa dhaabbataniif galata ol'aanaa ta'e qabnaaf. Dhuma irratti, manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa ragaalee qorannoo kanaaf barbaachisan nuuf kennaniif galata galchina.

Baafata

Gabaajeewwan IV

BOQONNAA TOKKO 1

SEENSA QORANNICHAA 1

1.1. Yaada Ka'umsaa 1

1.3. Gaaffilee Qorannoo 5

1.4. Kaayyoo Qorannoo 5

1.5. Mala Qorannoo 5

1.6. Faayidaa Qorannoo 8

1.7. Fayyadamtoota Qorannichaa 8

1.8. Daangaa Qorannoo 9

BOQONNAA LAMA 10

SAKATTA'IINSA HOG-BARRUU: HAALA QAAMNI MOOTUMMAA MALA HWF FAYYADAMUUN DANTAA MOOTUMMAA FI UMMATAA ITTI KABACHIISU 10

2.1. Maalummaa HWF 10

2.2. Barbaachisummaa Hiiktuu Waldiddaa Filannoo 11

2.3. Muuxannoowwan Biyyoota Biroo 13

A. Kirooshiyaa 13

B. Kolombiyaa 14

C. Biraaziil 15

D. Muxxannoo Ameerikaa 15

E. Filippiinsi 17

A. Muuxannoo Mootummaa Federaalaa 19

B. Muuxannoo Naannoo Amaaraa 21

BOQONNAA SADII 23

XIINXALA DAATAA 23

3.1. Aangoo fi Gahee Biiroon Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa Waldiddaa Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Karaa Mala Hiiktuu Waldiddaa Filannootiin Furuuf Qabu: 23

3.1.1. Manneen Hojii ykn Dhaabbilee Misooma Mootummaa fi Qaama Biroo Gidduutti Waldhabdee Uummamu irratti Aangoo BAAWO 23

3.1.2. Waldiddaa Hariiroo Hawaasaa Manneen Hojii Ykn Dhaabbileen Misooma Mootummaa Naannichaa Furuu Irratti Aangoo BAAWO 31

3.1.3. Namoota Himannaa Hariiroo Hawaasaa Banuuf Humna Dhaban irratti Aangoo BAAWO Qabu 43

3.2. Caasaa/Gurmaa'insa/ Mala Hiiktuu Waldiddaa Filannoo BAAWO 47

3.3. Raawwii Murtii Karaa Mala Hiiktuu Waldiddaa Filannootiin Kennamuu: Uwwisa Seeraa fi Qabatamaa 51

3.4. Hojimaataa fi Hojirra Oolmaa Hiiktuu Waldiddaa Filannoo BAAWO Keessatti 55

3.7. Rakkoowwan Waldiddaan Dhimmotaa Hariiroo Hawaasaa Karaa Mala Hiiktuu Waldiiddaa Filannoon Akka Hin Furamne Taasisan 65

BOQONNAA AFUR 68

GUDUUNFAA FI YAADA FURMAATAA 68

4.1. Guduunfaa 68

4.2. Yaada Furmaataa 71

Gabaajeewwan

- **BAAWNA-** Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Naannoo Amhaaraa
- **BAAWO**- Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa
- **BEFO**- Biroon Egumsaa Fayyaa Oromiyaa
- **DHBBO** – Dhaabbata Bosonaa fi Bineensa Bosonaa Oromiyaa
- **HH** - Hariiroo Hawaasaa
- **HWF-** Hiiktuu Waldiddaa Filannoo
- **ILQSO**- Inistitiiyuutii Leenjii fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa
- **IMX-** Interpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaa
- **GAONF-** Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee
- **MNO**- Mootummaa Naannoo Oromiyaa
- **MHAAWO**- Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa
- **MRFDI**- Mootummaa Riippubiliikii Federaalawa Dimookiraatawaa Itoophiyaa
- **Kkf** –Kan kana fakkaatan
- **WLQO-** Waldaa Liqii fi Qusannoo Oromiyaa
- **Ykn-** yookaan

BOQONNAA TOKKO

SEENSA QORANNICHAA

1.1. Yaada Ka'umsaa

Waldiddaan taatee guututti dhabamsiisuun hin danda'amne kan nama dhuunfaa, manneen hojii mootummaa, dhaabbilee misooma mootummaa fi dhaabbilee dhuunfaa kamiyyuu giddutti uumamuu danda'uu dha. Addunyaa irratti waldiddaan maloota garagaraatiin furamaa kan turee fi ammas kan jiruu dha. Malootni kunis mana murtii idilee ykn mala hiiktuu waldiddaa filannoo (HWF) fayyadamuu ta'uu danda'a. Guddina hawaas-diinagdee Addunyaan yeroo ammaa irra jirtu kana keessatti dhimmoota hunda karaa sirna idilee (mana murtii idilee) qofaan furmaata kennuun hin danda'amu. Kanumarraa ka'uun yeroo ammaa biyyootni Addunyaa hedduun waldiddaawwan garagaraa keessayyuu; waldiddaawwan hariiroo hawaasaa, walitti dhufeenya daldalaa fi invastimantii irraa maddan mana murtiin ala mala HWF, fayyadamuun waldiddaawwan baasii xiqqaa fi yeroo gabaabaa keessatti furuun addunyaa irratti guddachaa kan dhufe tahuu barreeffamoonni gara garaa ni agarsisu.[1] Maloota kana dhimmoota hariiroo hawaasaa (HH) fi waldiddaawwan dantaa mootummaa fi ummaataa miidhan keessatti hojirra oolchuuf gaheen Ministeera Haqaa ol'aanaa dha.

Akka biyya keenyaatti Heerri Mootummaa Federaalaa Dimookiraatawaa Riippaabliika Itoophiyaa kewwata 37 jalatti mirgaa haqaa argachuu lamiilee biyyatti haala ifaa taheen ka'eera.[2] Waldiddaawwan uumaman kamiyyuu karaa mana murtiin ykn mana murtiin ala qaamaa aangoon murtii kennuu seeran kennameefin hiikkamuu akka danda'u ka'eera. Dabalataanis heerri kun keewwata 34 jalattii waldiddaawwan mirgoota dhunfaa irraa maddan, fedhii qaamota waldhabanii irratti hundaa'uun karaa seerota amantii ykn aadaatiin ilaallamanii hiikkamuu akka danda'an ifatti ka'eera.[3] Heerri Mootummaa Naannoo Oromiyaatis bifuma walfakkaatuun keewwata 34(5) fi keewwata 37 jalattii waldiddaan mana murtiin ykn mana murtiin alaa mala hiiktuu waldiddaa filannoo fayyadamuun hiikuun akka danda'amu beekkamtii kenneera.[4] Kanaafuu, waldiddaawwan haariroo hawaasaa mirgoota dhuunfaa fi maatii irraa madduu danda'an mala hiiktuu waldiddaa filannoon ilaaluun akka furmaata argatu gochuun sadarkaa Federalaa fi Naannoo Oromiyaattii beekamtii heeraa kan qabuu dha.

---

[1] Brian Lucas 'Alternative Dispute Resolution For Businesses In Developing Countries' (2008), p.3

[2] House of Peoples Representatives, Constitution of the Federal Democratic Republic of Ethiopia,(1994),Art. 37

[3] Akkuma Olii, kwt 34(5)

[4] Caaffee Motummaa Naannoo Oromiyaa, Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe (1994) Lak 46, kwt34(5)

Malootni Hiiktuu Waldiddaa Filannoo kunis waliigaliinsa (negotiation), Walta'iisaa (Mediation/Conciliation) ykn Araaraa/jaarsummaa (arbitration) ta'uu danda'u.[5] Biyya keenya keessattis mootummaan barbaachisumma fi faayidaa dhimmoota haariroo hawaasaa karaa mala Hiiktuu waldiddaa filannoon (HWF) furuun qabu waan hubateef, laabsii dhimma kana hoogganu Labsii Adeemsa Hojii Jaarsummaa fi Walta'iisaa baasuun hojirra olcheera.[6] Seensa labsii kanaa irratti akkuma ibsame faayidaan mala HWF gurguddoon;[7]yeroo gabaabaa fi baasii xiqqaan murtii(fala) kennuu, iccittii dhimma irratti falmamuu eeguu, , murtiin kennamuu carraan yeroo gababaa keessattii raawwatamuu ol'aanaa tahuun ibsameera. Dabalataanis barreessitoonni hedduun mala kana fayyadamuun carraa malaammaltummaaf saaxilamuu xiqqeessuuf, gareen waldhaban lamaanuu injifataa (win-win) tahuu fa'a akka qabu ni ibsu.[8]

Kaayyoo BAAWO hundaayeef keessaa innii tokko, dantaa hariiroo hawaasaa mootummaa naannichaafi ummataa kabachiisuu akka tahee labsiin ifaan ka'aameera.[9] Mootummanis dhimma kana milkeessuuf, dhimmaa hariiroo hawaasaa naannichaa dantaa mootummaa fi ummataa of keessaa qaban hunda irraatti aangoo BAAWOtiif kennee jira.[10] Mirgaafi dantaa ummataa fi mootummaa kabachiisuuf manneen hojii fi dhaabbilee misooma mootummaa naannichaa, akkaataa barbaachisummaa isaatti jaarmiyaalee ummataa bakka bu'iinsa kamiyyuu dhiyeessuun osoo hin barbaachisiin bakka bu'aa ta'ee himaata hariiroo hawaasaa hundeessu; falmu; deebii kennu; dhimmoota falmiin jalqabame gidduu seenuudhaan akka falmu; murtii kenname bu'uura seeraatiin akka raawwachiisuu angeffameera.[11] Labsiin Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa Hundeessuf Bahe Labsii Lak 214/2011, BAAWO dhimma hariiroo hawaasaa manneen hojii yookiin dhaabbileen misooma mootummaa naannichaa irratti waldhaban ilaalchisee dhimmichi mana murtii ykn mana murtiin ala HWF akka furamu kan murteessuu fi bu'uura murtichaatiin raawwatamuu isaa mirkaneessuu akka danda'u ifattii ka'ee jira.[12]

Akka naannoo keenyaattis ta'ee akka biyyaatti qorannoon mata duree ammaa irratti kallattiin gaggeeffame hin turre.Qorannoon kana dura karaa ILQSO'n gaggeeffame tokko kan irratti

[5] Marc Jonas Block, 'The Benefits Of Alternate Dispute Resolution For International Commercial And Intellectual Property Disputes',(2016) Vol.44 The Digital Journal of Rutgers School of Law,p.3
[6]House of People's Representatives' Arbitration and Conciliation, Working Procedure Proclamation'[2021] (no.1237)
[7]Akkuma olii, Seensa
[8]Olitti yaadannoo Lak 5
[9] Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa, 'Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe' [2011], Lak.214, kwt 6 (4)
[10] Akkuma Olii, seensa isaa irratti kan ibsamee dha.
[11]Caaffee Motummaa Naannoo Oromiyaa 'Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa Lak 214/2011 Fooyyeessuuf Bahe' [2013], Lak.236, kwt2(9)
[12] Olitti Yaadannoo Lak 9, kwt 7(39)

xiyyeeffatu aangoo ykn gahee abbaan alangaa akka waliigalaatti dhimmoota hariiroo hawaasaa mirgaa fi dantaa mootummaa, ummataa akkasumas namoota dhuunfaa kabachiisuu keessatti qabu irratti yoo ta'u[13], dhimma mata duree ammaa kana kan hammatee miti. Qorrannoon ammaa kun uwwiisa seeraa fi hojimaata waldiddaa dhimmoota hariiroo hawaasaa manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa gidduutti uumamu fi qaama mootummaa tokkoo fi qaama dhuunfaa gidduutti uummamuu danda'u, karaa mala filannoo waldiddaa hiiktuutiin furuu irratti gahee BAAWO maal fakkaachuu akka qabu xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatuu dha.

BAAWO dhimmoota hariiroo hawaasaa dantaa mootummaa fi ummataa ta'an karaa HWF tiin xumuruuf uwwisni seeraa jiru gahaa moo miti, akkasumas dhimma hariiroo hawaasaa gara isaa dhufaan gahumsaan hiikuuf caaseffamaa ykn gurmaa'insa akkamii akka barbaachisu, rakkooleen kanaan walqabatanii jiran maal fa'a akka ta'an fi raawwi murtiilee karaa HWF kennaman haala kamiin raawwatamu kan jedhu qorannoo kanaan deebii kan argatuu dha.

1.2. Hima Rakkoo

Labsii Lakkofsaa 214/2011, kwt 7(39) jalatti BAAWO dantaa ummataa fi mootummaa naannicha kabachiisuuf dhimmoota hariiroo hawaasaa manneen hojii yookiin dhaabbileen misooma mootummaa naannichaa irratti waldhaban ilaalchisee dhimmichi mana murtii yookiin mana murtiin ala mala filannoo jiruun akka furamu akka murteessuu fi bu'uura murtichaatiin raawwatamuu isaas akka mirkaneessuu aangoon kenneefi jira. Angoon BAAWOtiif kennamee kun aangoo hundee dubbii keessaa seenuun illaaluun murtii ittii kennuuti moo aangoo malaa dhimmichi ittiin ilaalamu murteessuu qofa kan jedhu ifaan waan hin ka'amneef raawwii irrattii rakkoo guddaa ta'eera.

Labsiin qaama raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa hundeessuuf bahe, Labsii Lakk, 242/2014, waa'ee aangoo BAAWO hin ibsine. Labsiin Lak 214/2011 kwt7 (39) immoo waa'ee Aangoo BAAWOn hundee dubbi ilaaluuf qabu irratti iftoominaa kan qabuu miti.Kanafuu dhimmoota hariiroo hawaasaa BAAWO irratti aangeffame irratti mala furtuu waldiddaa filannoo fayyadamuun hiikuu akka danda'u ifatti wanti tumame hin jiru. Waldiddaa dhimmoota hariiroo hawaasaa manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa gidduutti uumaman karaa mala HWFtiin furuu irratti aangoo BAAWO hojirra oolchuuf seerrii fi sirni gahaan ifa ta'e

[13]Habtaamuu Bultii fi Waakgaarii Dullumee, 'Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Keessatti Mirgaa fi Dantaa Ummataa, Mootummaa fi Namoota Dhuunfaa Kabachiisu Biiroo Haqaa Oromiyaa fi Raawwii Isaa'(2007) kan hin maxxanfamin, madda www.ilqso.gov.et irraa kan ilaallame Caamsaa 10,2014.

waan hin jirreef, aangoo kana hojitti hiikuun baay'ee rakkisaa dha. Rakkoo iftoomina aangoo BAAWOtiif kenname kana hiikuuf dambii fi qajeelfamotni barbaachisan tumamanii hojirra hin oolle. Maanuwaaliin BAAWO baasee ture dirqisiisaa waan hin taaneef, rakkoo hojimaataa dhimmoota hariiroo hawaasaa gama kanaan jiru kana furuu hin dandeenye. Manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misoomaa mootummaa waldiddaa gidduu isaaniitti uummame BAAWO tti dhiyeessanii furmaata akka argatan taasisuu irratti seerri ifa ta'e waan hin jirreef yeroo baayyee gara BAAWOtti dhimmicha dhiyeessuuf fedhii hin qaban. Kanaafuu, qabatamaan waldiddaan hariiroo hawaasaa hundi karaa BAAWO dhihaachaa kan jirree waan ta'eef, qisaasama qaabenyaa mootummaa fi ummataa irraa gahuu hambisuu ykn xiqqeessuu hin daandenye.

Dabalatanis caasaalee biirichaa sadarka sadarkaan jiran keessaatti garee dhimma hariiroo hawaasaa HWF tiin dhimmoota haala barbaaddamuun fi gahumsaan hiikuu danda'u hin hundoofne. Dhimmichis gara BAAWO yoo kan dhiyaatu ta'e, uwwisni seeraa fi caasaaleen HWF sirnaan gurmaaye biiricha keessa waan hin jirreef hojimaanni gama kanaan jiru baay'ee dadhabaa dha. Kana malees, dhimmichi karaa HWF tiin ilaallamaa yoo ta'e, haala kamiin hojirra oola kan jedhu irratti wanti ifa ta'e hin jiru.

Waldiddaawwan qaama mootummaa fi qaama dhuunfaa gidduutti uumaman ilaalchisee, osoo qaamni dhuunfaa fi qaamni mootummaas dhimma isaanii karaa HWF tiin xumuruudhaaf waliigalaniille, dhimma kana ofitti fuudhee furmaata akka argatu taasisuudhaaf seerri fi sirni diriire hin jiru.Kana jechuun waldiddawwan hariiroo hawaasaa karaa HWF tiin hiikuuf seerri qaawwa kan qabu dha. Gurmaayinsi, gahaan furtuu waldiddaa filannoo hojiira olchuuf barbaachisuu hin jiru. Kanaafuu, yeroo fi qabeenya mootummaa fi ummataa qisaasama hin taane irraa hambisuun hin danda'amne. Karaa biraatiin dhimmoonni dantaa mootummaa fi ummataa garee HWF BAAWO tti dhiyaatanii murtiin osoo kennamee haala kamiin raawwatamuu qaba kan jedhu seera irraa ifaa miti.

Walumaagalatti, uwwisni seeraa gahaa fi caaseffamni mala HWF sirnaan diriire dhabamuun wal-diddaan dhimmoota hariiroo hawaasaa manneen hojii mootummaa fi dhaabbileen misoomaa mootumma gidduutti uumamu,waldiddaan qaamota mootummaa fi dhaabbata/nama dhuunfaa gidduutti uumamu akkasumas dhimmoota HH BAAWO irratti aangeffame hundumaa irratti malli HWF tiin furmaanni kennamaa jira moo miti kan jedhus waan adda bahuu qabuu dha.

1.3. Gaaffilee Qorannoo

1. Aangoon BAAWO dhimmoota HH furtuu waldiddaa filannoon akka furaman taasisuuf qabu maal fakkaata? Uwwisni seeraa gama kanaan jiru gahaa dha moo miti?
2. BAAWO caasaa ykn gurmaa'insa waldiddaa dhimmoota HH furtuu waldiddaa filannoon furuuf dandeessisu qaba?
3. BAAWO waldiddaa dhimma HH hiikuuf furtuu waldiddaa filannoon hojiirra oolchaa jiraa? Hojimaanni isaa maal fakkaata?
4. Murtii falmii hariiroo hawaasaa furtuu waldiddaa filannoonmurtii argate haala kamiin BAAWO raawwachiisaa?

1.4. Kaayyoo Qorannoo

A. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon Gooroo qorannoo kanaa haala BAAWO waldiddaa dhimmoota hariiroo hawaasaa dantaa mootummaa fi ummataa ta'an hiiktuu waldiddaa filannoon itti hiikuu danda'u uumuudhaan, waldiddaawwan dantaa mootummaa fi ummataatiin walqabatanii uummaman karaa sirrii ta'een hoogganuun qisaasama hin malle irraa hambisuu dha.

B. Kaayyoo Gooree

- ✓ Aangoon BAAWO dhimmoota HH furtuu waldiddaa filannoon akka furaman taasisuuf qabu irratti uwwisa seeraa haala ifa ta'een adda baasuun xiinxaluu,
- ✓ BAAWO waldiddaa dhimmoota HH dantaa mootummaa fi ummataa hiikuuf furtuu waldiddaa filannoo hojiirra oolchuu irratti qabatamni maal akka fakkatu xiinxaluu,
- ✓ Hojmaataa fi gurmaa'insi BAAWO dhimmoota HH furtuu waldiddaa filannoo furuu dandeessisu adda baasuun xiinxaluu,
- ✓ Haala BAAWO falmii dhimmoota hariiroo hawaasaa furtuu waldiddaa filannoon murtii/fala/ argatan ittiin raawwachiisuu danda'u xiinxaluun yaada furmaata dhiyeessuu dha.

1.5. Mala Qorannoo

A. Tooftaalee Daataan Ittiin Walitti Qabamu

Gaaffiiwwan qorannoo kanaa deebisuuf gosa qorannoo akkamtaa (qualitative legal research) hojirra kan oolee dha. Qorannoon kun akkamtaa kan jedhameef labsiilee, dambiilee, qajeelfamootaa, murtiilee (galmeewwan) fi hoogbarruuleen adda adda kan xiinxalame waan

ta'eefi dha. Gama biraatiin qarannoon kun akkamtaadha kan jedhameef manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa adda addaa waliin af-gaaffii gariin caaseffamaa (semi-structured) gadii fageenyaan kan gaggeeffame fi kanxiinxalame waan ta'eefi dha. Tooftaan biroo qorannoo kana keessatti hojirra oole, marii garee irratti xiyyeeffate (Fucus Group Discussion) yoo ta'u, kunis BAAWO keessatti kan gaggeefameedha. Kana malees, qorannoon kun labsiilee, dambiilee qajeelfamoota, maanuwaalota, sanadoota BPR sadarkaa federaalaa, kanneen sadarkaa naannoolee garaagaraa, galmeewwan wal diddaa dhimmoota hariiroo hawaasaa dhimmichatti dhiheenya qaban (relevant cases) ta'an sakatta'uu fi xiinxaluun akkasumas muxannoowwan mootummaa naannoo Amaaraa, mootummaa fedeeraalaa fi biyoota biroo ilaaluun daataan kan walitti qabamee dha.

B. Maddoota Daataan Irraa Guuramu ykn Walitti Qabamu

Maddoonni daataa qorannoo kanaa, maddoota sadarkaa 1ffaa fi maddoota sadarkaa 2ffaa dha. Maddoota sadarkaa 1ffaa kanneen jedhaman labsiilee, dambiilee, qajeelfamoota, ittiin bulmaata dhaabbilee furtuu waldiddaa filannooakkasumas af-gaaffiiwwan, marii garee irratti xiyyeeffate fi dhimmoota (galmeewwan) hariiroo hawaasaati. Maddoonni daataa sadarkaa lammaffaa immoo sakatta'iinsa sanadootaa garaagaraa kanneen akka baarrefamoota jounaalii, kitaabota, qorannoowwan hin maxxanfamanii fi maxxanfaman, moojuulii garaagaraa fi maddoota websayitii adda addaa fa'aa dha.

C. Mala Iddattoo

Yeroo af- gaaffiin gaggeeffamu mala Iddattoo Kaayyeeffataan (Purposive Sampling Method) qorannoo kana keessatti hojirra kan oole yoo ta'u, Ministeera Haqaa, BAAWO, Biiroo Abbaa Alangaa Waaligala Naannoo Amhaaraa, waajjiraalee abbaa alangaa sadarkaa godinaa jiran afur(Godinaa Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee, Godina Jimmaa, Shawaa Bahaa, Godina Arsii) akkasumas Waajjiraalee abbaa alangaa sadarkaa aanaa irra jiran ykn waajjiraalee abbaa alangaa bulchiinsa magaalaalee akka Qarsaa, Asallaa, Adaamaa, Laga Xaafoo Laga Daadhii, Sululltaa, Sabbataa, Jimmaa, Bishooftuu fi Duukam irraa daataan walitti qabamee jira. Kana malees, ittiigafatamtoota fi abbooti adeemsa waliin af-gaaffiin gaggeeffamera.

Biiroolee Naannoo Oromiyaa keessaa immoo biiroolee shan, Biiroo Qonnaa Oromiyaa, Biiroo Bishaanii fi Inarjii Oromiyaa, Biiroo Dhaabbilee Misooma Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Biiroo Fayyaa Oromiyaa fi Biiroo Abbaa Taayitaa Konstraakshinii Oromiyaa, Biiroo Lafaa Oromiyaa fi Mana Murtii Waliigala Oromiyaas akkasumas dhaabbilee misooma mootummaa

keessaa immoo Baankii Siinqee (Head Quarter), Dhaabbata Bosonaa fi Bineensa Bosonaa Oromiyaa fi Korporeeshinii Ijaarsaa Oromiyaa. Dabalataanis, Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaatti, Daayrektooreetii Hariiroo Hawaasaa keessaa Daayirektaraa fi Raawwattoota abbootii Alangaa nama afur waliim mariin garee irratti xiyyeeffate (FGD) gaggeeffamee jira. Biirooleen Mootummaa Naannoo Oromiyaa fi dhaabbileen misoomaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa armaan olii kun kanneen wal diddaan dhimmota hariiroo hawaasaa itti baayyatan jedhamanii tilmaaman waan ta'aniif kan filatamanii dha.

Sadarkaa godinoota afran filatamaniitti waajjiraaleen Godina filataman, Waajjira lafaa, Waajjira eegumsa fayyaa, Waajjira Bishaanii fi Inarjii, fi mana murtii ol'aanaa akkasumas dhaabbilee misooma mootummaa keessaa immoo Baankii Siinqee, Dhaabbata Bosonaa fi Bineensa Bosonaati. Ulaagaan waajjiraalee mootummaa Godinootaa kunniin ittiin filataman immoo bayyinna dhimmootaa hariiroo hawaasaa isaan keessummeessan ilaalcha keessa kan galamee dha. Waajjiralee kana irraas dataan kan saassabamee fi af-gaaffiin oggeessota seera isaanii waliin gaggeeffamera. Naannoolee akka biyyaatti dhimma hariiroo hawaasaa manneen hojii yookiin dhaabbileen misooma mootummaa naannichaa jidduutti uumamu karaa furtuu waldiddaa filannoon furuun muxannoo gaarii qaban jedhaman keessaa Naannoo Amaaraa filaachun, Daayirektara Hariiroo Hawaasaa Biiroo Abbaa Alangaa Waaligala naannoo Amaaraa waliin af-gaaffiin bilbilaan gaaggefamera.Karoora fi rawwiin data fuunanamee bifaa gabatee armaan gadiitin ka'amera.

Lakk	Hojii Hojjeetamuuf Karoorfame	Karoora (Lak)	Rawwii(Lak)	Rawwii%
1	Manneen hojii fi dhaabbilee misooma mootummaa daataan irraa sassaabamu	49	47	95.91
2	Oggeessota af-gaaffiin waliin taasifamu	98	78	79.59
4	Maarii Garee (Focused Group Discussion)	1	1	100

1.6. Faayidaa Qorannoo

Qorannoon kun dhimma hariiroo hawaasaa manneen hojii yookiin dhaabbileen misooma mootummaa naannichaa irratti waldhaban fi qaamonni mootummaa kun qaama dhuunfaa waliin waldhaban haala karaa HWF tiin itti furuun damda'amu irratti kan xiyyeeffatu waan ta'eef, faayidaawwan armaan gadii qaba:

1. Qaamoleen mootummaa dhimma kana keessatti qooda fudhatan keessumattuu caasaaleen BAAWO sadarkaan jiran, hanqina gama seeraa, caaseffamaa fi hojimaataan qaban sirreessuun dantaa mootummaa fi ummataa gama hariiroo hawaasaatiin akka kabajamu ni dandeessisa.
2. Manneen hojii fi dhaabbileen misooma mootummaa naannichaa hubannoo argachuun dirqama qaban bahuu akka danda'an kallattii ni akeeka.
3. Dhimmoota hariiroo hawaasaa karaa furtuu waldiddaa filannoon hiikuun sirna haqaa naannoo keenyaa fi biyyatti deeggaruun ol'antummaa seeraa akka mirkanna'uu gummacha ol'aanaa qabachuu isaa ni agaarsisa.
4. Qaamaa seera tumuuf galtee ta'uun labsii fi dambiin akka bahu taasisuun qisaasama qabeenyaa mootummaa fi ummataa irra gahu hambisuun bu'aa olaanaa kan buusuu ta'a.
5. Leenjii adda addaa kennuuf, akkasumas qorannoo biroof akka ka'umsaatti fayyaduu ni danda'a.

1.7. Fayyadamtoota Qorannichaa

Qorannoo kana irraa akka waligalaattii faayyadamaan mootummaa fi ummata.Sababni isaas waldiddaan dhimmoota hariiroo hawaasaa qaamolee mootummaa jiddutti taasifamuu tooftaa salphaa qabenya ummataa fi motummaa qisaasamarraa baraaruun yeroo gababaa keessattii hiikuun akka daanda'amuu waan taasisuufidha.Kallattiin qaamnii qorannoo kana irraa faayyadamu BAAWOti.Kuniis BAAWO aangoo isaaf kennamee haala bu'aa qabeessa fi si'oomina qabuun hojitti hiikuuf danbii fi qajeelfamotaa baarbachisan akka baafatu kallattii akeekaa. Itti aansuun qaamni qorannoo kana irraa fayyamu ILQSO yoo ta'u, kaayyoo fi galma dhaabbateef (qorannoo fi Leenjiif) milkeessuuf keessatti shoora olaanaa qaba.

Haaluma kanaan, qorannoon kun manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa waldiddaa dhimmoota hariiroo hawaasaa irrattii isaan mudatan akkamittii akka furmaata argachuu qaban kallattii waan akeekuuf isaanis fayyadamoo dha. Akkasumas namoota ykn dhabbattoota dhuunfaa kanneen waldhabdee qaama mootummaa waliin qabanii fi dhimma

isaanii karaa furtuu waldiddaa filannoon akka ilaallamuuf barbaadaniif faayidaa ol'aanaa qaba. Dhuma irratti barattootaa fi dhabbileen barnoota ol'aanoo akkasumas qaamoolee biroo dhimma kana irrattii qorannoo bal'aa gaggessuu barbaadaniif ka'umsaa tahuu danda'a.

1.8. Daangaa Qorannoo

Qorannoon kun falmiiwwan dhimmoota hariiroo hawaasaa BAAWO karaa furtuu waldiddaa filannoon hiikuu kan ilaallatuu dha. Wal-diddaa dhimmoota hariiroo hawaasaa manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misoomaa mootummaa Naannoo Oromiyaa gidduutti uumaman, wal-diddaa dhimmoota hariiroo hawaasaa manneen hojii mootummaa/dhaabbilee misoomaa mootummaa fi dhaabbata/nama dhuunfaa gidduutti uumaman, dhimmoota hariiroo hawaasaa kanneen akka namoota himannaa hariiroo hawaasaa banuuf humna dhaban, namoota gocha yakkaatiin miidhaan irra gahee fa'a kanneen biiroon abbaa alangaa irratti aangeffame hunda kan hammatuu dha. Qorannoon kun waldiddaa qaamni mootummaa keessa hin jirre ykn bakka bu'ee falmuuf irratti hin aangeffamne kan hammatuu miti.Dhuma irratti qorannoon kun sadarkaa naannoo oromiyatti kan gaggeeffamu waan ta'eef, yaanni furmaata kennamee rakkoolee seeraa fi hojimaataa Naannoo Oromiyaa furuuf kan kaayyeffatee dh

1.9. Caaseffama Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaa afuritti kan qoodame yoo ta'uu, boqonnaan tokkoffaan gumee qorannichaa, Boqonnaan 2ffaan, sakatta'iinsa hoogbarrullee furtuu waldiddaa hiiktuu muuxannoo biyyoota muraasaa kan sakatta'ee yoo ta'u, Boqonnaa Sadaffaan haala BAAWO waldiddaa dhimmoota hariiroo hawaasaa HWF tiin itti hiiku irratti uwwisa seeraa fi hojimaata jiru kan ittii xiinxalamee dha. Boqonnaa afraffaa fi kan dhumaa immoo, yaada guduunfaa fi yaada furmaataa qorannichaa kan hammatee dha.

1.10. Hanqinoota Qorannichaa

Qorannoon kana irrattii barreeffamoonni muxxannoo naannoolee biroo fi biyyoota alaa haala qabatamaa qorannoo kanaan walfakkatan bal'inaan jiraachuu dhabuu, ragaaleen barbaaddaman darbee darbee argamuu dhabuu fi namoonni daataan irraa sassabamuuf karoorfaman murasaa aargachuu dhabuun hanqinoota murasaa qorannoo kanaati. Haa ta'u malee, namoota qaamaan argachuu hin dandeennes karaa bilbilaan qunnamuun daataa barbaachisaa ta'e funaanuun danda'ameera. Barreeffamootni mata duree kanaan walqabataan bal'inaan jiraachuu baatanis, barreeffamootuma jiran seerota waliin xiinxaluun qorannicha milkeessuun danda'ameera.

BOQONNAA LAMA

SAKATTA'IINSA HOG-BARRUU: HAALA QAAMNI MOOTUMMAA MALA HWF FAYYADAMUUN DANTAA MOOTUMMAA FI UMMATAA ITTI KABACHIISU

Boqonnaa kana keessatti haalaa qaamni mootummaa Hiiktuu Waldiddaa Filannoo (HWF) fayyadamuun dantaa mootummaa fi uummataa itti kabachiisu kan ilaalamu ta'a; bu'uuruma kanaan barruulee, seerotaa fi muuxannoowwan biyyootaa xiinxaluun barumsa fudhatamuu danda'an adda baasuuf yaaliin taasifameera. Haala adda ta'een, boqonnaan kun hojmaata Ministeerri Haqaa (Biiroon Abbaa Alangaa) Mala HWF ofii hundeessuun yookaan adeemsa ittiin gaggeeffaman ilaalchsee seera baasuun dantaa mootummaa fi uummataa itti kabachiisu adda baasuu irratti kan xiyyeeffatuu dha.

2.1. Maalummaa HWF

Waldiddaan taatee guututti dhabamsiifamuu hin dandeenyee dha. Waldiddaan nama dhuunfaa, Manneen hojii Mootummaa, dhaabbilee misooma mootummaa fi dhaabbilee dhuunfaa kamiyyuu giddutti uumamuu danda'a.Haa ta'u malee, haalli waldiddaan tokko itti furamu waldiddaa kana hammeessuu ykn salphisuu danda'a.Uummata addunyaa kamuu keessatti waldiddaan haalota garagaraatin furamaa ture.Malootni kunis mana murtii idilee yookaanmala HWF fayyadamuu ta'uu danda'a.Guddina hawaas-diinagdee Addunyaan yeroo ammaa irra jirtu kana keessatti dhimmoota hunda karaa sirna idilee (mana murtii idilee) qofaan furmaata kennuun hindanda'amu.Kanumarraa ka'uun yeroo ammaa biyyootni Addunyaa hedduun sirna hawaas-diinagdee fi guddina biyyaa irratti hundaa'un maloota waldiddaan ittiin furamu garagaraa fayyadamuun waldiddaawwan baasii xiqqaa fi yeroo gabaabaa keessatti furachaa jiru.

Jechi Hiiktuu Waldiddaa Filannoo (HWF) jedhu afaan Ingiliziin *Alternative Dispute Resolution* (ADR) jedhubal'aa fi maloota waldiddaa hiikuuf fayyadan kan mana murtii idileen ala jiran kan hammatuu dha[14]. Malootni kun waldiddaawwan manneen hojii mootummaa jidduutti ykn manneen hojii mootummaa fi qaama biroo jiddutti ykn dhaabbilee adda addaa ykn namoota dhuunfaa jidduu jiran dhimmoota garagaraa irratti uumaman hiikuu keessatti gahee ol'aanaa qabu.Akaakuwwan HWFgurguddoon sadii jiru; isaanis,waliigaliinsa (negotiation), waltaasisuu

(mediation/conciliation) ykn araara (arbitration).[15] Hojirra oolmaan mala HWF kunis addunyaa irratti yeroo gara yerootti dabalaa dhufeera.

Sirni haqaa idileen sirna bu'uuraa waldiddaan ittiin hiikamu yoo ta'u, sirni HWFimmoo sirna kana guutummatti bakka bu'uuf kan hundeeffamu osoo hin ta'in, sirna idilee guutuu taasisuuf kan dhaabbatedha.[16] Faayidawwan gurguddoon maloota HWF; Aadaa waliigaluun rakkoo furuu babal'isuu, baasii fi yeroo sirni idilee mana murtii fudhatu xiqqeessuuf, oomishtummaa guddisuuf, hariiroo daldalaa fi invastimantii keessatti uumaman ittii fufsiisuuf, Carraa murteessuu qaamolee waldhabaniif kennuu fi waldiddaawwan akkaataa dhimmaatiin haala salphaa ta'een furuuf gargaaru.[17]

2.2. Barbaachisummaa Hiiktuu Waldiddaa Filannoo

Qorannoowwan biyyoota garaagaraa keessatti taasifamanmala HWF ammayya'aa fi seeran deeggarame ijaaruun sirna haqaa biyyattii dhaqqabamaa taasisuu irra darbee guddina barbaaddamuuf gumaacha ol'aanaa taasisuu akka danda'u niagarsiisu.[18] Hiiktun Waldiddaa Filannoo kaayyoowwan garaagaraa galmaan gahuuf hojirra ooluu danda'u.Kana keessaa gurguddoon;Sirna idilee qarqaarun ol'antummaa seeraa mirkanessuu, sirnaa haqaa fooyyeessuu fi waldiddaawwan dhimmoota barbaachisaata'an irratti uumaman xiqqeessuu fi haala bu'a qabeessa ta'een hiikuuf hojirra ooluu danda'u.[19] Ol'aantummaa seeraa mirkanneessuuf hojirra yoo oolu; tajaajila manneen murtii ammayyeessuu, sirna haqaa dhaqqabamaa taasisuu, akkasumas dhimmoota haala bu'a qabeessa ta'een (yeroo fi baasii xiqqaan) akka furaman taasisuun faayidaa ummataa fi mootummaa akka kabajamuu taasisuu danda'a.[20]

Sirna seeraa biyya keenyaa keessattis HWF tiif iddoon kennameefii kan jiru ta'uu heeraa fi seerota biyyattii irraa hubachuun ni danda'ama. Heera Federaalawa Dimookiraatawa Rippaablika Itoophiyaa kewwata 37 jalatti mirga haqa argachuu lammiillee biyyattii haala ifa taheen kan kaa'e yoo ta'u, waldiddaawwan uumaman kumiyyuu karaa mana murtiin ykn mana murtiin ala qaama aangon murtii kennuu seeran kennameef kan biroo kamiinuu hiikkamuu akka danda'u kaa'ee jira.[21] Dabalataanis heerri kun keewwata 34 jalattii waldiddaawwan mirgoota dhuunfaa kanneen akka walitti dhufeenya daldalaa irraa maddan, fedhii qaamota waldhabanii irratti

[15] Caroline Harris 'The Alternative Dispute Resolution Act of 1998; Implementing a New Paradigm of Justice' (2001) Vol. 76 New York Univ. L.R. at p.1768
[16] Karl Mackie '*A Handbook of Dispute Resolution: ADR in Action'* (1991) p.3
[17] Henry J. Brown, and Arthur L. Marriot 'ADR Principles and Practice' (1993) p.5
[18] Lord Chancellor's Department (UK)'Justice as the Right Price, A Consultation Paper' (1998) p.17
[19] Conflict Management Group (Cmg) 'Alternative Dispute Resolution Practitioners Guide' (2006) p.9
[20] Akkuma olitti
[21] Olitti yaadannoo lak.2, kwt 37

hundaa'uun karaa seerota amantii ykn aadaatiin ilaallamanii hiikkamuu akka danda'an kaa'ee jira.[22]

Dabalataanis Heerri MootummaaNaannoo Oromiyaatis bifuma walfakkaatun keewwata 34(5) fi keewwata 37 jalattii waldiddaawwan uumamanmana murtii idileetin alatti karaawwan aadaa fi amantiitin ykn mala birootin hiikun akka danda'amu beekkamtii kenneefii jira.[23] Kanaafuu kewwatoonni heeraa olitti ibsaman kun waldiddaawwan mana murtiin alatti karaawwan akka HWF fayyadamuun hiikun bu'uura heeraa kan qabu ta'uu ni mul'isa.

Karaa biraatiin tumaalee seera hariiroo hawaasaa fi seera deemii falmii hariiroo hawaasaa keessatti hammatamanii fi labsiiwwan akka biyyaattis ta'ee akka naannoo oromiyaatti yeroo gara garaatti bahan irraa biyyattiin akkuma biyyoota biroo, fedhii maloota HWF hojirra oolchun sirna haqaa biyyattii dhaqqabamaa fi si'ataa taasisuu akka qabdu ni hubatama. Haata'umalee, biyyattii keessattis ta'ee akka Naannoo Oromiyaatti waldiddaawwan hiikuu keessatti maloota HWFtti dhimma bahuun dagaagee hin jiru.

Kan biraa manneen murtii biyyaa keenyaa bara 1940 irraa egalanii tajaajila kennaa jiru. Haata'uu malee, qorannoo yeroo gara garatti gaggeffameen akka yeroon barbaadutti fi hamma barbaaddamuun sirna haqaadhaqqabamaa fi si'ataa gochuun hin danda'amne.[24]Sirni haqaa biyyatti amaloota ittiin ibsamu keessa gurguddoon baay'ina dhimmootaa, yeroo dheeraa fudhachuu, baasii hedduu gaafachuu, dhaqqabamaa tahuu dhabuu, fi kkf dha.[25]

Kanaafuu, sirnaa haqaa qixa barbaaddamuun tajaajilaa hin jiree kana sirna mala filannoo waldiddaan ittiin hikkamuu diriirsuun deeggarsa gochuun murteessaa dha.Kana malees, biyya keenyas ta'ee naannon Oromiyaa biyyoota guddataa jiran fi investaroota hedduu harkisaa jiran keessaa isheetakka.Abbootin qabeenyaa fi investaroonni kunniin immoo sirna haqaa ammayyaa'aa fi yeroo gabaabaa keessatti fala kennu barbaadu.[26] Waldiddaa investimantii fi daldala keessatti uumaman bifa isaan barbaadaniin hiikunkan danda'amu, yoo sirni akka maloota HWF ijaarrame qofata'a jechuu dha.

[22]Olitti yaadannoo Lak 2, kwt 34(5)
[23]Caaffee Motummaa Naannoo Oromiyaa, 'Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe'[1994] Lak 46, kwt34(5)
[24] Elias N. Stebek & Murado Abdo, 'Law And Development; Legal Pluralism In Ethiopia, Justice And Research Institute' (1998) p.
[25] World Bank Group, '*Ethiopia: Equipping the Judicial System to Serve Justice'* (2021) P.2
[26]Mthuli Ncube, Charles Leyeka Lufumpa and Leonce Ndikumana, 'Ethiopia's Economic Growth Performance: Current Situation and Challenges, Economic Brief, (2010,) P.1

2.3. Muuxannoowwan Biyyoota Biroo

Biyyoota garagaraa keessatti malli HWFdhimmoota hariiroo hawaasaa manneen hojii yookiin dhaabbileen misooma mootummaa jiddutti ykn qaamota dhuunfaa giddutti uumame mana murtiin ala hiikuuf bal'inaan hojirra oolaa jira. Qorannoo IFC (International Finance Corporation) gaggeeffameen HWF waldiddaawwan hariiroo hawaasaa manneen hojii mootummaa ykn dhaabbilee misooma mootummaa ykn qaamota dhuunfaa jiddutti uumaman hiikuuf, biyyoota 140 ol keessatti hojirra oolaa jiraachuu agarsiisa.[27]

Biyyoota kana keessatti HWF adeemsota gurguddoo lamaan hojiirra oolaa jira; adeemsi jalqabaaHWF waldiddaa mana murtiin walitti hidhamuun kennamu(Justice Model or Court Annexed model) yoo ta'uu, inni lammaffaa HWF qaamota dhuunfaan kennamu(free market model) jedhamuu dha.[28]

Ministeera Haqaa ykn Abbaa Alangaa moodeelota lamaan kanneen aangoo fi gaheen keessatti qabu ;seerota mala HWF hojirra oolchuf gargaaran adda addaa baasuu fi fooyyessuu, wiirtuwwan HWF yeroo hundeeffaman heeyyama kennuu, too'achuu fi gabaasa raawwii isaanii fuudhuu, ogeessota HWF keessatti hirmaachuu barbaadaniif ulaagaa kaa'ame yoo guutan heeyyama kennuu, leenjii fi hubannoowwan HWF walqabatan kennuudha.[29] Biyyootni bifa kanaan HWF dhimmoota hariiroo hawaasaa Manneen Hojii Mootummaa ykn Dhaabbilee Misooma Mootummaa jiddutti ykn namoota dhunfaa jiddutti uumaman ittin hiikun sirna haqaa dhimma hariiroo hawaasaa mootummaa fi ummataa kabachiisu ijaaran keessaa biyyootni akka Kirooshiyaa, Kolombiyaa fi Biraaziil[30] akka fakkeenyatti fudhatamaniiru.

A. Kirooshiyaa

Kirooshiyaa keessatti waldiddaawwan hariiroo hawaasaa karaa HWF hiikun beekamtii seeraa argateera.[31] Qajeelfamni waltaasisuu kirooshiyaa keewwata 6 jalatti HWF waltaasisuu hojiirra kan oolu yoo gareen waldiddaan jiddutti uumamee lamaan irratti waliigalan(voluntary

[27]IFC/World Bank Group 'Alternative Dispute Resolution Manual; Implementing Commercial Mediation'(2006) Washington, DC, P.6
[28] Akkuma olii
[29] European Bank for Reconstruction and Development 'Comparative Study Of Legal And Institutional Frameworks And Best Practices On Commercial Meditations For Republic Of Serbia' (2021) P.30
[30] Laurence Boulle 'Mediation: Principles, Process, Practice' (2011), p.7 It emphasize that ADR contributes necessary functions to the modern justice system, including the opportunity for broader justice through the wide and encompassing resolution of disputes that it can provide, and is clearly established as an essential component of the modern justice system.
[31]Olitti yaadannoo lak.29. Fuula 115

mediation) fi yoo seeran dirqama ta'ee (mandatory mediation) kaa'ameedha.[32] Furtuun filannoo waltaasisuu kun karaalee dirqama hojiirra ittiin ooluu keessaa tokko waldiddaawwan Manneen Hojii yookiin Dhaabbileen Misooma Mootummaa ta'an jiddutti ykn qaama biroo waliin yoo qabatan ta'uu seera demsaa falmii biyyaattii keessatti kaa'amera.[33]

Kirooshiyaa keessatti bara 2019 booda wiirtuwwan dhuunfaa hedduun hundeeffamanii jiru.[34]Kanarraa ka'uun gareen kamuu himata qaamolee mootummaa Kirooshiyaa kamuu irratti banuu yoo barbaade, osoo himata hin hundeessin dura qaama mootummaa sadarkaan jiran dhimmicha irraatti aangoo qaban mariisisuu qaba.[35]Akka qajeelfama waltaasisuu Kirooshiyatti dhimmoonni daldalaa, HH, hojjataa fi hojjachisaa fi waliigaltee kamiyyuu gareen laman mirga murteessuu qaban dursa adeemsa HWFdhimmicha ilaallachuu qabu.[36] Sirni kun baay'ee guddachaa deemun yeroo dhibeen koranaa(Covid-19) uumamee irraa eegalee immoo 'online mediation' hojiirra oolchaniiru.[37]Kanaafuu manneen murtii Kirooshiyaa himannaa qaamolee mootummaa irratti dhiyaatu jalqaba osoo HWF hin ilaalamin simatanii hin ilaalan.Kana keessatti gaheen Ministeera Haqaa biyyaattii wirtuuwwan HWF galmeessun heeyyama kennuu, seerota baasuu fi hubannoo kennuudha.

B. Kolombiyaa

Kolombiyaa keessatti HWF dhimmoota hariiroo hawaasaa hiikuf hojiirra akka ooluf, Heera biyyattii bara 1991 baheen beekamtiin kennameefii jira.[38] Heera biyyattii fi hojmaata yeroo ammaa jiru irraa akka hubatamutti biyyattii keessatti maloota HWF dhimmoota hariiroo hawaasaa ittiin hiikamu keessaa beekamtii kan argatan mala wal-taasisuu (mediation/conciliation) fi mala jaarsummaa (arbitration) dha. Dabalataanis dhimmootni hariiroo hawaasaa fi dhimmootni daldalaa qaama kamiyyuu (Manneen Hojii Mootummaa ykn Dhaabbileen Misooma Mootummaa ykn namoota dhunfaa)jiddutti umamu mana murtiitti dhiyaachun dura jalqaba mala HWF ilaalauu qabu.[39] Gareen falmii kana keessatti hirmaatu

[32]The Mediation Act of Crotia (Zakon Omirenju). Art. 6
[33]The Civil Procedure Act Of Crotia, No.70/19 (as amended in 2019), Art. 186(d)(7)
[34] Akkuma oliitti
[35]Olitti yaadannoo Lak 33, Art. 186(d)(7)
[36] Olitti yaadannoo Lak 32
[37]Olitti yaadannoo Lak 29, p.118
[38]International Bar Association 'Arbitration Guide of Colombia'(2012), p.9
[39] De la Campa, A. A.'The Private Sector Approach to Commercial ADR: Commercial ADR Mechanisms in Colombia' (2008) World Bank Group,p.44

murtii kennamu irratti kan waliigalan yoo ta'e, murtichi akka murtii dhumaatti fudhatama. Mannen murtiis murtiin dhiyaate seera qabeessa ta'uu yoo hubaatan ni raawwachisu.[40]

Namotni wal-taasisaa tahuun taajajilan ogeessota seeraa yoo ta'an, tajaajilli kunis Wiirtuwwan HWFdhaabbilee mootummaa garaagaraa;kanneen akka yunivarsitii fi bulchiinsa magaalaa jalatti wiirtuu hundessuun kan kennamuu dha.[41] Gama biraati Kolombiyaa keessattis gaheen Ministeera Haqaa biyyattii seerota baasuu fi fooyyeessuu akkasummas, wiirtuwwan HWF biyyattii keessatti argamaniif heeyyama kennuu, too'achuu fi leenjiii kennuu akka ta'e ibsameera.[42]

C. Biraaziil

Biraazil keessatti falmiiwwan hariiroo hawaasaa dafanii xumuramaa waan hin turreef, Kongirasiin Biraziil bara 1996 seera jaarsummaa tumuun bal'inaan malli HWF hojiirra akka ooluu fi dhimmootni hariiroo hawaasaa mala kanaan akka ilaalaman taasiseera.[43] Kun immoo qabeenya mootummaa qisaasaama gara garaa irraa hanbisuu fi investaroota fi daldaltootaf haala mijaawaa uumuun guddinni diinagdee biyyaatis akka ariifatu kan gargaaru ta'uun ibsameera. Kana milkeessuf immoo seerichi waldiddaawwan hariiroo hawaasaa Manneen Hojii Mootummaa ykn Dhaabbilee Misooma Mootummaa (public contaracts and public bids or public-private partnership) wal-qabatan kamiyyuu dursa kan ilaalaman dirqamaa jaarsumman ilaalamuu qabu.[44]Manni murtiis murtii jaarsumman kennaman kan rawwachisuu yoo ta'uu, garuu akkataa seera jaarsumma biyyattiitin siirrii kan hin tanee yoo ta'e, murticha haquu danda'a.[45] Biraazil keessattis gaheen Ministeera Haqaa wiirtuwwan mala HWF biyyattii keessatti argamaniif heeyyama kennuu, too'achuu fi hojii hubannoo kennuu hojjachuudha.

D. Muxxannoo Ameerikaa

Ameerikaan biyyoota sirni HWF keessatti eegalamanii fi saffissaan itti guddate keessaa ishee hangafaati.[46] Ministeerri Haqaa Ameerika waajjiralee fi biirolee of danda'anii dhaabbatan 40 ol of jalattii kan hamattee dha. Ministeera Haqaa jalatti Waajjira Falmii (department of litigation) kan jedhamu dhimmoota hariiroo hawaasaa fi yakkaa dantaa ummataa fi Mootummaa Federalaa

[40] Decree 1818 of 1998 of Colombia, Art. 1
[41] Olitti yaadannoo Lak 39
[42]Law 23/91, art.93; Decree 1818/98, art. 125
[43]Brazil Arbitration Law Law No. 9.307 (1996)
[44]Brazil Arbitration Law Law No 11.079(2004)
[45] Olitti Yaadannoo Lak 43 , Kwt32 fi 33
[46]Kristen Blankley,Kathleen Claussen& Judith Starr' Alternative Dispute Resolution In Agency Administrative Programs' (2021)p.4

qaban hunda irratti himanna dhihessuu fi falmu irrattii aangoo guutuu qaba.[47] Bara 1990 Koongiresiin Ameerikaa seera Hiiktuu Waldidaa Filannoo Bulchiinsaa (Administrative Dispute Resolution Act of 1990 (ADRA))' jedhamu baaseera.

Kaayyoon seera kanaa manneen hojii mootummaa Feederaalaa (Ministeera Haqaas dabalatee) waldiddaawwan bulchiinsaa fi HH isaan jidduutti ykn qaamolee mootummaa biroo waliin ykn namoota dhuunfaa waliin qaban fala kennuf, HWF hojiirra akka oolchan kan aangessuu dha. Seerri kun manneen hojii mootummaa ogeessa HWF (Alternative Dispute Resolution Specialist) akka qabaatan kan dirqisiisuu dha.[48] Gaheen ogeeyyii kanaas:[49]

- ✓ Hiiktuu waldiddaa filannoo irratti leenjii kennuu
- ✓ Dhimmoota HWF hiikamuu danda'an adda baasuu
- ✓ Tooftaalee HWF keessaa haala qabatama fi kaayyoo mana hojichaa waliin ilaaluun hojiirra ooluu danda'uu adda baasuu
- ✓ Manneen hojii HWF bal'inaan akka hojiirra oolchan hubannoo kennuu fi yaada dhiheessuu fa'a.

Ministeera Haqaa dabalatee manneen hojii mootummaa waldiddaawwan bulchiinsaa aangoo isaaniif kennaman irraa madduun qaamota kamuu waliin isaan mudatan irratti HWF hojiirra oolchuuf aangeffamaniiru.[50] Haa ta'u malee, malli HWF hojiirra kan oolu, yoo fedhiin guutun qaamota waldiddaan jiddutti uumamee jiraatee dha.Tooftaalee HWF keessaa walta'iinsi (mediation) baay'inaan manneen hojii mootummaa Feederaalaa 25 ol keessatti waldiddaawan uumaman furuuf hojiirra ooleera. Ogeeyyiin walta'iinsa kana keessatti hirmaatan ogeeyyii seeraa yoo ta'an, hanga yaada furmaataa dhiheessuutti deemu.[51]Ameerikaa keessatti Ministeera Haqaa jalatti Waajjirri Hiiktuu Waldiddaa Filannoo (Office of Dispute Resolution (ODR) jedhamu bara1995 qajeelfama Lak 160.1 jedhamuun hundeeffameera. Kaayyoon guddaan waajjira kanaa:[52]

- ➢ Waldiddaawwan HH fi bulchiinsaa qaamoleen mootummaa Feederalaa keessatti argaman karaa HWFtiin furmaata akka argatan taasisuu

[47]Office of Dispute Resolution (ODR), General Legal Activities Office of Dispute Resolution (ODR), (2011) p.2
[48]Akkuma Olii
[49]Olitti Yaadannoo Lak 46,fuula 5
[50]Michael Asimow, Best Practices for Administrative Hearings Outside the Administrative Procedures Act(2019) L. Rev. P.8
[51] Olitti yaadannoo Lak 46, fuula 5
[52]Olitti yaadannoo Lak 47, fuula 4

- HWF qaamolee mootummaa Feederaalaa fi Ministeera Haqaa keessatti bal'inaan akka hojiirra oolan hojjachuu,

Ministeerri Haqaa dabalataanis, Waajjira Hiiktuu Waldiddaa Filannoo jedhamuu jalatti garee manneen hojii Feederaalaa jiddutti mala HWF irratti hojjatu'Interagency ADR Working Group' jedhamu hundeessee jira.[53] Gaheen garee kanaas;[54]

- Manneen hojii mootumma HWF akkamittii fi maal fa'a irratti akka fayyadaman leenjii kennuu
- Manneen hojii fi dhaabbilee misooma mootummaa jiddutti mala Hiiktuu waldiddaa filannoo guddisuu
- karaa websaayitiin seerota fi qajeelfamoota HWF manneen hojii mootummaaf yeroo yeroon dhiheessuu
- HWF irratti hubanno qaamolee mootummaaf dhaabbilee dhuunfaa fi hawaasaa bal'aaf kennuu.
- Seerota HWF fi hojirra oolmaan HWH sadarkaa irra gahe yeroo yeroon, qorachuun yaada fooyya'iinsaa Ministeera Haqaatiif dhiheessuu.
- Qaamoleen mootummaa HWF sirnaan itti fayyadamuun kaayyoo yaadameef san milkeessaa jiraachuu isaanii sirritti adda baasuun yaada fooyya'iinsaa dhiheessuu

E. Filippiinsi

Filippiinsi keessatti waldiddaawwan hariiroo hawaasaa mana murtii idileetti dhiyaatan waan baay'ataniif, murtii argachuuf yeroo dheeraa fi baasii guddaa gaafatu. Mootummaan biyyattiis rakkoo kana furuu fi sirna haqaa biyyattii fooyyessuuf HWF hojirra akka oolu taasiseera.[55]Kana milkeessufis 'Labsii Waldiddaa Hariiroo Hawaasaa Manneen Hojii Mootummaa yookiin Dhaabbilee Misooma Mootummaa Jiddutti Uumamu hiikuf oolu Lakkoofsa 242/2015 jedhu baasuun hojirra oolchaniiru.[56] Kaayyon labsii kanaas Manneen Hojii Mootummaa ykn Dhaabbileen Misooma Mootummaa waldiddaa isaan jiddutti uumamu yeroo gabaabaa fi baasii xiqqaan haala faaydaa ummataa fi mootummaa eegsiseen furuun aadaa mala HWF akka

[53]Olitti yaadannoo lakk,46, fuula 6
[54]Olitti yaadannoo Lak 46, fuula 13
[55] Institute of Developing Economies, 'Alternative Dispute Resolution in Philippines'(2002) Asian Law Series no.18, p.15
[56] Republic Of The Philippines Department Of Justice 'Uniform Rules on Dispute Resolution under P.D' (2015), (No. 242)

dagaaguu gochuu dha.[57] Labsiin kun Manneen Hojii ykn Dhaabbilee Misooma Mootummaa jedhaman hunda irratti raawwatiinsa kan qabu yoo ta'u, garuu mana murtii waliigalaa, Komishiinii Heera fi qaamolee mootummaa gara gadii (Local Government Units) irratti raawwatiinsa hin qabu.[58] Haaluma kanaan, qabxiilen armaan gadii labsii kana keessaa dhimmoota akka muuxannootti ilaallamuu danda'anii dha;

Labsii kanan qaamotni mootummaa waldiddaawwan Manneen Hojii Mootummaa ykn Dhaabbilee Misooma Mootummaa jiddutti uumaman akka ilaalan aangeffaman sadii yoo ta'an, isaaniis:

- Waajjira Barreessaa Biiroo Haqaa (Office of the Secretary of Justice (OSEC), Waajjira Solisitorii Waliigalaa (Office of the Solicitor General (OSG)) fi Waajjira Gorsaa Dhaabbilee Misooma Mootummaa (Office of the Government Corporate Counsel) kan jedhamanii dha.[59]
- Malootni HWF hojiirra oolanis mala waltaasisuu dirqamaa (Mandatory mediation/conciliation) fi mala jaarsummaa (arbitration) dha. Adeemsi malli hiiktuu waldiddaa filannoo kun hojirra ittiin oolu immoo:
    - ✓ Jalqaba irratti Manneen Hojii ykn Dhaabbileen Misooma Mootummaa waldiddaan isaa akka ilaalamuuf barbaadu koomii isaa ni dhiyeeffata.[60]
    - ✓ Waldiddaan kan hiikkamu garee manneen murtii bulchiinsaa fakkaatu (Ad-hoc Admistrative Tribunal) kan yeroma komiin dhiyaate booda hundeeffamuun ta'a.[61] Gareen kunins komii kana erga fuudhanii booda qaamni komatame guyyaa 15 keessatti deebii akka itti kennu taasisu.
    - ✓ Kana booda Manneen Hojii yookiin Dhaabbileen Misooma Mootummaa waldiddaan jiddutti uumame kun garee hundeeffame kana biratti dhiyaachun maarii dirqamaa (mandatory mediation) ni taasisu.[62] Gareen kun marii kanaan ijoowwan irratti waliigalanii fi waliihingalin adda baasun dhimmoota irratti walii hin galin irratti dhagaha(hearing) taasisuun murtii kenna.[63]

[57] Akkuma olii
[58]Olitti Yaadannoo 56, Rule 8 Section 8.1
[59]Olitti Yaadannoo Lak 56, Rule1 Section 1.3.
[60]Olitti Yaadannoo Lak 56 Rule 2 Section 2.1
[61]Olitti Yaadannoo Lak 56,Rule 1 Section 1.3.
[62]Olitti Yaadannoo Lak 56 , Rule 2 Section 2.5
[63]Olitti Yaadannoo Lak 56, Rule 2 section 2.13

- ✓ Haata'umalee murtiiwwan garee Waajjira Waliigalaa (Office of the Solicitor General (OSG)) fi Waajjira Dhaabbilee Misooma Mootummaa (Office of the Government Corporate Counsel (OGCC)) jedhamuun kennaman mirkanaa'uf, gara Waajjira Barreessaa Biiroo Haqaa(Office of the Secretary of Justice (OSEC)) tti ergamuu qabu.
- ✓ Waajjirri Barreessaa Biiroon Haqaas murtii kana ilaaluun cimsuu, fooyyeessuu ykn haquun murtii biraa kennuu danda'a. Murtiin Waajjira Haqaatin kennamu kunis murtii dhumaa waan ta'eef, kallattiin akka raawwatamu ajajni ni kennama. Murtii kana irratti ol'iyyannoon Waajjira Piresidaantii biyyattiitti dhiyaachuu danda'a.[64] Tajaajilli kunis dhaabbilee mootummaa, miti-mootummaa fi nama dhuunfaa qaama aangoo qabu irraa heeyyama argateen kennamuu akka daanda'u labsichi kaa'eera.[65]

Gama biraatin Mootummaan qaama dhimma kana hordofu Ministeera Haqaa jalatti 'Waajjira Mala HWF(Office for Alternative Dispute Resolution)' jedhamu huundeseessun hoojiiwwan akka heyyama kennuu, ulaagaa heyyamni ittiin kennamu qopheessun hojirra oolchuu, hojirra oolmaa HWF irratti qorannoo gaggeessuu fi leenjii fi hubannoo kennu muudeera.[66]

2.4. Muuxannoowwan Biyya Keessaa

Itoophiyaan biyya waldiddaawwan karaa mala aadaan hiikuu dagaage qabdu dha. Haa ta'u malee, hanga seerri Hariiroo Hawaasaa fi Seerri Demsa Falmii Hariiroo Hawaasaabahanitti sirna seeraa HWF too'atuu fi hojirra oolchu hin qabdu.[67] Seerotni kunis HWFf beekamtii kennuun wiirtuwwan mala hiiktuu waldiddaa filannoo muraasni akka hundeeffaman taasiseera.

A. Muuxannoo Mootummaa Federaalaa

Wiirtuwwan biyyaatti keessatti argaman lakkoofsan baay'ee xiqqaa fi hojmaatni isaanis akka barbaadamutti kan dagaage miti.Wiirtuwwan kunis Ethiopian Arbitration and Conciliation Centre (EACC) fi Arbitration Institute of the Addis Ababa Chamber of Commerce and Sectorial Associations (AACCSA) kan jedhamanii dha.[68] Gama biraatin wiirtuwwan kun dhimmoota daldalaan walqabatan irratti kan hojjatan yoo ta'u, dhimmoota dantaa mootummaa fi ummataa of

[64]Olitti Yaadannoo Lak 56, Rule 6
[65]Republic of the Philippines 'Alternative Dispute Resolution Act' (2004), Section 3(b)
[66] Akkuma olitti , section 49-50
[67] The Civil Code of The Empire of Ethiopia, Proclamation No. 165/1960, Negarit Gazeta, 19th Year No.2 and Civil Procedure Code of The Empire of Ethiopia, Decree No. 52/1965, Negarit Gazeta, 25th year No.3
[68] Alemu Balcha, 'The Place Of Multiparty Commercial Arbitration Under Ethiopian Arbitration Law' (2020), Vol.9, No.1, Oromia Law Journal

keessaa qaban kan akka waldiddaawwn Manneen Hojii Mootummaa fi Dhaabbilee Misooma Mootummaa jidduu jiran wiirtuun ofitti fuudhee ilaalu hin hundeeffamne.Kanaafuu, biyyoota biroo waliin yoo ilaallamu sirni HWF biyya keenya keessa jiru kan hin dagaaginii fi biyyattiinis faayidawwan mala HWF kana irraa argachuu malte argachaa kan hin jirre ta'uun ni hubatama.

Kanarraa ka'uun, yeroo ammaa mootummaan dhimmoota kanaaf xiyyeeffannoo kennuun akka Federaalaatti labsii 'Adeemsa Hojii Jaarsummaa fi Waltaasisuu' jedhu labsii Lak 1237/2013 ta'e baasuun hojirra olcheera.[69] Labsiin kun seensa isaa irratti barbaachisummaa fi faayidaa HWF haala ifaa ta'een kaa'eera.[70] Daangan raawwatiinsa isaas waldiddaawwan hariiroo hawaasaa fi daldala irraa maddan irraatti ta'uun kaa'ameera.[71] Wiirtuwwan HWF mootummaan ykn dhaabbilee dhunfaan hundeeffamuu akka danda'anis ibsameera.[72]

Labsii kana keessatti Aangoo fi gaheen Ministeerra haqaa akka ibsametti Ministeerichi wiirtuwwan HWF duraan turanii fi kanaan booda hundeeffamaniif heeyyama kennuu, haaromsu too'achuu fi hordoofu akka danda'u aangeffameera.[73] Karaa biraatin manneen murtii labsii jaarsummaa Lak 1237/2013 yoo heyyameefin alatti dhimmoota mala HWF ilaallamanii jiran keessa seenu akka hin dandenye tumamera.[74] Murtiin mala jaarsummaan kennamuu dirqiisiisaa waan taheef gareen akka raawwatamuuf barbaadu mana murtii aangoo qabutti dhiheeffachuun raawwachifachuu danda'a.[75]

Karaa biraatin labsichi gareen waldiddaan jiddutti uumame mala waltaasisuu (conciliation) jedhamuunhiikuuf waliigaluu akka danda'an aangesseera.[76] Gareen waldiddaan jiddutti umame lamaan yoo waliigaltee irra gahan waliigaltee kana barreeffamaan gochuu akka qaban tumameera.Waliigalteen kunis akka murtii dhumaa fi dirqisiisaatti fudhatamuun kan raawwatamu ta'a.[77]

Karaa biraatiin labsiin Manneen Hojii Mootummaa Feederaalaa tokko tokko HWF(ADR)kanaaf beekkamtii kennaniiru.Labsiin Manneen Murtii Federaalaa Lak 1234/2013 kewwata 45 jalatti mala HWF keessaa waltaasisuu (conciliation) dhimmoota hariiroo hawaasaa manneen murtii Federaalaa sadarkaa jalqabaa fi manneen murtii federaalaa Ol'aanaa irratti dhiyaatan irratti

[69] House of People's Representatives Arbitration and Conciliation, Working Procedure Proclamation'[2021] (no.1237)
[70] Akkumaq oliitti, seensa
[71]Olitti yaadannoo Lak 69, Kwt 3
[72] Olitti yaadannoo Lak 69, Kwt 2(3)
[73] Olitti yaadannoo Lak 69, Kwt18
[74] Olitti yaadannoo Lak 69, Kwt5
[75] Olitti yaadannoo Lak 69, Kwt51
[76] Olitti yaadannoo Lak 69, Kwt54
[77] Olitti yaadannoo Lak 69, Kwt 69

raawwatinsa kan qabu ta'uu ka'eera.[78] Kanaafis wiirtun waltaasisuu manneen murtii kanaan walitti hidhatee (court annexed mediation centre) akka hundeeffamu tumeera.Manneen murtii kun dhimmoota hariiroo hawaasaa isaan biratti dhiyaatan kamiyyuu ilaaluun duratti dirqama gara wirtuu kanaatti erguu qabu. Gareen waldiddaan jiddutti umaame lameen marii wiirtuu kanaan gaggeeffameen yoo waliigalan murtichi akka murtii dhumaatti fudhatamuun dhaddacha galmeen itti dhiyaate kanaan kan raawwatamu ta'a.[79]

Labsii Abbaa Alangaa Waliigala Federaalaa (Ministeera Haqaa ammaa) hundeessuuf bahe Labsii Lak 943/2008,[80] jalatti Abbaan Alangaa Waliigala Federaalaa waldiddaa manneen hojii mootumma jiddutti uumame mala kamiin akka furamuu akka qabu ni muteessa jedha.Labsiin kun, aangoo hundee dubbii ilaaluun waldiddaa hariiroo hawaasaa manneen hojii mootummaa federaalaa giddutti uumame irratti murtii kennuu Ministeera Haqaatiif hin kennine ture.Haa ta'umalee Labsiin Qaama Raawwachiiftuu Mootummaa Federaalaa hundeessuuf bahe Labsii Lak 1263/2014, aangoo Ministeerri Haqaa dhimmoota waldiddaa hariiroo hawaasaaManneen Hojii Mootummaa Federaalaa giddutti uumamu irratti qabu fooyyesseera.Kunis waldiddaa hariiroo hawaasaaManneen Hojii Mootummaa federaalaa giddutti uumamu qoratee murtii kennuu ni danda'a jechuun aangoon guutuun Ministeera Haqaatiif kennamee jira.[81]

B. Muuxannoo Naannoo Amaaraa

Gahee Abbaan Alangaa Waliigalaa Naannoo Amhaaraa waldiddaawwan hiikuu keessatti qabuun walqabatee Labsiin Abbaa Alangaa WaliigalaaNaannoo Amaaraa Hundeessuf Bahe Labsii Lak 263/2011, dhimmoota hariiroo hawaasaa dantaa mootummaa fi ummata naannichaa qaban hunda keessaa galuu akka danda'u aangoon kennameefii jira.[82] Kunis mirgaa fi dantaa mootummaa fi ummata naannichaa kabachiisuuf manneen hojii mootummaa naannichaa, akkaataa barbaachisummaa isaatti bakka bu'aa ta'ee himata hariiroo hawaasaa ni hundeessa; ni falma; deebii ni kenna; dhimmoota falmiin jalqabame gidduu seenuudhaan ni falma; murtii kenname bu'uura seeratiin ni raawwachiisa jechuun seeraan aangeffameera.Dabalataanis waldiddaawwan Manneen Hojii Mootummaa ykn Dhaabbilee Misooma Mootummaa naannichaa jiddutti yoo uumaman Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa Naannoo Amhaaraa mala HWF keessaa mala

[78] House of People's Representatives , Federal Courts Proclamation [2021] (No.1234) Art. 45(1)
[79] Akkuma oliitti kwt, 45(2-5)
[80] House of peoples Representative, 'Federal Attorney General Establishment Proclamation' [2016), (No.943) Art.6(4)(d)
[81]House of Peoples Representatives,'Definition of Powers and Duties of the Executive Organs Proclamation'[2021](No.1263), Art.40(2)(A).
[82]Council of the Amhara National Regional State,'The Amhara National Regional State Office of Attorney General Establishment Proclamation' [2011] (No. 263),Art 8

waliigaluu ykn marii (negotiation) fayyadamuun akka waliigaluun hiikan ni deeggara. Waliigaltee irra yoo gahame bu'aan waliigaltee akkaataa waliigalteetiin akka raawwatamuu kan hordofus tahuun kaa'ameera.[83] Labsichi hojirra oolmaa aangoo BAAWNA tiif kenname kanaafis dambiin ykn qajeelfamni kan bahu ta'uu kaa'us hanga ammaatti danbiin ykn qajeelfamni bahee hin jiru.

Walumaagalatti, muuxannoowwan olitti ibsaman kun kallattiidhaan biyya keenya keessatti hojirra kan oolan ta'uu baatanis, mala HWF fayyadamuun faaydaa akkamii akka qabuu fi qabeenya mootummaas ta'ee kan ummataa qisaasama hin malle irraa hambisuuf iddoo ol'aanaa qabaachuu isaa ni hubatama. Dabalataanis guddina hawaas-diinagdee biyyi keenya keessa jirtu waliin yoo laallamu keessayyuu dhimmoota Manneen Hojii Mootummaa fi Dhaabbilee Misooma Mootummaa sirna idileetiin akka laallaman gochuun bu'aa caalaa miidhaa kan qabuu dha. Biyyi takka kaayyoo fi faayidaa HWF argamsiisuu danda'uu fi haala biyyattii irratti hundaa'un akaakuwwan HWF jiran keessaa filachuu dandeessi. Kun immoo sababaa HWF filatameef. bu'aa argamuu danda'u, gamanumaa tilmaamun akka danda'amuu godha.[84]

Akka biyya keenyaattis ta'ee akka naannoo Oromiyaatti qabatamni jiru; haalli guddina biyyattii, siyaas-diinagdeen amma jiru, muuxannoowwan biyyoota olitti laallamanii kana hojirra oolchuuf kan dandeessisu miti. Kanumarraa ka'uun seerotni keenya kan akka biyyaatti jiranii fi kan akka naannotti jiranis HWF Manneen Hojii Mootummaa fi Dhaabbilee Misooma Mootummaa keessatti fayyadamuun barbaachisaa ta'uu itti amanuun, dhimmoota HH dantaa mootummaa fi ummataa irratti Ministeera Haqaa ykn BAAWO aangessanii jiru.

[83] Akkuma Olii,Kwt 8(G)

[84] Sander & Rozdeiczer,'Matching Cases and Dispute Resolution Procedures: Detailed Analysis Leading to a Mediation-Centered Approach' (2006) Harv Negot L Rev 1 , p.2

BOQONNAA SADII

XIINXALA DAATAA

3.1. Aangoo fi Gahee Biiroon Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa Waldiddaa Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Karaa Mala Hiiktuu Waldiddaa Filannootiin Furuuf Qabu:

Akka waliigalaatti, BAAWO dhimmoota yakkaa cinatti, dhimmoota hariiroo hawaasaa dantaa mootummaa fi ummataa qaban irrattis aangoo fi gahee bakka bu‟ee falmii gaggeessuu akka qabu ni beekkama. Aangoon kun immoo erga Labsiin Lakk.214/2011 caffeen tumee asitti dhimmoota heddu irratti daran dabalamee kan kennameef ta'uun isaa labsima irraa ni hubatama. Akkaataa labsii kanaatiin aangoo fi gaheen BAAWO qabu, manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa ykn jaarmiyaalee ummataa bakka bu‟ee falmii gaggeessuu, namoota himannaa HH banuuf humna dhaban kanneen akka daa'immanii, dubartootaa, qaama miidhamaa fi manguddoota bakka bu‟ee falmuu fi akka falmamu taasisuu, namoota gocha yakkaatiin miidhaan irra gaheefi falmii gaggeessuu fa'a kan dabalatuu dha. Dhimmoota kanneen irratti mala hiiktuu waldiddaa filannoo fayyadamuun furmaata kennuun walqabatee seeraa fi qabatamni jiru maal akka ta'e boqonnaa kana keessatti kan xiinxalamee dha.

3.1.1. Manneen Hojii ykn Dhaabbilee Misooma Mootummaa fi Qaama Biroo Gidduutti Waldhabdee Uummamu irratti Aangoo BAAWO

Mata duree kana jalatti kan ilaallu, waldiddaa manneen hojii mootummaa ykn dhaabbilee misooma fi qaama biroo (dhaabbata/nama dhuunfaa) gidduutti uumamu haala kamiin karaa hiiktuu waldiddaa filannootiin furmaata argachuu qaba kan jedhuu dha. Karaa biraatiin falmiin qaama mootummaa/jaarmiyaalee ummataa fi qaama kannaan alaa ta'e kamiiyyuu ta'e tokko gidduutti ummamuun walqabatee seerrii fi qabatamni maal fakkaata kan jedhu as jalatti kan xiinxalamuu dha. Tumaan seeraa dhimma kanaaf ka'umsa nuuf ta'u, haala armaan gadii kanaan kan tumamee dha.

"Mirgaa fi dantaa ummataa fi mootummaa kabachiisuuf Manneen Hojii fi Dhaabbilee Misooma Mootummaa Naannichaa, akkaataa barbaachisummaa isaatti jaarmiyaalee ummataa bakka bu'iinsa kamiyyuu dhiyeessuun osoo hin barbaachisiin bakka bu'aa ta'ee himata hariiroo

hawaasaa ni hundeessa; ni falma; deebii ni kenna; dhimmoota falmiin jalqabame gidduu seenuudhaan ni falma; murtii kenname bu'uura seeraatiin ni raawwachiisa"[85]

Tumaa seeraa kana irraa hubachuun akka danda'umutti, BAAWO caasaalee isaa sadarkaan jiran waliin ta'uun, mirgaa fi dantaa mootummaa fi ummataa kabachiisuuf dhimmoota hariiroo hawaasaa kamiiyyuu irratti manneen hojii mootummaa, dhaabbilee misooma mootummaa fi jaarmiyaalee ummataa bakka bu'uun falmii seeraa gaaggeessuu akka danda'u aangoon kennameefi jira. Dhimmoota hariiroo hawaasaa kana irratti himata hundeessuu, deebii kennuu, falmii calqabame immoo jidduu seenuun falmuu fi murtii kennames hordofee raawwachiisuu akka danda'u ifaan tumamee jira. Tumaa seeraa kana irraa akka hubatamutti dhimmoonni akkasii manuma murtii idileetti kan dhiyaatan akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Kana malees, BAAWO dhimmichi sadakaa waldiddaa fi falmii bira osoo hin dhaqqabin yeroo qaamni mootummaa naannichaa tokko qaama biroo waliin waliigaltee taasisu seeraa qabeessummaa isaa akka xiinxalu; gorsuu fi deeggarsa seeraa kennuu qabu kan tumamee dha. kunis haaluma armaan gadii kanaan kan ibsamuu dha:

"*Waliigalteewwan manneen hojii fi dhaabbilee misoomaa mootummaa naannichaa qaama biroo waliin taasisan ilaalchisee seeraa qabeessummaa isaa ni xiinxala; gorsaa fi deeggarsa seeraa ni kenna; raawwiin isaa Qajeelfama Manni Maree Bulchiinsaa baasuun kan murtaa'u ta'a"*[86]

Tumaa seeraa kana irraa hubachuun akka danda'amutti, BAAWO falmii HH gaggeessuun akkuma jirutti ta'ee, waliigalteewwan manneen hojii fi dhaabbileen misooma mootummaa Naannoo Oromiyaa qaama biroo waliin taasisan seera qabeessummaa isaa xiinxaluun, gorsaa fi deeggarsa seeraa kennuuf aangoo fi gahee hojii kan qabuu dha. Yeroo ammaa qabatama jiru yoo ilaalles, Naannoo Oromiyaa keessatti waliigalteewwan qaamni mootummaa taasisu kamiiyyuu karaa abbaa alangaatiin xiinxalamee yaanni irratti kennamuu akka qabu seerichi kan ifaan tumee waan ta'eef, hojiin gama kanaan hojjatamaa kan jiruu dha. kaayyoon tumaa seeraa kunis waliigalteewwan taasifaman martinuu karaa BAAWO tiin kan gulaalaman yoo ta'e, dantaa

[85]Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa,'Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa Lakkoofsa 214/2011 Fooyyeessuuf Bahe,'[2013] (Lak.236) Kwt2(9). Kewwatni Kun Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Hundeessuuf Bahe, Labsii Lak 214/2011, Kwt 7(37) kan fooyyesse yoo ta'u, kunis "mirgaafi dantaa ummataafi mootummaa kabachiisuuf manneen hojiifi dhaabbilee misooma mootummaa naannichaa, akkaataa barbaachisummaa isaatti jaarmiyaalee ummataa bakka bu'ee himata hariiroo hawaasaa ni hundeessa; ni falma; deebii ni kenna; dhimmoota falmiin jalqabame gidduu seenuudhaan ni falma; murtii kenname bu'uura seeraatin ni raawwachiisa." yeroo BAAWO qaama mootummaa bakka bu'ee falmii gaggeessuuf mana murtiitti dhiyaatu manneen murtii biirichi bakka bu'ummaa akka dhiyeessu gaafataa waan turaniif, kun immoo hojii irratti rakkoo uumaa waan tureef, keewwatichi akka fooyya'u ta'eera. Kanaafuu, BAAWO dhimmoota manneen hojii fi dhaabbilee misooma mootummaa kamiyyu bakka bu'ummaa dhiyeessuun osoo hin barbachisin mana murtiitti dhiyaatanii falmii akka taasisu kan aangessee dha.

[86] Olitti Yaadannoo Lak 9, Kwt7(38).

mootummaa karaa fooyyee qabuun akka eeggamuu fi adeemsa keessa waldiddaan kan uumamus yoo ta'e, dhimmiichi ulaagaa seerri gaafatu guuttachuun dantaan mootummaa fi ummataa akka eeggamuu fi falmii keessattis dantaan mootummaa fi ummataa karaa bu'a qabeessa ta'een akka eeggamu kan taasisuu dha.

Aangoo BAAWO manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa ykn jaarmiyaalee ummataa bakka bu'ee falmii gaggeessa yoo jennu akkuma armaan olitti ibsame qaama mootummaa tokko fi qaamaa miti mootummaa (nama dhuunfaa ykn dhaabbata) gidduutti waldiddaan yoo uumame falmii gosa kamiiyyuu haa ta'uu, manneen hojii mootummaa ykn dhaabbata misoomaa mootummaa ykn jaarmiyaalee ummataa bakka bu'ee qaama biroo waliin falmii gaggeessuu akka danda'u tumaa seeraa kana irraa ifaa dha.

Tumaa seeraa armaan olitti ibsame kana bal'ifnee yoo hiikne waldiiddaan qaama mootummaa naannichaa fi qaama mootummaa federaalaa ykn naannoolee biroo gidduutti kan uummamu yoo ta'e, BAAWO mootummaa naannichaa bakka bu'ee falmii gaaggeessuu akka danda'u hubachuun ni danda'ama. Hafuura tumaa seeraa kana irraa akkuma hubatamutti falmiin mootummaa Naannoo Oromiyaa fi Mootummaa Federaalaa ykn naannoolee biroo gidduutti gaggeeffamuu danda'u immoo mana murtii idileetti akka gaggeffamu hubachuun waan nama rakkisuu miti. Qabatama jiru yoo ilaalles falmiiwwan akkanaa kun karaa mana murtii idileetiin gaggeeffamaa kan jiranii dha. Kanaan walqabatee dhimma qabatamaa ilaaluun barbaachisaa dha. kunis:*Dhimmaa waldhabdee Abbaa Taayitaa Daandiiwwan Itoophiyaa (Dhaabbata Mootummaa Federaalaa) fi Bulchiinsa Magaalaa Sulultaa* gidduutti uummame yoo ilaalle, Abbaan Taayitaa Daandiiwwan Federaalaa lafa bal'aa bosona qabu kan daangaa Magaalaa Sulultaatti argamuu fi waggoota dheeraaf qabatee ture Bulchiinsi Magaalaa Sulultaa bosona irraa cicciree waldaa mana jireenyaatiif akkasumas IMX Ceeyeef kennuuf tarkaanfiilee adda addaa waan fudhateef,abbaan Taayitaa Daandiiwwan Federalaa,Bulchiinsa Magaalaa Sulultaa irratti himanna banuun seerumma tilmaama bosona ciramee qarshii milliyoona lamaa fi qabiyyeen lafa bosanni irraa cirames kan km^2 37,000 ta,u akka deebi'uuf gaafate. Manni Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinneetti falmiin erga taasifamee booda bulchiinsa magaalichaa irratti murtiin kenname. Kunis Bulchiinsi Magaalaa Sulultaa tilmaama qarshii baargamoo ciramee qarshii miliyoona tokkoo fi kuma dhibba torba (qr.1,700,000) akka kaffaluu

fi qabiyyee lafaas akka gadi dhiisu jedhamee murtaayera.[87] Yeroo amma kana dhimmichi sadarkaa raawwii irra kan jiruu dha.

Dhimma kana irratti ogeeyyii seeraa bulchiinsa magaalichaa dhimmi kun osoo araaraan xumuramee malee falmiidhaan bulchiinsi magaalaa milkaayuu hin danda'u waan ta'eef, manni hojichaa mari'atee waldhabdeen karaa hiiktuu waldiddaa filannootiin (araaraan) furmaata argachuu qaba jedhanii yaada dhiyeessanis, hooggansi bulchiinsa magaalichaa yeroo sanaa yaadicha kana fudhachuuf fedhii kan hin qabne waan ta'eef, falmiin mana murtii idileetti itti fufuun murtiin kennamee ture.[88]

Dhimma kana irraa akka hubatamutti, waldhabdee qaama mootumma federaalaa fi qaama mootumma naannoo gidduutti uumame yoo ilaalle seerri qaamotni kun lamaan dhimmma isaanii karaa mala HWF tiin akka xumuratan akeeku/qajeelchu waan hin jirreef falmiin mana murtii idileetti calqabee achumatti murtii kan argatee dha. kana irraa ka'uun, waldhabdeen qaama Motummaa Naannoo Oromiyaa fi naannoolee biroo gidduutti uummamus kallattimaan gara mana murtii idileetti akka dhiyaatuu fi falmiin geeggeeffamuu akka danda'u tilmaamuun kan nama rakkisuu miti. Sababni isaas, seerri waldhabdee akkasii karaa mala HWF tiin akka xumuramu isaan jajjabeessu waan hin jirreefi dha.

Akkuma qajeeltootitti, waldhabdee uummame tokko karaa mala HWFtiin furmaata kennuuf fedhiin garee waldhabdootaa jiraachuu qaba.[89]Kana gochuuf immoo seerri ifa ta'ee fi caasaan kanaaf diriire jiraachuu qabu.Dhimmoota kanneen irratti BAAWO karaa mala HWF irratti aangoo akkamii qaba kan jedhu seera amma jiru yoo ilaalle ifa kan hin taanee fi qaawwi seeraa kan jiruu ta'uun ni hubatama. Kana jechuun dhimmoota hariiroo hawaasaa dantaa mootummaa fi ummataa of keessaa qaban mana murtii dhiyeessanii falmii gaggeesuun osoo hin barbaachisin karaa mala HWF tiin furmaata kennuun wal qabatee qaawwa seeraa bal'aa kan qabu waan ta'eef, hojimaanni fi gurmaayinsi mala HWF/ADR kan hin jirree dha. Qabatama jiru yoo ilaalles BAAWO caasaalee isaa godinaalee fi aanaalee irra jiru waliin ta'uudhaan manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa kanneen falmii hariiroo hawaasaa qaban, sadarakaa biirooleetii kaasee hanga aanaatti bakka bu'ee mana murtii idileetti falmiii gaggeessuu irratti harcaatiin haa jiraatuyyu malee hojiin calqabame hedduun akka jiru ragaaleen dirree irraa walitti qabame kan mullisuu dha. Seera irraa hubachuun akka danda'amutti falmiiwwan kun

[87]Dhimma Waldhabdee HimataaAbbaa Taayitaa Daandiiwwan Itoophiyaa fi Himatamaa Bulchiinsa Magaalaa Sulultaa, Mana Murtii Ol'aanaa GAONF, Lak G.M.M 42851 irratti kan dhiyaatee dha.

[88] Af-Gaaffii, Obboo Lataa Dheeressaa, Dursaa Garee Tajaajila Ogeeyyii Seeraa fi B/bu'aa Og/Seeraa Waajjira Kantiibaa Waliin Magaalaa Sulultaa, waliin gaafa guyyaa 19/07/2014 gaggeeffame.

[89] Olitti yaadannoo Lak 6, kwt6

Naannoo Oromiyaa keessatti kan gaggeeffamu yoo ta'e, (by default) mana murtii idileetti kan dhiyaatanii dha.

Haata'umalee, BAAWO karaalee araaraa fi gorsaatiin qabeenya mootummaa fi ummataa baayyee isaanii gara kaazinaa mootummaatti deebisiisaa akka jiru mata duree armaan gadii 3.4 jalatti gadi fageenyaan kan xiinxallamee dha. Falmiiwwan waldidda HH qaamonni mootummaa qaamota biroo waliin qaban waldiddaa isaanii mala HWF tiin hiikuun kan danda'amu karaa lamaan qofaa dha. Isaanis, Tokkoffaan, mala HWF tiin waldiddaa furachuuf waliigalteen dursee yoo jiraatee dha, fakkeenyaaf muuxannoo biyya Hindii dhimma kanaan walqabatee ilaaluun ni danda'ama. Hindiin keessatti, wajjiraalen fi biroolee motummaa hundii waaligaltee qaama mootummaa ykn qaama dhuunfaa waliin mallattessan kamuu keessatti yeroo waldiddaan uumaamuu gara wiirtuu 'Indian Council of Arbitration' geessuudhaan dhimma isaanii akka furatan kan jedhu, waligaltee keessatti galchuun mallatteessuu akka qaban dirqisiiseera.[90]

Lammaffaa irratti waliigalteen jiraatuu baatus, erga waldiddaan uumame booda dhimmicha karaa mala HWFtiin furachuuf fedhii/consent/ isaanii kan kennan yoo ta'ee dha.Kanaafuu,qaama Mootummaa Naannoo Oromiyaa fi nama dhuunfaa/dhaabbata biroo kamiiyyu gidduutti waldiddaan kan uummame yoo ta'e, fedhii qaamota kanneenii osoo hin mirkaneessin wiirtuu mala HWF tti dhiyaachuu hin danda'u.

Kanaafuu, falmii ykn waldhabdeen kun immoo bal'atee yoo ilaallamu, qaama mootummaa naannichaa fi qaamota adda addaa waliin ta'uu akka danda'u waan beekkamuu dha. Fakkeenyaaf, Nama dhuunfaa/dhaabbata dhuunfaa, mootummaa naannolee biroo, Mootummaa Federaalaa fi qaama miti mootummaa ta'e kan biroo waliin ta'uu ni danda'a. Seera irraa hubachuun akka danda'amutti, falmiiwwan kunNaannoo Oromiyaa keessatti kan gaggeeffaman yoo ta'e (by default) mana murtii idileetti akka ta'u, fi qabatamaanis ilaallamaa akka jiran ragaaleen funaanaman ni mul'isu.

Kanaan walqabatee, Dhimma *Himataa Dr. Geetaahun Abaatee fi himatamtoota 1.Bulchiinsa Magaalaa Sulultaa fi 2. Waajjira Lafa Magaalaa Sulultaa* gidduutti uummame irratti bara 2007 Dr. Geetaahun Abaatee kan jedhamu biyya Ameerikaa irraa dhufee lafa investmentiif ta'u, Bulchiinsa Magaalaa fi Wajjirri Lafa Magaalaa Sulultaa akka kennuuf gaafatee adeemsaawwan seerri gaafatu hunda erga xumuree lafti hospitaalaaf ta'u akka kennamuuf waadaan galameefi kanumaan innis qarshii miilliyoona lama (Qr.2,000,000) lakkoofsa herreega bulchiinsa magaalichaa irratti dhangalaase. Lafa isaaf kannamuuf ture kana mana maatii kudha torbatu

[90]Indian Council of Arbitration, (2016),

(17)irra jiraataa ture waan ta'eef, beenyaa kanaaf ta'u immoo qarshiin milliyoona lama investericha irraa fuudhamee turus hanga yeroo ammaatti lafti kun dabarfamee hin kennamneef waan ta'eef, maatii kanneeniif beenyaan waan hin kaffaamneef abbootiin qabiyyeetis hanga amma itti fayyadamaa jiru. Dr. Geetaahuun immoo lafti kun akka kennamuuf ameerikaa irraa deddeebi'ee gaafachaa turus hanga ammatti qarshii isaas lafas hin arganne.

Dhimmichi karaa HWF tiin akka xumuramu bulchiinsi magaalaa fi waajjirri lafaa fedhii fi kaka'umsa waan hin qabneef yeroo amma kana investarri kun Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Naannawa Finfinneeirratti himatee dhimmichi falmii irra erga turee booda bulchiinsi magaalaa lafa kana akka kennu ykn maallaqa fuudhee ture akka deebisu bulchiinsa magaalaa fi wajjira lafa magaalaa irratti murtaayee yeroo amma dhimmichi sadarkaa raawwii irratti kan argamuu dha.[91]

Dhimma kana irratti bulchiinsi magaalichaas ta'ee waajjirri lafaa, karaa ogeeyyii isaaniitiin falmii gaggeessaa kan turan yoo ta'u, waajjirri Abbaa Alangaa Bulchiinsa Magaalaa Sulultaasdhimmichi gara isaatti waan hin dhiyaatiniif, manuma murtiitti falmiin gaggeeffamaa kan turee waan ta'eef,gumaachi inni taasise hin jiru.Naannoo Oromiyaa keessatti seerri ifaan waldiddaa dhimmoota HH qaamni mootummaa fi qaamni dhuunfaa waliin qabu ilaalchisee, qaamni mootummaa himataas ta'ee himatamaa yeroo ta'u, seerri dirqisiisee dhimma isaanii karaa mala HWF tiin akka xumuratan taasisu hin jiru. BAAWO dhimmoota waldidda qaama mootummaa naannichaa fi qaama biroo kamiiyyuu gidduutti uummame irratti dhimmoota ofitti fuudhee karaa mala HWF akka ilaaluu hin aangeffamne.

Dhimoota akkanaa irratti muuxannoo biyya Kirooshiyaa yoo ilaalle, gareen kamuu himata qaamoolee motummaa Kiroshiyaa kamuu irratti banuu yoo barbaadee, osoo himataa hin hundeessin dura Ministera Haqaa fi caasaa isaa sadarkaan jiran dhimmicha irratti aangoo qaban maarisisuu qaba. Kunis waldiddaa karaa HWFtiin furuuf yaalii taasifamuu dha.[92] Kanafuu manneen murtii Kirooshiyaa himannaa qaamolee Motummaa Kirooshiyaa irratti dhiyaatu hanga karaa mala HWF tiin ilaallamanii waaligaluu hin dandeenyetti ofitti simatanii hin keessummeessan.

---

[91] Dhimma *Himataa Dr. Geetaahun Abaatee fi Himatamtoota 1.Bulchiinsa Magaalaa Sulultaa fi 2.Waajjira Lafa Magaalaa Sulultaa, Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Naannawa Finfinnee, Lak Gaml. 366597*

[92] Article 186(a) of the Civil Procedure Act (as amended in 2019) puts 'a person intending to file a lawsuit against the republic of Croatia is obliged, prior to filing it, to contact the state attorney's office which has territorial and subject-matter jurisdiction for representation before the court where an action against the Republic of Croatia will be filed, and request an amicable settlement of the dispute, except in cases in which special legislation specifies a deadline for filing an application, or when a special mediation procedure is provided by law.

Haaluma walfakkaatuun, Koloombiyaa keessattii waldiddaan dhimmotaa hariiroo hawaasaa fi daldalaa qaamaa kamiyyuu jiddutti uumamuu mana murtiiti dhiyaachuun dura jalqabaa mala HWF keessaa mala waltaasisuun ilaalamuun dirqama akka ta'e seeraan tumameera. Hima biraan, waldiddaan HH kamiyyuu osoo adeemsa jarsummaan (arbitration) ykn mana murtiin hin ilaalamin mala waltaasisuun ilaalamuu qaba.[93]

Biyya Biraazil keessattis, waldiddaawwan HH Manneen Hojii Mootummaa ykn Dhaabbilee Misooma Mootummaa (public contaracts and public bids or public-private partnership contracts) wal-qabatan kamiyyuu dursee jaarsumman ilaallamuun dirqama akka ta'e seeraan kan tumamee dha.[94] Hima biraatiin waliighalteewwan bulchiinsaa kamiiyyuu mana murtii dhiyaachuun dura karaa HWFtiin ilaallamuu akka qaban kan tumamee dha.

Dhimmoota kanaan walqabatee maanuwaaliin BAAWO basee, akkas jedha:

"Waldhabdeen kan uumame manneen hojii mootummaa fi qaamolee biroo jidduutti yoo ta'e, dhimmichi mala filannoo biroon waldiddaa hiikuutiin akka ilaalamuu danda'uuf qaamni tokko fedhii isaa akka ibsu gaaafatamee sababa ga'aa malee yeroo daangeeffamee kennameef keessatti deebii isaa kan hin kennine yoo ta'e, dhimmichi bu'uura waliigaltichaatiin akka ilaalamuu hin barbaannetti fudhatamee waldhabdichi adeemsa falmii mana murtiitiin furmaata akka argatu Daayirektoreetiin yookiin Adeemsi Hojii Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Caasaalee Mana Hojichaa sadarkaa sadarkaadhaan jiru akka qajeelchu ni taasifama. "[95]

Haa ta'u malee, sababa tumaawwan maanuwaalii keessa jiran dirqisisaa hin taaneef, hojirra oolaa akka hin jirre dhimmoonni qabatamoon hedduun kan agarsiisanii dha.

Fakkeenyaaf, dhimmumaasi gadii kana mee haa ilaallu;

Dhimma himattoota Ashabbir Nugusee fa'a(N-16) fi himatamtoota 1.Biiroo Aadaa fi Tuurizimii Oromiyaa-B/B-Waajjira A/A/Go/Shawaa Bahaa,2.Waajjiraa Bu/A/Meettaa B/B- Waajjira /A/A/Aanaa Mettaa, dhimma kana irratti himattoonni Godina Ha/Bahaa A/Mettaa Gandaa Calanqoo Lolaa keessa osoo jiraatan 'Siidaa Wareegamtoota Calanqoo' ijaarra jechuun qabiyyee lafa keenya irraa nu kaasanii beenyaa osoo nuuf hin kaffalin hafan waan ta'eef, beenyaan akka nuuf kaffalamu jechuun yoo gaafatan, himatamtoonnis deebii yoo kennan, himatamaa 1ffaan-himattoota waliin beenyaa kaffaluuf waliigalteen taasifne hin jiru; Nuti abba pirojektii

[93] Arbitration law of Colombia, Law No. 640 of 2001
[94] Brazil Arbitration Law Law No. 11.079(2004)
[95]MHAAWO, 'Maanuwaalii Hojii Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Dantaa Uummataa fi Mootummaa' [2012] kwt 31(6)

mitijechuun deebii yoo kennan,himatamaa 2ffaan immoo himatamaa 1ffaan beenyaa shallagaa naaf erga ni kaffallaa jedhee waan tureef kana dura shallagnee ergineefi jirra. Kanaafuu, himatamaa 1ffaatu kaffaluu qaba jechuun deebii kennee jira.Kanumaan manni murtiis bitaa fi mirga erga walfalmisiisee booda murtii kenneen,himatamaa 2ffaan qaarshii beenya gaafatamee hundaa akka kaffaluu fi mirgaa himatamaa 1ffaa irra qabu akka hin daangessine murtii kennee jira.[96]

Dhimma kana irratti waajjiraaleen lamaanuu abbaa alangatiin bakka bu'amanii namoota dhuunfaa waliin yeroo dheeraaf falmii gaggeessaa kan turan yoo ta'u, Waajjirri abbaan alangaa Aanaa Mettaa,Bulchiinsa Aanaa Meettaa bakka bu'eeyeroo falmu, Biiroon Aadaa fi Turiizimii Oromiyaa kaffaluu qaba yoo jedhu, WaajjirriAbbaan Alangaa Godina Shawaa Bahaa immoo nuti kaffaluu hin qabnu, bulchiinsa Aanaa Meettaatu kaffaluu qaba jechuun falmii kan gaggeessan yoo ta'u, walitti bu'iinsi fedhii manneen hojii mootummaa lamaanii gidduutti uummamuu danda'ee jira. Ka'umsi isaa qaama mootummaa fi namoota dhuunfaa ta'us, adeemsa keessa qaamni mootumma lama walhimachuu akka danda'an kan agarsiisuu dha.Dhimma kana irratti himatamaa 2ffaan beenyaa erga kaffalee booda,Biiroo Aadaaa fi Turiizimii Oromiyaa akkabakka buusuuf kan himatu yoo ta'e, waajjiraaleen lamaanuu abbaa alangaatiin bakka bu'uun walfamuu akka danda'an wanti namatti agarsiisan akka jiru kan ibsamee dha.[97]

Naannoo Oromiyaa keessatti waldiddaa dhimmoota HH qaamni mootummaa fi qaamni dhuunfaa waliin qabu ilaalchisee, seerri dirqisiisee dhimma isaanii karaa mala HWF tiin akka xumuratan taasisu hin jiru.Wiirtuun HWF akka biyyaa fi naannoo keenyatti hundaayee haala biyyoota biroo keessatti raawwatamuun dhimmoota dantaa mootummaa fi ummataa keessummeessu hin jiru.BAAWO waldiddaa dhimmoota HH qaamaa mootummaa naannichaa fi qaama mootummaa naannichaa hin ta'in kamiiyyu gidduutti uummamu irratti ofiitti fuudhee karaa mala HWF tiin fala kennuuf aangoo seeraan kennameefi hin qabu. Dhimmoota akkasii irratti BAAWO mala HWF osoo kan hojirra oolchu ta'ee, baasii xiqqaa fi yeroo gabaabaa keessatti dhimmootaaf fala kennuun akka danda'amu muuxannoo biyyoota akka Kirooshiyaa, Kolombiyaa, fi Biraazil fa'a irraa hubachuun ni danda'ama. BAAWO dhimmota waldidda qaama mootummaa naannichaa fi qaama biroo kamiiyyuu gidduutti uummame irratti aangoo dhimmoota ofitti fuudhee ilaaluu hin kennamneefi.

[96]*Dhimma Himattoota Ashabir Nugusee fa'a (N-16) fi Himatamtoota 1.Biiroo Aadaa fi Tuurizimii Oromiyaa-2.Waajjiraa Bu/A/Mettaa, Mana Murtii Ola'aanaa Go/Sh/Bahaa, L/G/M/M-64215*

[97] Af-gaaffii Dinqineesh Fayyisaa, I/Gaafatamtuu Waajjira Abbaa Alangaa Godina Shawaa Bahaa waliin gaafa 13/07/2014 gaggeeffame

Walumaagalatti, muuxannoo biyyootaa irra akka hubatamutti, Ministeerri Haqaa/Biiroon Abbaa alangaa/ isaanii ofii isaatii dhimmoota dantaa mootummaa fi ummataa kara HWF tiin fala kennuuf aangoon kan hin kennaminiif yoo ta'es, dhimmoonni akkasii wiirtuu HWF tti dhiyaachuun falli kennamaa akka jiru hubachuun kan danda'amuu dha. Akka biyyaa keenyatti sadarkaa Federaalatti waldiddaa HH mannen hojii mootummaa fi dhaabbillee misooma mootummaa fi qamoota biroo jiddutti uumamu ilaalchisee seerri ifaan Ministera Haqaa Federalaa mala HWFtiin ilaalee fala akka kennuu aangeessuu hin jiru.Qabatamaan yoo ilaalledhimmonnii akkasii yeroo isaan mudaatan qamaa mootumman Feederalatiin alaa ta'ee xalayaa barreessuun waldiddaa isaaniii karaa HWF tiin akka fuuratan nii affeeruu. Qamnii affeerame yoo fedhii qabaatee dhiyaachun waldiddaa isaani mala HWF (mala waltaasisuu)tiin akka waaligalan nii yaalu. [98] Naannoo Amaraa keessattis laabsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waligalaa Naannoo Amaaraa Hundessuuf bahe, labsii Lak 263/2011, irrattii dhimma armaan olii kana ilaalchisee Abbaa Alangaa Waaligala naannoo Amaraa mala HWFtin akka fuuru kan aangessee miti. Qabatamaan garuu akkuma mootummaa Federalattii hojjatamaa jirachuun ibsamera.[99]

3.1.2. Waldiddaa Hariiroo Hawaasaa Manneen Hojii Ykn Dhaabbileen Misooma Mootummaa Naannichaa Furuu Irratti Aangoo BAAWO

Waldiddaa dhimmoota hariiroo hawaasaa qaamota mootummaa lama giddutti uumame haala ittiin furamu irratti seerri maal jedha kan jedhu mata duree kana jalatti ilaaluuf yaalla. Tumaa labsii Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin tumame irraa yoo kaanu,

"*Dhimma hariiroo hawaasaa Manneen Hojii yookiin Dhaabbileen Misooma Mootummaa Naannichaa irratti waldhaban ilaalchisee dhimmichi mana murtii yookiin mana murtiin ala mala filannoo jiruun akka furamu ni murteessa; bu'uura murtichaatiin raawwatamuu isaa ni mirkaneessa*"[100]

Tumaa seeraa kana irraa akka hubatamutti, waldiddaa qaamota mootummaa lama gidduutti uumamu ilaalchisee aangoon BAAWO dhimmicha ofii isaa ilaaluu moo, qaamni kum dhimmicha ilaaluu akka qabu murteessuudha kan jedhu ifaa miti. Hima biraatiin,aangoon BAAWOtiif kennamee kun aangoo hundee dubbii keessaa seenuun ilaaluun murtii ykn furmaata

[98]Af-gaaffii Obboo Geetahun Waalaliny, Rawwataa Abbaa Alangaa Ministera Haqaa Federaalaa' waliin gaafa guyyaa 04/08/2014 gaggeefame

[99]Af-gaaffii Obbo Gizaachoo Masfiin, Dareektaraa Darekterootii Dhimmoota HH BAAWNA waliin gaafa guyyaa 4/09/2014 gaggeeffame,

[100] Olitti yaadannoo Lak 9 7(39),

ittii kennuuti moo aangoo mala dhimmichi ittiin ilaalamuu qabu qofa murteessuuti kan jedhu gaaffii deebii argachuu qabuu dha. Mala hiiktuuwaldiddaa filannootinwalqabatee BAAWO aangoo akkamii qaba kan jedhu iftoominna waan hin qabneef, raawwii irrattii aangoo kana hojitti hiikuuf rakkoo guddaa ta'eera.Karaaleen Waldiddaa dhimmoota hariiroo hawaasaa manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa gidduutti uumaman ittiiin furaman karaa falmii mana murtii fi karaa mala HWF akka ta'e, tumaa seeraa armaan olii irraa kan hubatamuu dha.

Labsii Abbaa Alangaa Waliigala Federaalaa (Ministeera Haqaa ammaa) hundeessuuf bahe, Labsii Lak 943/2008,[101] jalatti waldiddaa manneen hojii mootumma mala kamiin akka furamuu qabu ni muteessa jedha. Akka sadarkaa federaalaatti, qaawwa Labsii Lak 943/2008 irra jiru yeroodhaafis ta'u nuuf furuu danda'a jechuudhaan Ministerri Haqaa, Qajeelfama Adeemsa Jaarsummaa Abbaa Alangaa Waliigala Federaalaa, Qajeelfama Lak 6/2012 tumatee ittiin hojjachaa kan turee dha. Qajeelfamichi akka dirqaamaatti raawwatiinsa kan qabaatu, qaamota mootummaa Federaalaa Manneen Hojii fi Dhaabbilee Misooma Mootummaa,[102] dhaabbilee dhuunfaa fi namoota dhuunfaa kanneen qaama mootummaa waliin falmii qaban fi kanneen dhimmichi karaa jaarsummaa kanaan akka ilaallamuuf fedhii qaban,[103] fi harka qalleeyyii irratti dha.[104]

Kanaaf qaamonni mootummaa kunniin waldiddaa isaan mudate karaa jaarsummaa (*arbitration)* akka xumuratan kan tumame yoo ta'u, qaamonni mootummaa kun qaama dhuunfaatiinyoo waldhaban fedhiin/consent/ kennuun dirqama dha. Ministeerri Haqaa qajeelfama kana fayyadamee galmeelee heddu irratti karaa jaarsummaatiin murtii kennaa kan turee fi raawwachiisaa kan turee dha.Haata'umalee labsii ykn dambii isaan aangesse osoo hin jiraatin aangoo murteessuu qajeelfamaan ofii kennuu dhaan dhimmoota heddu irratti murtiin kan kennamaa turee dha. Dhuma irratti murtii dhaddachi ijibbaataa federaalaa murteesseen abbaan alangaa waliigala federaalaa aangoo waldiddaa dhimmoota HH irratti murteessuu akka hin qabne murtaa'ee jira. Kanumaan Qajeelfamni Lak 6/2012 aangoo Abbaa Alangaa Waliigala Federaalaa aangessuu waan hin qabneef hojirra akka hin oolle murtii Mana Murtii Waliigala Federaalaa dhaddacha ijibbaataatiin kennameera.[105] Ministeerri Haqaa qajeelfama kana fayyadamee

---

[101]Olitti yaadannoo Lak 80, Kwt 6(4)(D),

[102]የ ፌዴራሌጠቅሊይዎቃቤህግየ ግሌግሌዳኝነ ትጉባዔአሰራርመሙያመሙያቁጥር 6/2012 ዓ.ም, Kwt,3(2)

[103] Akkuma oliitti Kwt3(3).

[104]Olitti yaadannoo Lak 102, Kwt 3(4).

[105] Af gaaffii Gaafa, Obboo Marriqoo Mallasaa, Ministeera Haqaatti Qindeessaa Dhimmoota Falmii Hariiroo Hawaasaa, waliin gaafa 04/08/2014 taasifame,

galmeelee heddu irratti karaa jaarsummaatiin murtii kennaa kan turee dha. Haa ta'u malee labsii ykn dambii isaan aangesse osoo hin jiraatin aangoo murteessuu qajeelfamaan ofii kennuu dhaan dhimmoota heddu irratti murtiin kan kennamaa turee dha. Dhuma irratti murtii dhaddachi ijibbaataa federaalaa murteesseen Abbaan Alangaa Waliigala Federaalaa aangoo waldiddaa dhimmoota HH irratti murteessuu akka hin qabne murtaa'ee jira. Kanumaan Qajeelfamni Lak 6/2012 humna abbaa Alangaa Waliigala Federaalaa aangessuu waan hin qabneef hojirra akka hin oolle murtii dhaddacha ijibaataatiin dhaan kenname.[106] Murtiin kunis kan kenname dhaabbattoota Daandii Qilleensa Itoophiyaa fi Kaampaanii Inshuuraansii Itoophiyaa gidduutti yoo ta'u, kunis sababa Abbaan Alangaa Waliigala Federaalaa dhimma isaanii ofitti fuudhee jaarsummaa dhaan murtii kenneef, kompaaniin Inshuuransii Itoophiyaa mana murtii idilee federaalaatti dhimma isaa dhiyeessuun abbaan alangaa waliigala federaalaa aangoo murtii kennuu osoo hin qabaatin qajeelfama ofii isaatii baafate irra dhaabbatee murtii kenne jechuun falme, kanumaan dhimmichi dhaddacha ijibbaataa mana murtii federaalaa dhaqqabee abbaan alangaa waliigala federaalaa aangoo murteessuu labsiin kennameef hin qabu jechuun murtichi diigame.

Labsiin Qaama raawwachiiftuu Mootummaa Federaalaa hundeessuuf bahe, Labsii Lak 1263/2014, jalatti aangoo Ministeera Haqaa, dhimmoota waldiddaa Hariiroo hawaasaa, manneen hojii mootummaa federaalaa gidduutti uumamu irratti murtii kennuu ni danda'a jedha.[107] Labsiin kunis, aangoo hundee dubbii ilaaluun Manneen Hojii Mootummaa Federaalaa gidduutti murtii kennuu Ministeera Haqaatiif kennee jira. Labsii kana Labsii Lak 943/2008 irraa adda kan isa taasisu hundee dubbii irratti Ministeerri Haqaa (abbaan alangaa waliigalaa federaalaa duraanii) murtii kennuu akka danda'u aangessuu isaati. Kunis qaawwa labsiin Abbaa Alangaa Waliigala Federaalaa, hundeessuuf bahe, Labsii Lak 943/2008 irratti uummamee ture duuchuuf kan tumamee dha. Hima biraatiin, Labsii Lak 1263/2014 irratti dhimmoota waldiddaa qaama mootummaa lama gidduutti uummame irratti murteessuu akka danda'uuf Ministeera Haqaatiif aangoon ifaan kennamee jira.Kunis yeroo manneen hojii mootummaa federaalaa waldhaban Ministerri Haqaa dhimma isaanii irratti murtii kennuu ni danda'a kan jedhuu dha.[108]Kanaan walqabatee, hiikkaa manneen hojii mootummaatiif kenname haala armaan gadii kanaan kaa'eera:

[106] Akkuma olitti,
[107] Mana Marii Bakka Bu'uuta Ummataa, 'Labsiin Qaama Raawwachiiftuu Mootummaa Federaalaa Hundeessuuf Bahe' [2014], (Lak 1263) Kwt40(2)(A).
[108] Akkuma oliitti

"federal government offices" means bodies having legal personality and administered fully or partially by the federal government budget and includes institutions administered under Addis Ababa city and Dire Dawa city administration budget and federal government public enterprises."[109]

Labsii federaalaa kana irraa akka hubannutti hiikkaan manneen hojii mootumaatiif kenname manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa federaalaa kan hammatu akka ta'ee dha. Kanaafuu, akka hiikkaa kanaatti Ministerrrri Haqaa waldiddaa dhimmoota hariiroo hawaasaa manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa federaalaa irratti murtii kennuu akka danda'u seericha irraa hubachuun ni danda'ama. Kana jechuun, seera amma jiruun Ministeerri Haqaa Itoophiyaa waldhabdee qaamota Mootummaa Federaalaa gidduutti uumamu kamiyyuu irratti murtii dirqisiisaa kennuu akka danda'u seerichi ni aangessa.

Muuxannoo Naannoo Amhaaraa jiru kan ilaallu yoo ta'e,Gahee Abbaan Alangaa Waliigalaa Naannoo Amaaraa waldiddaawwan hiikuu keessatti qabuun walqabatee Labsiin Abbaa Alangaa Waliigalaa Naannoo Amaaraa Hundeessuf Bahe Labsii Lak 263/2011 jalatti dhimmoota hariiroo hawaasaa dantaa mootummaa fi ummata naannichaa qaban hunda keessaa galuun falmii gaggeessuu akka danda'u aangoon kennameefii jira.[110] Dabalataanis waldiddaawwan Manneen Hojii Mootummaa ykn Dhaabbilee Misooma Mootummaa naannichaa jiddutti yoo uumaman Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa Naannoo Amaaraa mala HWF keessaa mala marii (negotiation) fayyadamuun akka waliigaluun hiikan ni deeggara. Waliigaltee irra yoo gahame bu'aan waliigaltee akkaataa waliigalteenin akka raawwatamuu kan hordofus tahuun kaa'ameera.[111]

Labsii kana irratti akka tumametti:

"the particulars to be determined by a regulation or directive issued for the implementation of this proclamation, when civil disputes arise between the regional government institutions, supports to reach its ultimate settlement through a negotiated deal and follows up the execution of the decision closely"[112]

Keewwata kana irraa hubachuun akka danda'amutti qaamni mootummmaa naannoo amhaaraa lama giddutti waldiddaan yoo uummame gaheen BAAWNA qaamonni waldhaban lamaan karaa

[109] Olitti yaadannoo Lak 80,Kwt2(2).
[110]Council of the Amhara National Regional State, 'The Amhara National Regional State Office of Attorney General Establishment Proclamation' [2011] (No. 263) Art. 8
[111]Akkuma olii kwt 8(G)
[112]Oitti yaadannoo Lak 107, kwt 8(G)

mariitiin/negotiation/ furmaata dhumaa irra akka gahuu danda'an kan deeggaruu fi raawwi isaas kan hordofuu akka ta'e kan hubatamuu dha. Hima biraatiin tumaan kun BAAWNA tiif aangoo waltaasisaa/conciliator/ waan kenneef fakkaata.

Labsichi hojirra oolmaa aangoo labsiin A/Alangaa Waliigala Naannichaaf kenname kanaafis danbiin ykn qajeelfamni kan bahu ta'uu kaa'us hanga ammaatti danbiin ykn qajeelfamni bahee hin jiru. Hojimaatni naannoo amhaaraa amma jiru dhimmoota qaamni mootummaa lama irratti waldhaban irratti gaheen BAAWNA qaamota waldhaban lamaan walitti fidee akka isaan waliigaltee irra gahan kan waltaasisuu fi yeroo isaan waliigaltee irra gahuu dadhaban immoo dhimmicha irratti murtii kan kennuu dha.[113]

Sadarkaa Naannoo Oromiyaatti, Labsii BAAWO Hundeessuuf Bahe, Labsii Lak 214/2011jalatti, waa'ee aangoo BAAWOn hundee dubbi irratti qabu iftoominaa kan qabuu miti.[114]Asirratti dhimmichi mala kamiin akka furamuu qabu irratti murteessuuf qofa kan aanga'ee fakkaata. Kanaan walqabatee sadarkaa Naannoo Oromiyaatti, Labsiin Qaama Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe, Labsii Lak 242/2014 waa'ee aangoo Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa wanti dabalataan tume hin jiru. Fakkeenyaaf, Dhimmichi mana murtiitiin ala mala HWF tiin furmaata argachuu qaba jedhee yoo murteesse, gaheen BAAWO maal ta'uu qaba kan jedhu ifaan hin tumamne. Dhimmichis mana murtiitti ilaallamuu qaba jedhee kan murteessu yoo ta'e, qaama mootummaa lamaan waldhaban irratti gaheen biirichaa maal ta'uu qaba kan jedhus ifaa miti. Dabalataanis bakka bu'ee falmuu qaba kan jedhamus yoo ta'e, qaama mootummaa lamaan keessaa isa kam bakka bu'ee falma kan jedhu waan furmaata barbaaduu dha. Dhimmoota akkasii irratti abban alangaa qaama tokko bakka bu'ee qaama mootummaa isa biraatiin falma taanaan kaayyoo biirichi dhaabbateefkan walfaallessu (self contradictory) jechuu ni danda'ama.Yeroo waldiddaan qaama mootummaa lama gidduutti uummamu, qaama mootummaa lamaan waldhabe keessaa, BAAWO isa kam bakka bu'ee falmii gaggeessuu danda'a kan jedhu ifaa miti waan ta'eef, qabatamaanis rakkoo uumaa kan jiruu dha.

Waldhabdeen qaama mootummaa naannichaa lama gidduutti uumamu hundi kara mala HWF tiin furmaata argataa kan hin jirree akka ta'e ragaan qorannoof kanaaf walitti qabame kan agarsiisuu dha.[115] Dhimmoonni baayyeen karaa mana murtii idileetti yeroo dhihaatanii falmiin

[113]Olitti Yaadannoo Lak 99
[114]Olitti yaadannoo Lak 9, Kwt7(39)
[115] Af gaaffii Obboo Shuumii Araarsaa, Daayirektara Tajaajila Seeraa Biiroo Bishaaniii fi Inarjii Oromiyaa, waliin gaafa 4/08/2014 gaggeeffame

gaggeeffamu, abbaan alangaa immoo qaama mootummaaa lamaan waldhaban keessaa isa tokko bakka bu'ee ykn gidduu lixaa ta'ee qaama mootummaa isa biraa waliin yeroo falmii gaggeessu ni mul'ata.[116] Kun immoo kaayyoo BAAWO dhaabbateef waliin kan deemuu miti. Dhimmoota mala HWF/ADR furaman yoo ta'anis, BAAWO qaama mootummaa tokko bakka bu'ee ykn deeggaree isa biraa irratti dhiibbaa uumuu osoo hin taane karaa qaamni mootummaa lamaan waldhaban mala HWF tiin furmaata argatan kan taasisu yoo ta'e malee, kaayyoon walfaallessu raawwachuuf yaaluu ta'a.

Seera amma jiruun Naannoo Oromiyaa keessatti, BAAWO waldiddaa dhimmoota HH isaaf dhiyaate karaa mala HWF tiin haa furamu jedhee osoo murteesse, mala HWF isa kamiin akka furuu qabu seericha irraa wanti hubatamu hin jiru. Kana malees, karaa mala HWF'n dhimmichi haa furamuu jedhee murtii kennuudhaaf gurmaayinsi/caasaan dhimma kana keessummeessuu danda'uu fi bu'uura seeraa qabu jiraachuu qaba.Rakkoo iftoomina aangoo BAAWO tiif kenname kana hiikuuf dambii fi qajeelfamootni barbachisan tumamanii hojirra hin oolle.Kanaafuu, akkuma waliigalaatti waldiddaa qaamota mootummaa lama gidduutti uumaman furuu irratti aangoo BAAWO hojirra oolchuuf seerrii fi sirni ifa ta'e waan hin jirreef, yaadicha hojitti hiikuun baayyee rakkisaa ta'a.

Manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misoomaa mootummaa waldiddaa gidduu isaaniitti uumamu karaa BAAWO tti dhiyeessanii kara mala HWF tiin furmaata akka argatan taasisuu irratti seerri ifa ta'e waan hin jirreef, dhimmoonni hedduun gara BAAWOtti dhiyaachaa hin jiran.[117] Hima biraatiin, ofii isaaniiti dhimmicha gara mana murtiitti dhiyeessuun kan wal falman waan ta'eef, qisaasama yeroo fi qaabenyaa mootummaa fi ummataa irra gahaa jiru hanga barbaaddamu xiqqeessuun hin danda'amne[118].Kanaan walqabatee dhimmoota qabatamaa hedduu ilaaluun ni danda'ama. Fakkeenyaaf, dhimma *Himataa Korporeeshinii Ijaarsa Oromiyaa fi himatamaa, Bulchiinsa Magaalaa Asallaa* gidduutti taasifamee ture irratti, Korporeeshiniin Ijaarsa Oromiyaa manneen waliinii /kondoomiiniyaamii/ ijaaree xumuree akkaatama waliigalteetiin Bulchiinsa Magaalaa Asallatiif dabarsee kenne. Haa ta'u malee, Bulchiinsi Magaalaa Asallaa kaffaltii kaffalamuu qabu keessaa qarshii miilliyoona saddeet osoo hin kaffalin kan hafee waan ta'eef waldhabdeen Bulchiinsa Magaalaa Asallaa fi Korpooreeshinii Ijaarsa

[116] Af-gaaffii obboo Gaaddisaa Asaffaa, Ogeessa Seeraa Biiroo Fayyaa Oromiyaa, waliin gaafa guyyaa 04/09/2014 gaggeeffame

[117] Af-gaaffii obboo Isheetuu Balaay, Daayirektara Daayirektooreetii Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa BAAWO, waliin gaafa guyyaa 02/09/2014 gaggeeffame, Af-gaaffii Obboo Ashrafuu Haaruun, Abbaa Adeemsaa, Adeemsa Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Waajjira Abbaa Alangaa Go/Arsii waliin gaafa guyyaa 5/7/2014 gaggeeffame.

[118]Af-gaaffii obboo Darsee Hamdaa, Abbaa Adeemsaa, Adeemsa Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Waajjira Abbaa Alangaa Go/Sh/Bahaa, waliin gaafa guyyaa 5/7/2014 gaggeeffame.

Oromiyaa gidduutti uumamee ture. Haaluma kanaan Korporeshiniin Ijaarsa Oromiyaa xalayaa barreessee kaffaltiin kun akka raawwatamuuf gaafatee kan hin kaffalamneef yoo ta'e immoo mana murtiitti himachuuf qophii ta'uu isaa bulchiinsa magaalichaaf ibsus, Bulchiinsa Magaalaa maallaqa kana kan hin haalle yoo ta'ellee kaffaltii gaafatame kana kaffaluu hin dandeenye. Kanumaan Korpooreshinii Ijaarsa Oromiyaas karaa adeemsa ariifataa (Accelerated procedure) tiin Bulchiinsa Magaalaa Asallaa irratti himannaa dhiyeesse.Sana booda Bulchiinsa Magaalaa Asallaas Waajjirri Abbaa Alangaa Godina Arsii deebii akka kennu gaafate. Kana booda abbaan alangaa dhaddacha irratti dhiyaatee waldiddaan kun qaama mootummaa lama gidduutti kan uumame waan ta'eef, dhimmicha karaa mala HWF tiin furmaata akka argatu taasifna jechuun beellamni akka kennamuuf gaafate. Kanumaan manni murtii Godina Arsiis fedhii bitaa fi mirgaa erga gaafatee booda dhimmichi karaa mala HWFtiin akka xumura argatu beellama gabaabaa kenneef. Korporeeshiniin Ijaarsa Oromiyaa karaa ogeessa seeraa isaatiin kanfalmataa ture yoo ta'u, Bulchiinsi Magaalaa Asallaa immoo karaa Abbaa Alangaa Godina Arsiitiin kan falmataa turee dha.

Haaluma kanaan Hoogganaa Waajjirichaatiifi Abbaan Adeemsa Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Waajjira Abbaa Alangaa Godina Arsii Waajjira kantiibaaatti dhiyaatanii waajjirichi dhimmichi karaa mala HWF tiin akka xumuramu deeggarsa barbaachisu akka taasisan ykn nama dhiyaateemari'atu/negotiate godhu/ akka bakka buusan yoo gaafatan, waajjirichi fedhii kan hin qabne waan ta'eef, dhimmichi karaa mala HWFtiin xumuruun hafee gara falmii idileetiin Waajjira Bulchiinsa Magaalaa Asallaa irratti murtiin kenname.Murtii kana irratti Bulchiinsi Magaalaa Asallaa qarshii gaaffatame kana dhalaa isaa akkasumas baasii fi xaarii waliin akka kaffalu irratti murtaaye.[119] Dabalataan, dhimma kana irratti baasii fi xaarii qofa gara qarshii 320,000 olii bulchiinsa magaalaa irratti akka murteessan hubachuun danda'amee jira.[120]

Dhimma kana irratti Waajjirri Abbaa Alangaa Godina Arsii aangoo waldiddaa dhimmoota hariiroo hawaasaa qaamota mootummaa lama gidduutti uumamu ofitti fuudhee dhimmicha karaa mala HWFtiin ilaalee murtii kennuudhaaf aangoo ifaan tumame osoo qabaatee, dhimmichi mana murtiitti osoo hin dhiyaatinis ta'ee erga dhiyaatee booda ofitti fuudhee karaa mala HWFtiin furmaata kennuu ni danda'a ture.Dhimma kana irratti falmii yeroo dheeraa mana murtiitti taasifamaa tureen booda, Bulchiinsa Magaalaa Asallaa irratti murtiin kennamee jira.

[119]*Dhimma HimataaKorporeeshiniin Ijaarsa Oromiyaa fi Himatamaa Bulchiinsa Magaalaa Asallaa, Mana Murtii O'aanaa Godina Arsiitti Lak GMMO 101886 irratti dhiyaate*.

[120]Af-Gaaffii, Obboo Qananii Warqu, Ogeessa Seeraa Waajjira Bulchiinsa Magaalaa Asallaa, waliin gaafa guyyaa 07/07/2014 taasifame,

Dhimmi kun qisaasama yeroo fi qabeenya mootummaa fi ummataa guddaa kan hordofsiisee tahuun kan hubatamuu dha. Akka waliigalaatti qaawwi guddaan dhimma kana irraa nuti hubachuu dandeennu waldiddaa manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa gidduutti uumaman irratti BAAWO qaamota lamaan wal dhaban dirqisiisee dhimmicha ofitti fuudhee ilaalee karaa mala HWFtiin murtii ykn furmaata kennuuf bu'uura seeraa gahaa kan hin qabnee akka ta'e kan agarsisuu dha.[121]

Kan biraa Dhimma R/himataa WLQO Damee Cooraa Botor fi R/Himatamtoonni 1ffaa, Waldaa Sharikaa Taweldee fi Shimallis, 2ffaa Bulchinsa Magaalaa Baggee, gidduu uumamee yoo ilaalle, waliigaltee liqii himataa fi deebi kennaa 1ffa jidduu turee irratti deebii kennan 2ffaa wabii waan taheef, deebii kennan 1ffaan qarshii liqeeffatee waan hin kaffalleef wabiin akka kaffaluu jechuun kan dhiyatee yoo ta'u, kana dura Murtii Manni Murtii Aanaa Magaalaa Jimmaa dabarsee ture deebii kennaa 2ffaan akka kaffaluu murteesseera.[122] Haa ta'uu, malee, deebii kennaa 2ffaan raawwachuu waan dideef galmee raawwii akka banamu ta'eera.[123]

Dhimma kana irratti, qaamni wal waldhabe qaama mootummaa lama ta'ee osoo jiruu, dhimmichi kallattimaan gara mana murtiitti kan dhiyaatee dha. Dhimma kana irratti Baankiin Siinqee ogeessa seeraa isaatiin kan bakka bu'e yoo ta'u, Buchiinsi Magaalaa immoo karaa Waajjira Abbaa Alangatiin kan bakka bu'ee fi falmiin kan gaggeeffamee dha. Dhimma kana irratti qarshii liqii akka deebi'uuf gaafatame irratti dabalataan baasii fi xaarii biraatiif wal saaxilanii jiru. Baankiin Siinqee ogeessa seeraa isaatiin bakka bu'ee falmatus, Bulchinsi Magaalaa immoo karaa waajjira abbaa alangaatiin bakka bu'amanii falmiin kan gaggeeffamee dha.Dhimma kana irratti qaamni lamaanuu qaama mootummaa ta'ee osoo jiruu abbaan alangaa dhaabbata misoomaa mootummaa dhiisee mana hojii mootummaa bakka bu'ee falmii gaggeesse.[124]

Kaayyoon BAAWO dhaabbateef qaamota mootummaa hunda walqixa bakka bu'ee falmuu ta'ee osoo jiru isaan keessaa tokkoo bakka bu'anii tokkoon falmuun kaayyoo abbaan alangaa dhaabbateen kan walitti bu'uu dha. Kanaafuu, dhimmoonni akkasii kun karaa mala HWFtti dhiyaatanii osoo furmaata argatan ta'ee, walitti bu'iinsi kaayyoo qabatamaan mul'atu kun hin

[121]Af-gaaffii Obboo Ashrafuu Haaruun, Abbaa Adeemsaa, Adeemsa Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Waajjira Abbaa Alangaa Go/Arsii, waliin gaafa guyyaa 5/7/2014 gaggeeffame

[122]*Dhimma Himataa WALQO Damee Cooraa Botor fi Himatamtoota 1ffaa, Waldaa Sharikaa Taddee Fi Shimaalis, 2ffaa Buulchinsa Magalaa Baggee- Gidduutti Uummame Mana Murtii Aanaa Bulchiinsa Magaalaa Jimmaa, L/G/M/M-56722 Irratti Dhaddacha Gaafa 23/05/2014 Ooleen Murtii Kan Kennamee Dha*.

[123]*Dhimma R/Himataa WALQO Damee Cooraa Botor fi R/Himatamtoonni 1ffaa, Waldaa Sharikaa Taweldee fi Shimaalis, 2ffaa Bulchinsa Magaalaa Baggee, Mana Murtii Ol'aanaa Go/Jimmaatti Lak G.MMO 56965 Irratti R/Himanna Dhiyaatee*.

[124]Af-Gaaffii, Obboo Sisaay W/Gabreel, Abbaa Adeemsa, Adeemsa Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Waajjira Abbaa Alangaa Go/Jimmaa, waliin gaafa guyyaa 12/7/2014 gaggeeffame

uummamu ture. Rakkooleen akkanaa kun uumamu akka danda'uu fi iddoo biraatttis mudachuu akka danda'u tilmaamuun nama hin rakkisu.Kanaafuu, waldiddaan dhimmoota hariiroo hawaasaa qaamolee motummaa jiddutti umamuu irratti karaa mala HWFtiin furmaata kennuu akka danda'u aangoon guutuun BAAWOtiif kennamuu qaba.

Muxannoo biyyaa Filippiinsi yoo illaallee, qaamonni mootummaa waldiddaawwan manneen hojii mootummaa ykn dhaabbilee misooma mootummaa jiddutti uumaman akka ilaalan aangeffaman sadii yoo ta'an, isaaniis:Waajjira Barreessaa Biiroo Haqaa(Office of the Secretary of Justice (OSEC), Waajjira Abbaa Alangaa Waliigalaa (Office of the Solicitor General (OSG)) fi Waajjira Gorsaa Dhaabbilee Misooma Mootummaa(Office of the Government Corporate Counsel)kan jedhamanii dha.[125] Malootni HWF hojiirra oolanis mala waltaasisuu dirqamaa (Mandatory Mediation/Conciliation) fi mala Jaarsummaa (Arbitration) dha. Adeemsi malli HWF kun hojirra ittiin oolu immoo: Jalqaba irratti Manneen Hojii ykn Dhaabbileen Misooma Mootummaa waldiddaan isaa akka ilaalamuuf barbaadu komii isaa ni dhiyeeffatu.[126] Waldiddaan kan hiikkamu garee manneen murtii bulchiinsaa fakkaatu (Ad-hoc Admistrative Tribunal) kan yeroma komiin dhiyaate booda hundeeffamuun ta'a.[127] Gareen kunis komii kana erga fuudhanii booda qaamni komatame guyyaa 15 keessatti deebii akka itti kennu taasisu. Kana booda manneen hojii yookiin dhaabbileen misooma mootummaa waldiddaan jiddutti uumame kunniin garee hundeeffame kana biratti dhiyaachun waltaasisuu dirqamaa (mandatory mediation) ni taasisu.[128] Gareen kun marii kanaan ijoowwan irratti waliigalanii fi waliihingalin adda baasuun dhimmoota irratti walii hin galin irratti dhagaha (hearing) taasisuun murtii kenna.[129] Haa ta'u malee, murtiiwwan garee Waajjira Solisiitorii Waliigalaa (Office of the Solicitor General (OSG)) fi Waajjira Gorsaa Dhaabbilee Misooma Mootummaa (Office of the Government Corporate Counsel (OGCC)) jedhamuun kennaman mirkanaa'uf, gara waajjira Barreessaa Biiroo Haqaa (Office of the Secretary of Justice (OSEC))tti ergamuu qabu.Waajjirri Haqaas murtii kana ilaaluun cimsuu, fooyyeessuu ykn haquun murtii biraa kennuu danda'a. Murtiin Waajjira Haqaatin kennamu kunis murtii dhumaa waan ta'eef, kallattiin akka raawwatamu ajajni ni kennama. Murtii kana irratti ol'iyyannoon Waajjira Piresidaantii biyyattiitti dhiyaachuu

[125]Olitti yaadannoo Lakk 56, Rule 1,Section 1.3.
[126]Olitti yaadannoo Lakk 56.Rule 2, Section 2.1
[127]Olitti yaadannoo Lakk 56Rule 1, Section 1.3.
[128]Olitti yaadannoo Lakk 56, Rule 2 Section 2.5
[129] Olitti yaadannoo Lakk 56 , Rule 2 section 2.13

danda'a.[130] Tajaajilli kunis dhaabbilee mootummaa, miti-mootummaa fi nama dhuunfaa qaama aangoo qabu irraa heeyyama argateen kennamuu akka daanda'u labsichi kaa'eera.[131]

Karaa biraatiin Kolombiyaa keessatti, waldiddaan dhimmootaa HH fi daldalaa qaama kamiyyuu jidduutti uumamu mana murtiitti dhiyaachuun dura jalqaba mala HWF keessaa mala waltaasisuun ilaalamuun dirqamaa.Sababni isaas waldiddaan HH kamiyyuu osoo adeemsa jarsummaan (arbitration) ykn mana murtiin hin ilaalamiin mala waltaasisuun ilaalamuu qaba.[132]

Dabalataaniis, seerri jaarsummaa Biraazil, dhimoonni waliigaltee diinagdee mootummaan (public contaracts and public bids)fi public-private partnership) walqabatan kamiyyuukan ilaalaman Biraazil keessatti yoo ta'ee mala HWFtiinta'uu qaba jechuun ka'eera.[133]

Singaapoor keessatti waldiddawan daldalaa fi HH irraa maddan, mala filannoo waltasisuun hiikuuf namoota dhuunfaan ykn qaamota mootumman kan dhiyaatu ykn karaa mana murtiin gara wiirtuuwwan waltasisuu manneen murtii walqabatanii hundeeffamanitti ajajamuu danda'u.[134] Gareewwan waldiddaan jidduutti umaamee keessaa garee sababaa gahaa malee mala waltaasisuutin akka hin hikkamne diduu ykn gufuu tahuu irratti mannen murtii adabbii murtessuu danda'u.[135]

Akka waliigalaatti, biyyoota kanneen keessatti waldiddaawwan dhimmoonni HH dantaa mootummaa fi ummataa ta'an karaa mala HWF tiin falli akka itti kennamu yoo ta'u, kan biyya Filiippiinsi immoo adda kan godhu ministeerri haqaa ykn Biiroon abbaa alangaa waliigala biyyatti waldiddaa qaamolee mootummaa lama gidduutti uumame irratti fala kaayuu danda'uu isaati.

Naannoo keenya keessatti immoo wiirtuuleen mala HWF kanneen dhimmoota dantaa mootummaa ta'an keessummeessuuf hundaa'an hin jiru. Kanaafu, aangoodhaan walqabatee BAAWO muuxannoo Ministera Haqaa biyya Filippiinsi, fudhachuun osoo kan hojirra oolchuuti dhimmonni HH mannen hojii mootumma jidduutti uumaman salphatti furuu kan danda'amu qofa osoo hin taanee qabatama Naannoo Oromiyaa waliin kan deemuu dha.

Daataa biiroolee, godinaalee fi bulchiinsa magaalotaa Oromiyaa filataman irraa walitti qabame akka mul'isutti waldiddaa dhimmoota hariiroo hawaasaa dantaa mootummaa fi ummataa qaban

[130] Olitti yaadannoo Lakk 56,Rule 6
[131]Olitti yaadannoo Lakk 56,Section 3(b)
[132] Arbitration Law of Colombia, Law No. 640 of 2001
[133]Arbitration Law, Law no. 11.079 of 2004
[134] European Bank for Reconstruction and Development , 2021, Comparative study of legal and institutional frameworks and best bpractices on commercial meditations for republic of Serbia
[135]Akkuma Olii

dhimmoota muraasni karaa araaraatiin furmaata argatan jiraatanille, ulaagaa malli HWF tokko guutuu qabu hunda eeguudhaan galmeen banamee dhimmoonni fala argatan hin jiran. Haa ta'u malee, hojiilee karaa gorsaa fi mariidhaan hojjatamaa kan jiran ta'uu qabatama jiru irraa hubachuun kan danda'amuu dha. Fakkeenyaaf, baay'inaan dhimmoonni karaa gorsaa fi araaraan hojjataman dhimmoota liqii maallaqa Baankiin Siinqeetiin liqeeffame deebisiisuun walqabatan irratti akka ta'e,hubatameera.[136]

Qamooleen motummaa naannoo fi federalaa gidduutti wal diddaan yoo uummame, manneen hojii mootummaas ta'ee, dhaabbileen misooma mootumma yeroo waldhaban haala kamiin dhimma isaanii gara mana murtii idileetti osoo hin dhiyeessin karaa mala HWFtiin furmaanni kennamuu danda'a kan jedhus seeraan deebii waan barbaaduu dha.Kanaan walqabatee dhimmootni qabatamaa hedduun jiraatanis akka fakkeenyaatti dhimmoota armaan gadii kanneen haa ilaallu:dhimma *Himataa Baankii Misoomaa Itoophiyaa fi Himatamtoota;1.Koomishinii Invastimantii Oromiyaa- B/B-A/A-Sh/Bahaa, 2.Biiroo Bu/It/Fayadamaa Lafaa Oromiyaa, 3.Buulchinsa Aanaa Adaamiii Tulluu-(B/B-A/A-A/Adaamii Tulluu), yoo ta'an,*dhiimmichi, himataan Waldaa Dhuunfaa Ittigaafatamummaan Murtaaye kan ETECO jedhamuu waliigaltee liqii fi wabummaa Adoolessaa bara 2004 mallatteessen lafa qonnaa heektara 86.3 Goodina Shawaa Bahaa Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa gandaa qonnaan bulaa Shishoo/ Abboonoo jedhamu keessatti argamuu ijaarsaa fi qabeenya irrattii argamuu waliin qaarshii Baankii Misooma Itoophiyaa irraa liqeefatee yeroon kaffaluu waan dideef Himatamtoonni kunniin lafa wabii kana akka nuuf dabarsan/simachiisan gaafatamanii waan didanii fi lafuma kana baankii lafaatti deebisuun nama biraatiif qooduuf waan qophaa'aa jiraniif himanni dhiyaatee jira. Kanumaan, Manni Murtii Ol'aanaa G/Sh/Bahaa himannaan sababaa gahaa hin qabu jechuun waan murtesseef, Baankiin Misooma Itoophiyaa ol'iyyannoon gaafatee dhimmichi deemee dhaddacha ijibbaataa kangahee dha.[137]

Waldiddaawwan qaama mootumma federaalaa fi qaamota mootummaa naannoo gidduutti uummaman haalli itti araaraan furmaata argachuun itti danda'an osoo diriiree jiraatee qaammonni mootumma dhimma armaan olii irratti himataa ta'ee fi himatamtoonni kun hundi

[136]Af-gaaffii, obboo Alamuu Tasfaayee Galatuu, Ogeessa Seeraa Baankii Siinqee Distriktii Godina Arsii, waliin gaafa 9/07/2014 gaggeeffame. Kana irratti obboo Urgeessaa Tsaggaayee, Ittiigaafatamaa Waajjira Abba Alangaa Bulchiinsa Magaalaa Laga Xaafoo Laga Daadhii, yaada kennaniin hojiiwwan maallaqa mootummaa liqii deebisuu guddaan mana murtii osoo hin dhiyeessin kara gorsaa fi araaraan kan hojjataman hedduun akka jiranii fi kana irratti gaheen abbaa alangaa olaana akka ta'e ibsanii jiru.

[137]*Dhimma Himataa Baankii Misoomaa Itoophiyaa fi Himatamtootni;1.Koomishinii Invastimantii Oromiyaa- B/B-A/A-Sh/Bahaa, 2.Biroo Bu/It/Fayadamaa Lafaa Oromiyaa, 3.Buulchinsa aanaa Adamiii Tulluu-B/B-A/A-A/Adaamii Tulluu L/G/M/M-61813*

mana murtii idileetti deddeebisaadhaan yeroo fi qabeenya mootummaa qisaasessuun dantaa mootummaa fi ummataa hin miidhamu ture.

Dhimmi biraa immoo dhimma *Himataa, Abbaa Taayitaa Gaaliiwwan Damee Magaalaa Jimmaa fi Himatamaa, Daandii Xayyaara Itoophiyaa Buufata Xayyaaraa Jimmaa Abbaa Jifaar* giddduutti uumamedha.Dhimma kana irratti himataan lafaa magaala baal'inni isaa M^2 316,158.5 ta'u taajajilaa buufataa xiyyaaraaf qabate irratti kiraa tajajilaa qabiyyee lafa magalaa qarshii miiliyoona 154,245,852.55 ta'ee akka naaf kaffaluu jechuun Mana Murtii Ol'aanaa Godina Jimmaatti himate. Himatamaan deebii yoo kennu, aangoo dhimmicha ilaaluu m/murtii hin qabu jechuun waan mormeef,manni murtii galmicha cufeera.[138]Kanumaan galmeen A/Alangaa Godina Jimmaatiin Mana Murtii Waliigalati iyyatamee adeemsa irra kan jiruu dha. Dhimma kana irratti waldhabdeen kun akka furmataa argatuuf mariin yeroo gara garaatti yaalamus hiikkachuu hin daandenye. Qamni lamaanu qaama mootummaa ta'anii osoo jiran, qabeenyaa mootummaa baasii fi xaarii birootiif saaxilaniiru.Seeri dirqisisaan qaamota mootummaa kana lamaan dirqisiisee gara mala HWFtti qajeelchu ifaan waan hin jirreef, isaan lamaanuu dirqisiisuun hin danda'amne.[139]

Walumaagalatti, dhimmootaa hariiroo hawaasaa Manneen Hojii ykn/fi/ Dhaabbileen Misooma Mootummaa Naannichaa jidduttii uumaman karaa mala HWF tiin fala akka argatan gochuun murtessaa waan taheef, seerri dirqisisaan tumamuuqaba. Kanaan walqabatee BAAWO mala HWF fayyadamuun dhimmoota hariiroo hawaasaa qaamonni mootumma naannichaa irratti waldhaban irratti aangoon ifa ta'e kennamuu akka qabu ragaaleen qorannoo kanaaf funaannaman kan agarsiisanii dha.Dabalataniis qaamonni motummaa naanichaa qaamota Mootummaa Federalaa ykn naannoo biraatiin yoo waldhaban haalli waldiddaan karaa HWF ittiin furamu diriiruu kan qabuu dha.Kana irratti fedhii qaama biroo mootummaa naannichaa waliin waldhabee irratti hundaayuun dhimmoonni karaa HWFtti dhiyaachuu akka qaban seeraan tumamuu akka qabu ragaan funaanamee fi muxannoowwan jiran niakeek

Raakkoo kanaaf, dambii fi qajeelfama baasun fala osoo hin kennin BAAWO bara 2012 keessaa 'Maanuwaalii Hojii Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Dantaa Uummataa fi Mootummaa' jedhu baasuun hojirra oolchee jira. Maanuwaaliin kun kutaa shan jalati akkaataa adeemsa mala filannoo biroon waldiddaa hiikuutiin dhimmootni waldhabdee HH itti hiikkatan ka'ee

[138]*Dhimma Himataa Abbaa Taayitaa Gaaliiwwan Damee Magaalaa Jimmaa (A/A'n B/Bu'ee) fi Himatamaa Daandii Xayyaara Itoophiyaatti, Buufata Xayyaaraa Jimmaa Abbaa Jifaar, (Og/ Seeraan B/bu'e), L/G/M/M-5454*
[139]Olitti Yaadannoo Lak 124, Kanumaan walqabatee, *Dhimmi Himataa Abbaa Taayitaa Daandiiwwan Itoophiyaa fi Himatamaa Bulchiinsa Magaalaa Sulultaa, Mana Murtii Ol'aanaa GAONF, Lak G.M.M 42851*irratti dhiyaatee irrattis falmii dheeraan qaama Mootumma Federaalaa fi qaama Mootummaa Naannoo Oromiyaa gidduutti taasifamaa kan turee akka ta'e kan hubatamuu dha.

jira.Maanuwaaliin kunis aangoon Labsii Lak 214/2011'n BAAWO tiif kenname akka waan hundee dubbii irratti murtii kennuuf aangoo qabuutti fuudhachuun adeemsa HWF ittiin ilaalamu fi caasaa barbachisuu kan kaa'uudha.

Dhimma aangoo BAAWO tiin walqabatee,Wixinee Dambii Sirna Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Dantaa Ummataafi Mootummaa Naannoo Oromiyaa Diriirsuuf Qophaa'e, Lak -----/2014 jalattiakka taa'etti, manneen hojii mootummaa yookiin dhaabbilee misooma mootummaa jidduutti waldhabdeen kan uumamu yoo ta'e, BAAWO dhimmichi mana murtii yookiin mana murtiin ala mala HWF akka furamu ni murteessa; Qaamoleen waldhabanis murtii biirichaa fudhachuun hojirra oolchuu qabu kan jedhu tumameera.[140] Itti aansuudhaan Biirichi dhimma hariiroo hawaasaa bu'uura keewwata 13(1)'tiin isa dhaqqabe akkaataa seera ykn waliigaltee keessatti tumameen mala HWFtiin akka xumuramu gochuu ni danda'a.[141] Keewwattoota kana lamaan waliin dubbisuun wanti hubatamu, BAAWO dhimmichi mala HWF tiin ilaallamuu qaba jedhees erga murteessee boodas dhimmicha karaa mala HWF tiin furmaata kennuu akka danda'u dha. Wixineen kun yoo mirkanna'ee raakkoo aangoodhan walqabatu kanneen kan furu fakkaata.Garuu, HWF adeemsaa fi caasaa mataa ofii waan qabuuf akkumaa biyyoota biroo koophatti qaajelfamni qopha'uufii qaba.

3.1.3. Namoota Himannaa Hariiroo Hawaasaa Banuuf Humna Dhaban irratti Aangoo BAAWO Qabu

Mata duree kana jalatti waa'ee namoota himannaa HH banuuf humna dhabanii keessattuu qaama hawaasaa dadhaboo ta'an kanneen akka daa'immanii, dubartootaa, qaama miidhamtoota manguddoota akkasumas, namoota gocha yakkaatiin miidhaan irra gahee fi ofii isaaniitii falmachuuf humna hin qabnee kan ilaallamuu dha. BAAWO namoota himannaa hariiroo hawaasaa banuuf humna dhaban bakka bu'ee falmuu fi akka falmamu taasisuu akkasumas namoota gocha yakkaatiin miidhaan irra gaheeffalmii gaggeessuu akka danda'u aangoon kennameefi jira.Namoota himannaa HH banuuf humna dhaban ilaalchisee seerichi haala armaan gadii kanaan BAAWO tiif aangoo kennee jira.*"Namoota himannaa hariiroo hawaasaa banuuf humna dhaban keessumaayyuu dubartoota, daa'imman, qaama miidhamtootaa fi maanguddoota bakka bu'ee ni falma; akka falmamu ni taasisa."*[142] kan jedhuu dha.

[140] Wixinee Dambii Sirna Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Dantaa Ummataafi Mootummaa Naannoo Oromiyaa Diriirsuuf Qophaa'e , Lak ---/2014, Kwt 13(6)
[141] Akkuma Olii, Kwt, 13(2)
[142] Olitti Yaadannoo Lak 9, Kwt, 7(40)

Tumaan seeraa kun qaama hawaasaa keessaa namoota dadhaboo ta'anii fi mirga ofii kabachiifachuuf gahumsa hin qabne gargaaruuf kan kaayyeffatee dha. Keessattuu dubartoota, daa'imman, qaama miidhamtootaa fi manguddoota irratti abbaan alangaa ofii isaatii bakka bu'ee ykn qaama biroo tajaajila bilisaa kennuuf dirqama qabu (abukaatoo dhuunfaa) akka falmuuf kan taasisuu dha. Dhimmoota kanniin irratti abbaan alangaa mana murtii dhiyeessuun falmuu akka danda'u kan tumame yoo ta'u, kara mala HWF fayyadamuun dhimmoota akkasiitiif furmata kennuu irratti seerichi wanti ifaan tume hin jiru. Faayidaa fi barbaachisummaa malli HWF qabu irra dhaabbannee, qaamota hawaasaa falmachuuf humna hin qabne kanneen dhimma isaanii karaa mala HWF tiin akka hiikkachuu danda'an irratti seerri ifa ta'e osoo jiraate dhimmoonni akkasii yeroo gabaabaa keessatti furmaata kan argatanii dha. Dhimmoonni qaamota hawaasaa kun karaa abbaa alangaatiin mana murtiitti falmiin kan gaggeeffamu ta'us, haala amala falmii manneen murtii biyya keenna (court litigation) irraa akka hubatamutti, dhimmi isaanii mana murtiitti kan dhiyaatu yoo ta'e, deddeebisaa fi yeroo dheeraa fudhachuun isaa waan hafuu miti. Kanaafuu, seerri keenna dhimmoota akkasii irrattis sirna mala HWF diriirsuun aangoo dhimma kana ofitti fuudhee ilaaluu BAAWOtiif osoo kenname bu'a qabeessummaan isaa ol'aanaa dha.

As irraattii maanuwaaliin BAAWO, Waldhabdeen dhimma HH namoota dhuunfaa jidduutti kan uumame yoo ta'e, dhimmichi mala HWFtiin akka ilaalamuuf kan gaaffii dhiyeessuu danda'u garee waldhaban keessaa nama humna hin qabne ykn harka qalleeyyii kan ta'an jechuun kaa'eera.[143] Haa ta'u malee, BAAWO dhimmoota harka qalleeyyii muraasa ta'an, karaa mala HWF ykn araaraan xumuraman kan jiran ta'uu ragaaleen funaanaman ni agarsiisu. Kunis, mana murtiitti erga himannaan dhiyaatee booda karaa araaraan kan xumuramanii dha.[144] Gareen mala HWF biirichaa keessatti hundaayes hin jiru waan ta'eef, hojiin gama kanaan raawwatamaa jiru baayyee laafaa akka ta'e ragaaleen funaanaman ni agarsiisu.[145]

Dhimmi biraa dhimmi abbaan alangaa seeraan irratti aangeffame, dhimma namoota gochaa yakkaatiin miidhaan irra gahee fi ofii isaaniitiif falmachuuf humna hin qabnee yoo ta'u, tumaan seeraa kunis akkas jedha:"*Namoota gocha yakkaatiin miidhaan irra gahee fi himata dhiyeeffachuu fi falmuuf humna hin qabne bakka bu'ee beenyaa akka argatan himannaa hariiroo hawaasaa ni dhiyeessa; ni falma yookiin walta'iinsa ni taasisa*" [146]

[143]Olitti Yaadannoo Lak 95, kewwata 31(7).
[144]Af gaaffii Obboo Gammachuu Raggaasaa, Abbaa Adeemsaa, Adeemsa dhimmoota yakkoota addaa addaa Waajjira Abbaa Alangaa Bulchiinsa Magaalaa Asallaa, waliin gaafa 7/7/2014 gaggeeffame
[145] Olitti Yaadannoo Lak 121
[146] Olitti Yaadannoo, Lak 9, Kwt, 7(41)

Tumaa seeraa kana irraa akkuma hubatamuu, namoonni gochaa yakkaatiin miidhaan adda addaa irra gahee yeroo beenyaan isaan barbaachisuu fi beenya kana falmanii ykn marii/negotiation/ adda addaa taasisuun gaafachuuf haalli isaan itti humna dhaban ni jira. Yeroo taateewwan akkasii mudatan qaamni dantaa mootummaa fi ummataa naannichaa eegsisuuf dhaabbate BAAWO waan ta'eef, biirichi jidduu seenee beenyaa miidhaa gahe madaalu, akka kaffalamuuf ykn mariidhaan akka xumuramu kan taasisuu dha. Kan labsii kanaan tumame akkuma jirutti ta'ee, seera deemsa falmii yakkaa irrattis abbaan alangaa himannaa yakkaa himatamaa irratti yoo hundeessu gaafa dhagahaa dhimmaa namni yakka raawwate sun miidhaa geessiseef beenyaa nama miidhaan irra gaheef akka kaffalu gaafachuu kan danda'u ta'uu isaa tumameera.[147] Kana malees, Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Gurmeessuu, Aangoo fi Hojii Isaanii Murtteessuuf Bahe, Labsii Lak 199/2008, kwt 24(23)[148] jalattis haaluma walfakkaatuun tumamee kan turee yoo ta'u,[149] wanti kana irratti labsiin haarofni kun dhimma kana irratti qabatee dhufe abbaan alangaa dhimmoota namoota yakkaan miidhaan irra gahee irratti bakka bu'ee falmii gaggeeessu qofa osoo hin taanee, namoota akkasii bakka bu'ee, dhimmicha karaa mariitiinis/by Negotiation/ xumuruu akka danda'u kan tumamee dha. Dhimma namoota yakkaan miidhamanii ilaalchisee mana murtiitti dhiyeessuun himachuun akkuma jirutti tahee, akka filannootti kan tumame karaa walta'iinsaatiin/negotiation/dhaan furmaata barbaaduu dha. Haa ta'u malee, tumaa seeraa kana irraa akka hubachuun danda'amutti, abbaan alangaa miidhamaa bakka bu'ee mana murtiitti himachuu ykn walta'iinsa taasisuu akka danda'u kan aanga'e malee, BAAWO dhimmicha ofitti fuudhee karaa HWFtiin ofii isaatii murtii/furmaata kennuu kan danda'uu miti.

Dhimmoota akkasii irratti seerri ifaan BAAWO mala HWFtiin furmaata akka kennu kan aangessu yoo ta'e, bu'a qabeessa akka ta'uu fi miidhamtoota yakkaas dhimmi isaanii yeroo gabaaba keessatti baasii xiqqaadhaan furmaata akka argatan kan taasisuu dha. Dhimmoota akkasii irrattis baayyina qabaachuu baatanis dhimmoonni muraasni manuma murtiitti karaa abbaa alangaatiin dhiyaachaa akka jiran ragaaleen qorannoo kanaaf funaanaman ni mul'isu.[150] Qabatama Naannoo Oromiyaa keessatti mul'atu yoo ilaallamu, dhimmoota akkanaa irratti

[147] Seera Adeemsa Falmii Yakkaa Impaayera Itoophiyaa, Labsii Lak 185/1961, Kwt, 154 (1)
[148] Keewwanni kun Labsii Lak 214/2011 dhaan kan haqamee dha.
[149] Caffee mootummaa Naannoo Oromiyaa,'Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Gurmeessuu, Aangoo fi Hojii Isaanii Murtteessuuf Bahe'[2008] (Lak 199) Kwt24(23) jalatti akka tumametti "Namoota gocha yakkaatiin miidhaan qaamaa cimaan irra gahee himata dhiyeeffachuu fi falmuuf humna hin qabne beenyaa akka argatan himannaa hariiroo hawaasaatiin ni deeggara; barbaachisaa ta'ee yoo argame ni falma" kan jedhu tumamee ture.
[150] Af gaaffi obboo Magarsaa Araarsaa , Ittigaafatamaa Waajjira abbaa alangaa Bulchiinsa magaalaa Duukam, waliin gaafa guyyaa 21/07/2014 waliin gaggeeffame

BAAWO hanga barbaaddamu hojjataa kan hin turre akka ta'e, qorannoon tokko kan mullisu ta'us,[151] yeroo amma fooyya'iinsi gama falmii mana murtiitti dhiyeessuutiin kan jiruu ta'uu ragaaleen ni agarsiisu. Haa ta'u malee, fooyya'iinsi kun, mana murtii idileetti kan dhiyaatan irratti malee, kanneen dhimmoota karaa mala HWF tiin biirichi ofitti fuudhee furmaata kennuu kan hammatuu miti. Sababni isaas dhimmoonni karaa araaraatiin furmaata argatan baay'ee muraasa waan ta'aniif, fooyya'insa seeraa fi hojimaataa kan gaafatuu dha. Kanaan walqabatee muuxannoo Naannoo Amhaaraa yoo ilaalle haala armaan gadii kanaan labsiin tumee jira:

"Having represented those victims with a heavy injury as the result of criminal act who cannot afford to carry out litigation cost, vulnerable children, poor women, persons with disabilities, the elderly, patients of HIV/AIDS, cause such parties to obtain compensation and have their civil interests respected through negotiation or instituting actions and conducting pleadings in the regional courts and other judicial organs;"[152]

kana jechuun BAAWNA namoota gochaa yakkaatiin miidhaan irra gahe, daa'imman, dubartoota harka qalleeyyii, qaama miidhamtoota, manguddoota, dhukkubsattoota HIV/AIDS beenyaan akka kaffalamuu fi dantaan isaanii akka karaa mariitiin/negotiation ykn falmii man murtiitiin ykn qaama murtii abbaa seerummaan kennameef biratti akka kabajamuuf kan taasisuu dha. Haa ta'u malee Biirichi dhimmoota akkasii irratti ofii isaatii ofitti fuudhee fala ykn murtii kennaa kan hin jirre akka ta'e ragaan kan agarsiisuu dha.[153]

Labsii Abbaa Alangaa Waliigala Federaalaa Hundeesuuf bahe jalattis haala armaan gadii kanaan kan tumameera.

"conducts litigation by representing citizens who do not have financial capacity to institute civil action under federal courts specially women, children, disabled and the elderly;"[154] Kana jechuun Abbaan Alangaa Waliigala Federaalaa (Ministeerri Haqaa amma) namoota himanna HH banuuf humna hin qabne kanneen akka dubartoota, daa'immanii, qaama miidhamtootaa fi manguddootaa bakka bu'ee mana murtiitti falmuufi akka qabu kan kaayuu dha.

Haaluma kanaan dhimmoota namoota yakkaan miidhaan irra qaqqabee ilaalchisee:

"represent victims of crime who do not have financial means in litigations or negotiations for their compensation, reinstitution and protection of their civil interests emanated from the damage

[151] Olitti Yaadannoo,Lak 13, Fuula 18
[152]Olittii Yaadannoo Lak 107, kwt 8(K)
[153]Olittii Yaadannoo Lak 99
[154]Olittii Yaadannoo Lak 80, kwt 6(3)(f)

sustained;" [155] kana jechuun AAWF miidhamtoota yakkaa falmachuuf humna dhaban mana murtiittis ta'ee kara mariitiin dhimma isaanii irratti bakka bu'ee kan falmu akka ta'e kan aangessee dha.karaa biraatiin muuxannoon Naannoo Amhaaraa fi kan federaalaas kan agarsiisuu dhimmoota harka qalleeyyi ofii isaaniiti ofitti fuudhee karaa mala HWFtiin ilaaluuf kan hin aageffamin ta'uu isaa kan hubannuu dha.

Walumaagalatti, dhimmootahariiroo hawaasaa namoota harka qalleeyyii irratti yeroo fi qabeenya mootummaa fi miidhamtoota yakkaa qisaasuu waan danda'uuf, mala HWF biirichi ofitti fuudhee fala kennuuf osoo aangeffamee namoota miidhamtoota yakka hedduu ta'aniif qabeenyaa xinnoodhaani fi yeroo gabaabaa keessatti furmaata karaa nagaatiin akka argatan taasisuun ni danda'ama.

3.2. Caasaa/Gurmaa'insa/ Mala Hiiktuu Waldiddaa Filannoo BAAWO

Akkuma beekkamu caasaa BAAWO sadarkaa sadarkaan jiran keessaatti gareen dhimmaa HH mala HWFtiin hiikuu danda'u hin hundoofne.Haala amma jiruun caasaan dhimmoota hariiroo hawaasaa mala HWFtiin gurmaayee sadarkaa BAAWO irraa kaasee hanga sadarkaa aanaaleettikan gurmaayee miti. Caasaa yeroo amma BAAWO keessa jiruun, dhimmoonni hariiroo hawaasaa sadarkaa biirootti Daayirektooreetii dhimmoota hariiroo hawaasaa jalatti, sadarkaa waajjiraalee abbaa alangaa godinaatti immoo Adeemsa Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa jalatti kan ilaallamaniifi kan hojjatamanii dha. Sadarkaa waajjiraalee aanaalee fi bulchiinsaalee magaalaatti immoo adeemsi yakkoota adda addaa fi kan hariiroo hawaasaawalumatti adeemsa tokko jalatti kan hordofamuu dha.Sadarkaa biiroottis ta'ee,sadarkaawaajjiraalee godinaa fi waajjiraalee aanaatti ykn bulchiinsaalee magaalaatti gareen mala HWFhojirra oolchuuf hundaaye hin jiru.

Humni namaa adeemsa hariiroo hawaasaa jala jiru garee kanahundeessuuf kan dandeessisuu miti.[156] Fakkeenyaaf, Waajjira Abbaa Alangaa Godina Arsii yoo fudhanne, adeemsaa dhimmoota hariiroo hawaasaa jalatti abba adeemsichaa qofaan hojiin dhimmoota hariiroo hawaasa hojjatamaa jira.[157] Haaluma kanaan, Waajjira Abbaa Alangaa Magaalaa Jimmaa yoo fudhanne dhimmoota HH irratti namni tokko qofti ramadameehojii dhimmoota HH hojjataakan jiru fi dabalataan dhimmoota yakkaas hojjataa kan jiruu dha. kana malees, Waajjira Abbaa Alangaa Bulchiinsa Magaalaa Adaamaatii fi Go/Jimmaatti,Waajjirri Abbaa AlangaaAanaa Qarsaayoo

[155]Olittii Yaadannoo Lak 80,Kwt 6(3)(k)
[156]Olittii Yaadannoo Lak 118
[157]Olittii Yaadannoo Lak 121

fudhanne, namni tokko qofti dhimmoota Hariiroo Hawaasaa irratti bakka bu'ee hojii dhimmoota hariiroo hawaasaa hojjataa kan jiruu ta'uu hubannee jirra.Sadaarka Waajjira Abbaa Alangaa Godina Jimmaatti A/Alangaa lama qofaan yoo hojjatamu,Waajjira Abbaa Alangaa Godina Shawaa Bahaatti immoo, abbootii alangaa sadiin hojjatamaa jiraachuu isaa yeroo daataa kana sassaabnutti hubachuun danda'ameera.[158]

Qabeenya mootummaa karaa marii fi gorsaan akka deebi'u taasifamaa jiru irratti, Abbootiin Alangaa yerooma dhimmi gara BAAWO tti dhiyaatu, abbaa alangaa tokkoof kennamee innumti akka hordofu taasifamaa kan jiruu dha.Iddoo tokkoo tokkotti immoo abbootiin alangaa lakkoofsi isaanii baayyee xiqqaa ta'an adeemsa hariiroo hawaasaa jalatti ramadamanii hajjachaa kan jiranii dha.Abbaatiin alangaa ramadaman kun immoo dhimmoota falmii mana murtii irratti baayyinaan xiyyeeffatanii hojjachaa kan jiran malee dhimmoota mala HWF irratti xiyyeeffatanii hojjachaa kan jiranii miti. Haa ta'u malee, hojiin karaa mala HWF fayyadamuun, BAAWO qabatamaanhojjataa jiru jiraachuun isaa immoo kan haalamuu miti.[159] Fakkeenyaaf: *Dhimma Himattuu Addee Zeeyinabaa Taklewaldi fi Himatamtootni 1. Waajjira Eegumsa fayyaa Aanaa shanan Kooluu fi 2.Waajjira Bulchiinsa Ganda Unkee* irrattiMana Murtii Aanaa Shanan Kooluutti dhiyaatee irratti falmiin nama dhuunfaa gama tokkoo fi Waajjiraalee lama gidduutti kan geggeeffamee dha. Kunis qabiyyee lafaa buufatni Fayyaa Ganda Unkee irratti ijaarameen walqabatee falmii ka'e yoo ta'u, himattuun qabiyyeen lafaa kun gadi naaf haa dhiifamuu ykn beenyaan naaf haa kaffalamu jechuun himannaa Waajjira Eegumsa fayyaa Aanaa Shanan Kooluu fi Waajjira Bulchiinsa Ganda Unkee irratti kan dhiyeessitee dha.Kanumaan waajjirri abbaa alangaa Aanaa Shanan Kooluu waajjiraalee lamaan walirratti himataman bakka bu'ee mana murtiitti dhiyaachuun dhimmicha karaa jaarsummaatiin akka xumuruu danda'an hayyama gaafatee manni murtiis fedhii bitaa fi mirgaa erga gaafatee booda dhimmichi karaa mala HWF tiin akka xumuraniif beellama kenneefi. Kanumaan bitaa fi mirgi manguddoo lakkaawwatanii dhimmichi manguddootti/jaarsatti/kennamee araaraan waliigalan.Waliigaltee araaraa irraa hubachuun akka danda'amuutti himattuun qabiyyee lafaa harkaa qabdu yeroof akka itti fayyadamtu fi gaafa waajjirichi babal'ifachuu barbaadetti akka gadi dhiiftu, buufanni fayyaas qabiyyee lafaa harkaa qabu akka itti fayyadamu waliigalanii araaraman.Kanumaan waliigaltee

[158]Af -Gaaffii, Obboo Darsee Hamdaa, A/Ademsaa Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Waajjira Abbaa Alangaa Godina Shawaa Bahaa Waliin Gaafa Guyyaa, 05/07/2014 Gaggeeffame fi Af -Gaaffii, Obboo Sisaay W/Gabreel A/Ademsaa Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Waajjira Abbaa Alangaa Godina Jimmaa Waliin Gaafa Guyyaa, 12/07/2014 Gaggeeffame

[159]Af-gaffii Baqaala Tolaa. Dareektara Tajaajila Seera Baankii Siinqee Waajjira Mummee waliin gaafa 03/08/2014 gaggeeffame, Haala barbaaddamuun ulaagaa mala HWF guutuu qabu kan eeggate ta'uu baatanis hojiiwwan marii fi gorsaan hiikkatan hedduun akka jiru daataa funaaname irraa hubachuun ni danda'ama. Keessattuu hojiileen WALQO (Baankii Siinqee amma) hedduun akka dalagaman kan beekkamuu dha.

araaraa mana murtiitti dhiyeessanii galmeen cufame.Kana booda ji'oota muraasa booda akka haarawaatti dhimmuma kana irratti galmee banattee himannaa dhiyeeffatte. Kanumaan Waajjirri Abbaan Alangaa Aanaa Shanaan Kooluu mana murtiitti dhiyaatee dhimmichi kana dura murtii argate waan ta'eef yeroo lammaffaan dhiyaachuu hin danda'u jedhee waan mormeef galmeen ni cufameera.[160]Kana irraatti himattuun tun waan komatteef ol'iyyannoo dhaan dhimmichi Mana Murtii Ol'aanaa Go/Arsiitti dhiyeeffatte. Kanumaan Waajjirri Abbaa Alangaa Godina Arsii haaluma aanaa irratti mormameen dhimmichi kan hin komachiisne ta'uu kaasuun mormii dhiyeesse waan ta'eef, galmeen cufamee dhimmichi xumura kan argatee dha.[161]

Dhimma armaan olitti ibsame kana irraa hubachuun akka danda'amutti waldiddaan dhimmoota hariiroo hawaasaa qaama mootummaa fi nama dhuunfaa gidduutti uumaamu dhimma isaanii karaa mala HWFtiin furachuuf fedhii yoo qabaatanillee caasaan sirnaan gurmaaye kan dhimma isaanii ofitti fuudhee karaa mala HWFtiin keessummeessu waajjiraalee abbaa alangaa keessa waan hin jirreef qaamonni waldhaban kun waldiddaa isaanii furachuuf qaama mootummaatiin alatti jaarsa biyyaa (namoota dhuunfaa) filatanii dhimma isaanii karaa jaarsummaatiin akka araaraaman erga ta'ee, booda waliigaltee araaraa mana murtiitti dhiyeessuun galmeen akka cufamu taasifama kan jiruu dha.

Walumaagalatti, dhimma kana irraa hubachuun kan danda'amu, caasaan ykn gurmaayinsi waldiddaa dhimmoota hariiroo hawaasaa karaa mala HWFtiin keessummeessuu kan sirnaan gurmaaye waajjira abbaa alangaa keessa kan hin jirre ta'uu kan mullisuu dha. Kana malees, jaarsummaan dhimma kana irratti ilaallame kun isa afaan Ingiliffaan '*arbitration*' jedhamu kanaan garaagarummaa guddaa kan qabuu dha. Jaarsummaan akkanaa kun waltaasisuu ykn araarsuu/conciliation/ kan jedhu ibsuu danda'a malee jecha '*arbitration*' jedhamu kana waan ibsuu danda'u hin fakkaatu. Sababni isaas malli HWF 'arbitration' jedhamu amalli ittiin beekamu murtiin qaama sadaffaan kennamu dirqisiisaa fi raawwatamuu kanqabu ta'uu isaati.Asirratti, dhimma caasaa/garee mala HWF kana ilaalchisee, haala kamiin gurmaayuu akka qabu maanuwaaliin hojii dhimmoota HH, BAAWO baafate keessatti haala ifa ta'een taa'ee jira.Maanuwaalii Hojii Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Dantaa Uummataa fi Mootummaa, BAAWO bara 2012 baafatee kwt.32 jalatti akka tumametti, Haala Gareen Mala HWF Itti Gurmaa'an ibsamee jira.

[160]*Dhimma Himattuu Addee Zeeyinabaa Taklewalde fi Himatamtootni(Waajjira Eegumsa Fayyaa Aanaa Shanan Kooluu fi (Waajjira Bulchiinsa Ganda Unkee) Mana Murtii Aanaa Shanan Kooluu LGMM. 033226.*

[161]*Dhimma Ol'iyattuu, Addee Zeeyinabaa Taklewaldi fi Deebi kennitoota(Waajjira Eegumsa Fayyaa Aanaa Shanan Kooluu Fi Waajjira Bulchiinsa Ganda Unkee) Bakka Bu'aan Waajjira Abbaa Alangaa Godina Arsii Lak GMMOGA 1000912 Irratti Dhiyaate.*

“Gareen mala filannootiin waldhabdee hiikuudhaaf Caasaalee Mana hojichaa sadarkaadhaanjiran keessatti hundaa’u akkaataa ulfaatina dhimmichaatiin miseensoota namoota sadii hangashanii kan of keessatti qabaatu ta’a. Miseensootni garee kunis Daayirektera yookiin AbbaaAdeemsa Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa sadarkaa sadarkaan jiruun dhiyaatee sadarkaa ManaHojichaatti Itti aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Hogganaa Damee Dhimmoota FalmiiSeeratiin, sadarkaa caasaa mana hojichaatti immoo Ittigaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa sadarkaa sana jiruun kan ramadaman ta'a”[162] jedha.

Gareen mala HWF akkaataa maanuwaalicha irra taa’e kanaan BAAWO fi waajjiraalee abbaa alangaa sadarkaan jiran keessatti kan hin gurmaayin akka ta’e ragaan qorannoo kanaaf funaaname ni agarsiisa. Sababni guddaan gurmayuu dhabeef immoo bu’uura seeraa dirqisiisaa ta’ee dhabamuu fi hanqina humna naamaa akka ta’e deebiin af-gaaffiiwwan waajjiraalee abbaa alangaa irraa argame kan ibsuu dha.[163] Hojiiwwan waldiiddaa dhimmoota HH haala walfakkaataa fi bu’aa qabeessa ta’een, karaa mala HWFtiin furmaata akka argataniif, biirichi maanuwaalii kana keessatti kan tumate ta’us, sababa maanuwaalichi dirqisiisaa hin taaneef akkaataa barbaaddameen hojirra ooluu hin dandeenye.Gareen mala HWF tiin waldhabdee akka hiikuuf dhimmicha dhiyaatuuf, jaarsummaan (Arbitration) osoo hin ilaalin dura gareen waldhabdeen jidduutti uumame waldhabdee isaanii waliigaliinsaan (Negotiation) ykn waltaasisuu (Mediation) akka ilaalan taasisuu kan qabu akka ta’e tumameera.[164]

Sadarkaa Ministera Haqaa Federalaattii fi BAAWNA hojimaata isaanii yoo illaalee caasaa garee HWF hundeessuun hojiirra oolchuu seerri deeggaru hin jiru. Qabatamaanis, garee HWF hundeessanii hojiitti kan galan osoo ta’iin yeroo dhimmii dhiyaatu abbooti alangaa jiran rammaduun hojjataa kan jiraniidha.[165]

Gama biraatin Muxannoo biyyaa Filippiinsi yoo illaalee, mootummaan waajjira dhimma HWF hordofuu Ministeera Haqaa jalatti ‘Waajjira Mala Hiiktuu Waldiddaa Filannoo (Office for Alternative Dispute Resolution)’ jedhamu huundeeseera. Waajjirri kunis hojiiwwan akka wiirtuwwan HWFtiif heyyama kennuu, ulaagaa heyyamni ittiin kennamu qopheessun, hojirra oolmaa HWF irratti qorannoo gaggeessuu fi leenjii fi hubannoo kennu rawwaata.[166]Dabalataanis

[162]Olittii Yaadannoo Lak 95
[163]Af -Gaaffii, Obboo Urgeessaa Tsaggaayee , Ittiigaafatamaa Waajjira Abbaa Alangaa Buulchinsa Magaala Lagaa Xafoo Lagaa Daadhii waliin gaafa guyyaa, 21/07/2014gaggeeffame
[164]Olittii Yaadannoo Lak 95, kwt33(1)
[165]Af -Gaaffii, Obboo Gizaachoo Masfin, Daayirektara Daayirktooreetii dhimmoota Hariiroo Hawaasaa BAAWNA Guyyaa 04/09/2014 gaggeeffame fi Af-gaaffii obboo Mallasaa Marriqoo, Qindessaa Dhimmota HH Ministera Haqaa Federalaa waliin gaafa 4/8/2014 geggeeffame
[166]Olittii Yaadannoo Lak 55, section 49-50

Muxannoon biyyaa Ameerikaa kan agaarsisuu, Ministeera Haqaa jalatti Waajjirri Hiiktuu Waldiddaa Filannoo (Office of Dispute Resolution (ODR) jedhamu bara1995 hundeeffameera. Kaayyoon guddaan waajjira kanaa,[167] waldiddaawwan HH fi bulchiinsaa qaamoleen mootummaa Feederalaa keessatti argaman karaa HWFtin furmaata akka argatan taasisuu fiHWF qaamolee mootummaa Feederaalaa fi Ministeera Haqaa keessattibal'inaan akka hojiirra oolan hojjachuudha.Dabalataanis, Ministeerri Haqaa, Waajjira Hiiktuu Waldiddaa Filannoo jedhamuu jalatti garee manneenhojii Feederaalaa jiddutti mala HWF irratti hojjatu'*Interagency ADR Working Group'* jedhamu'hundeessee jira.[168] Gaheen garee kanaas,manneen hojii mootumma HWF akkamittii fi maal fa'a irratti akka fayyadaman leenjii kennuu; manneen hojii fi dhaabbilee misooma mootummaa jiddutti mala HWF guddisuu; seerota HWF fi hojirra oolmaan HWF sadarkaa irragahe yeroo yeroon qorachuun yaada fooyya'iinsaa Ministeera Haqaatiif dhiheessuudha.[169]

Walumaagalatti, muuxannoowwan olitti ibsaman irraa akka hubatamuttii, mala HWF hojirra oochuuf caasaan sirnaan gurmaayee jiraachuun barbaachisaa ta'uu dha. Kanumarraa ka'uun seerotni keenya kan akka Naannoo Oromiyaatti jiran HWF manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa keessatti fayyadamuun barbaachisaa ta'uu itti amanuun bifa salphaatti hojirra oolchun danda'amu mijeessuun BAAWO haala ifa ta'een aangessuu qabu. BAAWO aangoo HWF irrattii isaaf kennamee haala bu'aa qabeessa ta'een hojiira olchuuf caasaa isaa sadarkaan jiran keessattii garee dhimma kana rawwaachuu daanda'uu hundeessuu qaba. Kana malees, BAAWO koodii naamusa ogeessota garee mala HWF ittiin hoogganaman qopheessuun hojirra oolchuun bu'a qabeessummaa mala HWF tiif barbaachisaa dha.

3.3. Raawwii Murtii Karaa Mala Hiiktuu Waldiddaa Filannootiin Kennamuu: Uwwisa Seeraa fi Qabatamaa

Akka seera biyya keenyaatti murtiin karaa jaarsummaatiin kennamu murtiin araaraa (arbitral award) dirqisiisaa akka ta'ee fi kan raawwatamus dhimmichi mana murtiitti kan ilaallamu osoo ta'ee, manni murtii murticha raawwachiisuuf aangoo qabu akka raawwachiisuu qabu kan

[167] Office of Dispute Resolution (ODR), General Legal Activities Office of Dispute Resolution (ODR),(2011)
[168] Kristen Blankley, Kathleen Claussen& Judith Starr Alternative Dispute Resolution In Agency Administrative Programs (2021)
[169] Olitti Yaadannoo Lak 168

tumamee dha.[170] Haaluma kanaan, murtiin waliigaltee karaa waltaasisuutiin/conciliation settlement/ irra gahames akka raawwatamu labsii dhaan tumamee jira.[171]

Waltaasisuu/conciliation/ keessatti qaamni waldhabe lamaan dhimma isaanii araaraan xumuruuf yoo waliigalan waliigaltee isaanii ofii isaaniitiif qopheessan ykn waltaasisaan/conciliator/ akka qopheessuuf erga taasisanii booda ilaalanii irratti waliif mallatteessu. Waltaasisaan waliigaltee araaraa waldhabdoonni akka qopheeffatan deeggarsa ni taasisa ykn immoo yoo isaan gaaffii dhiyeessaniif ofii isaatiif ni qopheessa.[172] Waliigaltee araaraa/settlement agreement/ isaan irratti mallatteessan kana immoo waltaasisaan ilaalee erga mirkaneessee/authenticate/godhee booda, kooppii godhamee qaamota waldhabdootaaf /qaamota waliigalticha mallatteessaniif/kenna.[173] Waltaasisuu keessatti waliigalteen haala kanaan mirkaneeye furmaata isa dhumaa fi kan irratti ol iyyachuun hin danda'amne (non-appealable) akka ta'e fi mana murtii aangoo hundee dubbi dhimmichaa qabu biratti raawwii banachuudhaan waliigaltee araaraa sana raawwachiisuun akka danda'amu tumameera.[174]

Akkuma beekamu murtiin mala HWF tiin kennamu haala kamiin raawwatamuu akka qabu seeraan kan hin tumamne yoo ta'e, dhimmicha karaa mala HWF tiin furmaata laatuun gatii hin qabu. BAAWO waldiddaa dhimmoota hariiroo hawaasaa ofitti fuudhee mala HWF tiin furmaata ykn murtii kan kennu yoo ta'e, haalli raawwii murtii/waliigaltee araaraa/ kanaa maal ta'uu qaba kan jedhu ifaan seeraan tumamuu qaba. Murtii kana raawwachiisuu keessatti immoo gaheen BAAWO maal ta'uu akka qabu seeraan ifatti tumamuu qaba. Sababni isaas qaamota waldhaban keessa isa tokko irratti yoo murtaaye fi qaamni murtiin irratti kenname sun immoo murticha hin raawwadhu yoo jedhe, rakkoo guddaa waan ta'uuf, haalli raawwii murtii karaa HWF tiin kennamuus seeraan ifatti tumamuu qaba. Manneen Hojii yookiin Dhaabbileen Misooma Mootummaa Naannichaa murtii abbaa alangaa kana fuudhachuu yoo didan tarkaanfii fudhatamus wanti kaa'e hin jiru.[175]

Qabatama yoo ilaallu immoo furmaanni hanga ammaatti kennamaa turan karaa araaraa fi karaa gorsaatiin waan ta'eef, raawwii isaa irratti rakkoon baayyeen hin mul'anne. Sababni isaas qaamni waldhabe dursee waliigaltee araaraa waan taasisuuf raawwii irrattis fedhii isaatiin kan

[170] Olittii Yaadannoo Lak 6, kwt 51(1)
[171]Olittii Yaadannoo Lak 6
[172] Olittii Yaadannoo Lak 6, Kwt67(2)
[173]Olittii Yaadannoo Lak 6, kwt 67(4)
[174]Akkuma olii, kwt 68
[175] Olittii Yaadannoo Lak 118

raawwatee dhiyaatu waan ta'eef, rakkoon raawwi mudate hin jiru.[176] Maallaqaa mootummaa gorsaan kaazinaa mootummaatti deebi'us yoo ta'es, qaamni qarshii san galii taasisu dursee qarshii san galii taasisee nagahee qabatee dhiyaata waan ta'eef, raawwii irratti rakkoo hin qabaatu.[177]

Haala raawwii murtiilee karaa mala HWF/ADR tiin kennamanii irratti, hojimaata Ministeera Haqaa Mootummaa Federaalaa yoo ilaalle, murtii karaa mala HWF tiin kenname karaa dhiibbaa siyaasaatiin (political pressure) adda addaa gochuudhaan raawwachiifamaa kan jiruu dha. kunis 1ffaa, qaamni murtiin itti kenname, qaama mootummaa yoo ta'e, xalayaadhaan ajajni Ministeera Haqaa irra itti kennama, 2ffaa irratti immoo karaa Mana Maree Ministeerotaatiin kallattiin ajajni akka kennamu ta'a. Haa ta'u malee, karaa seeraatiin raawwachiisuudhaaf haala murtiileen akkasii ittiin raawwataman wanti ifaan tumame hin jiru. Qabatamaa jiruun qaamni mootummaa yeroo baayyee dhimmi isaanii karaa HWF/ADR kanaan murtiin irratti yoo kenname fedhima isaanitiin raawwatu waan ta'eef rakkoon gama kanaan uummame baayyee hin jiru.[178] Kanaafuu gaheen murtii raawwachiisuu keessatti Ministeera Haqaaf kenname seeraan ifatti kan kenname jiraatuu baatus, dhimmichi akka raawwatamuu karaa adda addaatiin dhiibbaa waan godhaniif ni raawwatama jechuu dha. Fakkeenyaaf, murtii san akkaataa waliigaltee isaaniitiin akka raawwatan xalayaa kallaattiin yoo barreeffameef, qamooleen mootummaa dhimmicha raawwatanii gabaasa isaa dhiyeessu.

Kanaan walqabatee, muuxannoon Mootummaa Naannoo Amhaaraa jiru maal fakkaata kan jedhu yoo ilaalle murtii kenname ykn waan qaamni lamaan karaa BAAWNA tiin irraattii waliigalame kana qaama akka raawwatu barbaaddamu (mana hojii ykn dhaabbata misooma mootummaa) sanaaf xalayaan barreeffameefi gaaragalchi immo wajjiraa Walta'iinsa Misooma Dinagdeetiif taasifama.[179] Qaamni xalayaan barreeffamuuf hunduu murtii kennamu kana ni raawwatu waan ta'eef, rakkoon gama kanaan muudate hin jiru; ta'us osoo uummamees karaa mana mare bulchiinsaatiin ajajni akka itti kennamu kan taasifamuu dha. Qabatamaa jiruun rakkoon rawwiin walqabatee uumame hin jiru.[180] Haa ta'uu, malee, seerri gama kanaan jiru qaawwa kan qabuu dha.

[176]Olittii Yaadannoo Lak 121
[177]Olittii Yaadannoo Lak 121
[178]Af-Gaaffii Obbaa Heenook Tesfaaye, Daayirektara Hariiroo Hawaasaa Ministeera Haqaa, waliin Gaafa Guyyaa 23/05/20134 waliin gaggeeffame.
[179]Olittii Yaadannoo Lak 99
[180]Olittii Yaadannoo Lak 99

Fakkeenyaaf, muuxannoo biyya Siingaapoor yoo ilaalle, waligalteen waltaasisuu barreeffamaan ta'ee waligaltee haadhoo keessatti ykn kophatti waligalamu danda'a.[181]Waligalteen karaa mala waltasisuun irra gahame akka murtii dirqisisaa fi rawwatamumma qabuutti fudhatama. Qamnii murtiin akka rawwatamuuf barbaduu mana murtiiti dhiheeffachuun rawwachifachuu danda'a.[182]

Muxannoo biyyaa Filippiinsi yoo illaallee, qaamonni mootummaa waldiddaawwan manneen hojii mootummaa ykn dhaabbilee misooma mootummaa jiddutti uumaman akka ilaalan aangeffaman sadii yoo ta'an, isaaniis:Waajjira Barreessaa Biiroo Haqaa (Office of the Secretary of Justice (OSEC), Waajjira Solisitarii Waliigalaa (Office of the Solicitor General (OSG)) fi Waajjira Gorsaa Dhaabbilee Misooma Mootummaa (Office of the Government Corporate Counsel) kan jedhamanii dha.[183] Malootni HWF hojiirra oolanis mala waltaasisuu dirqamaa (Mandatory Mediation/Conciliation) fi mala Jaarsummaa (Arbitration) dha. Haata'u malee, murtiiwwan garee Waajjira Solisitarii Waliigalaa (Office of the Solicitor General (OSG)) fi Waajjira Gorsaa Dhaabbilee Misooma Mootummaa (Office of the Government Corporate Counsel (OGCC)) jedhamuun kennaman mirkanaa'uf, gara waajjira Barreessaa Biiroo Haqaa (Office of the Secretary of Justice (OSEC))tti ergamuu qabu.Waajjirri Haqaas murtii kana ilaaluun cimsuu, fooyyeessuu ykn haquun murtii biraa kennuu danda'a. Murtiin Waajjira Haqaatiin kennamu kunis murtii dhumaa waan ta'eef, kallattiin akka raawwatamu ajajni waajjiruma Haqaatiin kennama. Murtii kana irratti ol'iyyannoon Waajjira Piresidaantii biyyattiitti dhiyaachuu danda'a.[184]

Biraaziil keessaatti waldiddaawwan hariiroo hawaasaa Manneen Hojii Mootummaa ykn Dhaabbilee Misooma Mootummaa (public contaracts and public bids or public-private partnership) wal-qabatan kamiyyuu mana murtiitti dhiyaachuun dura dirqamaa jaarsumman ilaalamuu qabu.[185] Manni murtii Biraazilis murtii jaarsumman kennaman akka murtii dhummatti kan rawwachisuu yoo ta'uu, akkataa seera jaarsumma biyyattiitin adeemsi murtiin ittiin kennamee siirrii yoo hin tanee, murticha haquu danda'a.[186]

Walumaagalatti, seerri keenna murtiilee araaraa (arbitral award) ta'ee, waliigaltee araaraa (conciliation settlement) ilaalchisee Labsii Adeemsa Hojii Jaarsummaa fi Waltaasisuu Labsii Lak 1237/2013 jalatti ifaan dirqiisisaa fi raawatamummaa akka qabu tumame jira. Kana akka

[181] Republic of Singapore Government ,'The Mediation Act 2017 Gazette'[2017] (No. 1) ,section 4
[182]Akkuma Olii , Section 12
[183]Olittii Yaadannoo Lak 56, Section 1.3.
[184]Olittii Yaadannoo Lak 56, Rule 6
[185]Brazil Arbitration Law Law no. 11.079(2004)
[186]Akkuma Olii Kwt 32 fi 33

bu'uuraatti fudhachuudhaan dhimmoota hiiktuu waldiddaa filannootiin furmaata argatan irratti labsii BAAWO hundeessuuf bahe fooyyessuun ykn dambii dhimmoota hariiroo hawaasaa baasuudhaan dhimmoonni kun akka keessatti hammataman taasisuun barbaachisaa dha.

Hojiiwwan qabatamaan karaa BAAWO tiin hojjatamaa turan hojii gorsaa fi mariiti malee hojiin mala HWF fayyadamuun dhimmoota HH irratti murtii kennuu waan hin turreef, rakkooleen gama raawwiitiin uummaman akka hin turre ragaaleen qorannoo kanaaf funaanaman ni mul'isu. Haa ta'u malee, BAAWO tiif aangoon waldiddaa HH dhimmoota mootummaa fi ummataa irratti murtii keennuu kan kennamuuf yoo ta'e, haalli murtichi sun ittiin raawwatamu ykn qaama kamiin murtichi raawwatamuu akka qabu ifaan tumamuun qaba. Kanaafuu, muuxannoon qabatamaa biyyoota adunyaa, Mootummaa Federaalaa fi Mootummaa Naannoo Amharaa irraa fudhatamu akkuma jirutti ta'ee, sadarkaa naannoo keenyaatti labsii fooyyeessuudhaan haala ifa ta'een tumuun kan filatamuu dha.

3.4. Hojimaataa fi Hojirra Oolmaa Hiiktuu Waldiddaa Filannoo BAAWO Keessatti

Mata duree kana jalattii, BAAWO keessatti hojimaatni fi hojirra oolmaan HWF maal akka fakkaatu xiinxalameera. Waldiddaa dhimmoota hariiroo hawaasaa kanneen karaa mala HWF tiin furmaata kennuuf qindoominaa fi walhubannaa BAAWO fi manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa guddaa kan barbaaduu dha. Haala waliigalaa yeroo amma manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa yoo ilaalle falmiiwwan uumamaniin walqabatee dhimmichi falmiif sababa ta'e kun tilmaamni qarshii isaa qarshii kuma dhibba shan (500,000) gadi yoo ta'e, karaa ogeessa seeraa manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummatiin kan falmamu yoo ta'u, falmiiwwan tilmaamni qarshii isaanii immoo qarshii kuma dhibba shanii ol ta'e garuu, karaa BAAWOtti dhiyeessuun ykn beeksisuun beekkamtii biirichaatiin falmamuu akka qabu akka qajeeltootti qabatanii kan jiranii dha.[187] Kun immoo maddi isaa maanuwaalii kenniinsa tajaajila dhimmoota hariiroo hawaasaa dantaa mootummaa fi ummataa BAAWO baase yoo ta'u,kunis:

"Manneen hojii mootummaa, dhaabbileen misooma mootummaa yookiin jaarmiyaaleen uummataa dhimma falmii tilmaamni maallaqa isaa hanga 500,000 (kuma dhibba shan) tti ta'e bakka bu'ummaa addaa Mana Hojichaa yookiin caasaa isaa osoo hin eeggatiin abbummaan akka

[187] Hojimmaanni Kun Manneen Hojii Mootuummaa Hedduu Biratti Hojimaata Ta'ee Kan Ittii Hojjatamaa Jiru Yoo Ta'u,Kanneen Keessaa Hojimaata Bulchiinsa Magaalaa Asallaa, Magaalaa Sabbataa, Magaalaa Sabbataa fa'a Kaasuun Ni Danda'ama.

himatu; deebii akka qopheessu; akka falmu, ol'iyyata akka gaafatu, murtii akka raawwachiisu manawaalii kanaan bakka buufameera"[188] kan jedhuu dha.

Qabatamaan yoo ilaalle garuu dhimmootni tilmaamni qarshii isaanii kuma dhibba shanii ol ta'anillee irra hedduun isaanii gara BAAWOtti dhiyaachaa kan hin jirree dha. Manneen hojii mootummaas ta'ee, dhaabbileen misooma mootummaa dhimmoota isaan muudatan kan himatanii fi kan himataman irratti dhimmichi kallattimaan mana murtii idileetti dhiyaachaa kan jiruu dha[189].

Dhimmoonni kallattiin mana murtiitti kan dhiyaatan yoo ta'e immoo, carraan BAAWO mala hiiktuu waldiddaa filannoo fayyadamuun furmaata kennu kan dhiphatuu waan ta'eef, BAAWO osoo dhimmicha hin beekin falmiin mana murtiitti gaggeeffamaa kan jiruu dha.

Mala HWF irratti hubannoon BAAWO fooyyee kan qabu ta'us, hubannoon manneen hojii fi dhaabbilee misoomaa mootummaa bira jiru baayyee gadi aanaa akka ta'e ragaalee funaanaman kan agarsiisanii dha. Kanaan walqabatee, akka fakkeenyaatti yoo ilaalle immoo ogeessa seeraa ta'ee, aangoo BAAWO dhimmotaa HH irratti qabu akka hin jirretti kan hubatuu fi aangoon BAAWO yakkaa qofa akka ta'e kan hubatus kan jiruu dha.[190] Ogeeyyiin akkasii hubannoon isaan hiiktuu waldiddaa filannoo irratti qabanis haaluma kanaan gadi bu'aa ta'uu isaa kan mul'isuu dha.

Akkaataa Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Gurmeessuu, Aangoo fi Hojii Isaanii Murteessuuf Qophaa'e, Labsii Lak 242/2014 irratti tumameen qaamni mootummaa tokko himatamuu fi himachuus ni danda'a kan jedhu waan tumamee jiruuf, aangoon dhimmoota HH irratti, labsiin BAAWO hundeessuuf baheen BAAWOtiif kenname akka haqametti ogeessi seeraa fudhatuu fi falmii akkasii kaasus kan jiruu dha.[191] Fakkeenyaaf, Biiroon Lafaa Oromiyaa fi caasaan isaa hanga gadii jiru dabalatee waldiddaa HH qaamota biraa waliin qabu karaa ogeeyyii seeraa qabaniin fayyadamuun yoo danda'ame karaa araaraatiin yoo dadhabame immoo karaa mana murtiitiin falmii gaggeessaa kan jiran ta'uun ragaan qorannoo kanaaf funaannamee ni agarsiisa.[192] Kun kan agarsiisuu hubannoon

[188]Olittii Yaadannoo Lak 95, Kwt 47(5).
[189] Olittii Yaadannoo Lak 124
[190] Af Gaffii, Wandimmuu Binoo, Ogeessa Seeraa, Waajjiraa Egumsaa Fayyaa Goodina Shawaa Bahaa waliin gaafa guyyaa 06/07/2014 taasifame, Ogeessi kun akka nuuf ibsetti, bara 2006 irraa egalee, waajjiraa kanattii akka oggessaa seeratti hoojachuu egaleen dhimma hh ofumaa isaatii mana murtii dhiyeessee falmaa akka ture nuuf ibseera.
[191]Af- Gaaffii, Obboo Fufaa Laggasaa, Daayirekteera Tajaajila Seeraa Biiroo Lafaa Oromiyaa, waliin gaafa guyyaa 13/08/2013, gaggeeffame
[192]Akkuma Olii

walfakkaataan ogeeyyii seeraa manneen hojii mootumma fi dhaabbilee misooma mootummaa bira akka hin jirree fi hojii leenjii fi hubannoo uumuu kan barbaachisu ta'uudha.

Kana malees, dhaabbilee misoomaa mootummaa keessaa hojimaata Baankii Siinqee yoo ilaalle, dhimmii hariiroo hawaasaa qamaa motummaa biraa waliin kallattiin wal himatan baayyinaan jiraatuu baatuus darbee darbee liqii waajjiraaleen wabii ta'an irratti manneen hojii mootummaa himatamuu kan danda'anii dha. Kuniis dhimmotaa ijaarsaa piroojektiitiin walqabatee waldaalee IMX'f liqiin waan kennamuuf, yeroo baay'ee kaffaltii duraa fudhatanii waan badaniif qaama wabii isaaniif ta'e, kanneen akka Waajjiraa IMX ykn Buulchinsa Magaalotaa kan himatanii dha. Yeroo akkanaa dhimmichaa bakka bu'uun kan falmii gaggeessu baay'inaan oggeeyyii seeraa qabaniin akka ta'e daataan funaaname ni agarsiisa.[193] Fakkeenyaaf, hojimaata Baankii Siinqee Go/Sh/Bahaa yoo ilaalle ogeessaa seeraa waan qabaniif sadarkaa godinaatti ogeeyyii seeraa qabaniin kan falmamuu yoo ta'u, yeroo dhimmoonni baay'atan immoo abbaan alangaas deeggarsa akka taasisu hubachuun danda'ameera. Karaa maariitiin fi gorsaatiin qarshii deebisiisuu keessatti Waajjirri Abbaa Alangaa gahee ol aanaa taphataa kan jiruu dha.[194]

Kana malees, akka Distriktii Baankii Siinqee Godina Jimmaatti waggaa tokkoo keessatti galmee 200 ol banamee mana murtii dhiyaachuu ni danda'a waan ta'eef, dhimma kana hunda isaa waajjira abbaa alangaa Godina Jimmaatiif kennama yoo ta'e isaanis humna namaa amma qaban waliin keessummeessuu hin danda'an waan ta'eef, ofitti kan fuudhanii miti.[195] Haaluma walfakkaatuun ragaa Baankii Siinqee Distiriktii Godina Arsii irraa argame akka ibsutti galmeeleen lakkoofsi isaanii 250 ol ta'an waggaatti mana murtiitti falmiif kan dhiyaatan waan ta'eef kun ogeeyyii dhaabbatichaatiin yoo falmame malee karaa abbaa alangaa qofaan waan milkaayuu akka hin taanee ibsameera. Haa ta'u malee, dhimmoota araaraan xumuramuu danda'an irratti deeggarsa barbaachisu akkuma amma gochaa jiran kanaan itti fufanii taasisuu qabu.[196] Kanaafuu, dhimma mala HWF tiin furmaata kennuuf aangoon guutuun osoo kennameefi gaarii ta'a yaanni jedhu ka'ee jira.[197]

Waldiddaa uummame irratti malli hiiktuu waldiddaa filannoo BAAWO keessatti hundeeffamee dhimmoonni falmii Baankii siinqeetiin walqabatan karaa HWF tiin osoo keessummeessuun

[193] Af-Gaaffii Obboo Alamuu Tasfayee, Oggeessaa Seeraa Baankii Sinqee Go/Arsii, guyyaa 08/07/2014/ waliin taasifame
[194] Af-Gaaffii Obboo Tamasgaan Mokoniin, Oggeessaa Seeraa fi Obboo Alazar Hundee, Hoogganaa Baankii Sinqee Go/Sh/Bahaa, guyyaa 06/07/2014/ waliin Taasifame
[195] Af gaaffii Obboo Tagany Mulugeetaa, Ogeessa seeraa Baankii Sinqee Distiktii Go/Jimmaa waliin gaafa guyyaa 12/07/2014 gaggeeffame
[196]Olittii Yaadannoo Lak 193
[197]Olittii Yaadannoo Lak 193

danda'amee BAAWO dhimmoota baayyee yeroo gabaabaa keessatti furmaata kennuu danda'a waan ta'eef falmii dheeraa mana murtii irraa bilisa kan godhuu dha. Baankiin siinqee qaama mootummaa waliin kan wal himatan yeroo qaamni mootummaa nama/waldaa liqeeffateef wabii ta'uu dha. Kanneen akkasii immoo karaa mala HWF tiin furamaa kan hin jirree ta'uu hubachuun danda'amee jira.[198] Qaama dhuunfaa waliinis, himannaan jiru osoo karaa mala HWF tiin furmaata argatee bu'aa qabeessa akka ta'u hubachuun nama hin rakkisu.

Kana malees, Naannoo Oromiyaa keessatti, dhaabbilee misoomaa fi manneen hojii mootummaa irra caalaan isaanii dhimmoota qaban kallattimaan ofii isaaniitii mana murtiitti kan dhiyeessan akka ta'ee ragaan qorannoo kanaaf funannamee ni mul'isa.[199] Dhimmoota qabatamoo armaan gadii kanneen akka fakkeenyaatti ilaaluun ni danda'ama.

Dhimma *Himataa Korporeshinii Ijaarsaa Oromiyaa fi Himatamaa Biiroo Eegumsa Fayyaa Oromiyaa irratti*: Biroon Egumsaa Fayyaa Oromiyaa (BEFO) fi Korporeshinii Ijarsaa Oromiyaa waliigaltee ijarsaa Hospitalaa Naqamtee irrattii taasisaanii ijaarsii erga raawwatamee booda kaffaltiin naaf hin kaffalamin jira jechuun Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinneetti dhiyaatee dha.[200] Gama lamaaniinuu oggessotni seeraa isaanii dhiyatanii erga walfalmanii booda murtiin himataaf waan murtaa'eef, himatamaanis murtii kana raawwatee jira. Koorporeshiniin Ijarsaa Oromiyaa ammas kaffaltiin biraa osoo hin kaffalamin hafe jira jechuun galmee biraas kan himatamaa irratti bane yoo ta'u, galmeen kun garuu dhimma tokko irratti yeroo lama himachuun *(spliting of claims)* hin danda'amu jechuun waan jala cufamef, ol-iyyannoo Mana Murtii Waliigala Oromiyaattii dhiyeeffatee adeemsa irra kan jiruu dha.[201] As irrattii BAAWO dhimma waldiddaan irrattii uumame kana mala HWF tiin haa hiiknu jedhee gaafatus himataan fedhii waan hin qabneef, hin milkoofne. Seerri ittiin dirqisisaan waan hin jirreef dhoorkuun hin danda'amne.[202] Sababa kanaan galmee kana bansiisuuf kaffaltiin

[198] Af-Gaaffii Obboo Tamasgeen Mokonniin Oggeessaa Seeraa fi Obboo Alazar Hundee, Hoogganaa Baankii Sinqee Go/Sh/Bahaa, Guyyaa 06/07/2014/ , Af gaaffii Obboo Tagany Mulugeetaa, Ogeessa seeraa Baankii Sinqee Distiktii Go/Jimmaa waliin gaafa Guyyaa 12/07/2014 gaggeeffame, Af gaaffii Obboo Alamuu Tasfaayee, Ogeessa Seeraa Baankii Sinqee, Distiktii Go/Arsii, waliin gaafa Guyyaa 09/07/2014 gaggeeffame

[199] Af-Gaaffii Obboo Magarsaa Laggasaa, Daayirektara Tajaajila Seeraa Biiroo Eegumsa Fayyaa Oromiyaa waliin gaafa 3/08/2014 gaggeeffame, Af-Gaaffii Obboo Shuumii Daayirektara Tajaajila Seeraa Biiroo Bishaanii fi Inaarjii Oromiyaa waliin gaafa 3/08/2014 gaggeeffame

[200] *Dhimma Himataan Korporeshinii Ijaarsaa Oromiyaa fi Himataaman Biiroo Eegumsa Fayyaa Oromiyaa, Mana Murtii Ol'aanaa Goodina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee, Lak Galmee 37921 irratti dhiyaate*.

[201] *Dhimma ol'iyyataa Korporeshinii Ijaarsaa Oromiyaa fi Deebi Kennaa Biiroo Eegumsa Fayyaa Oromiyaa Mana Murtii Waliigala Oromiyatii dhiyeefatee Lak Galm. 396717 irratti dhiyaatee dha*

[202] Olittii Yaadannoo Lak 199

A/Seerummaa qarshii 100,000 ol kaffalamuu bira dabree yeroo fi baajatni mootummaa falmii kanaaf qisasameera.[203]

Dhimmoota qabatamaa hedduu irraa wanti hubannu qabatama Naannoo Oromiyaa yeroo ammaa yoo ilaalle dhimmoonni hedduun isaanii kan murtii argatanis ta'ee kan adeemsa irra jiran dantaa mootummaa fi ummataa qabaatanis ogeeyyii seeraa manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaatiin dhimmoonni gara mana murtiitti falmiin gaggeeffamaa jiruu dha. Fakkeenyaaf, Hojimaata Biiroo Eegumsa Fayyaa Oromiyaa yoo ilaalle baay'inaan ogeeyyii seeraa isaaniitiin falmamaa kan jiruu yoo ta'u, garii isaanii BAAWO beeksisuudhaan garii isaanii immoo osoo hin beeksisin falmiin gaggeeffamaa kan jiru akka ta'e ragaaleen ni agarsiisu.[204]

Dhimmoota qabatamoo yaada armaan olii nuuf deeggaran hedduu kaasuun danda'amus, dhimmoota DHBBO fudhannee akka fakkeenya dabalataatti ilaaluun ni dandeenna. *Dhimma Himaataa DHBBO Damee Arsii, Distiriktii Cilaaloo Gaalamaa fi Himatamaa Buulchinsa Magaalaa Asallaa*, galmeen kan banamee Mana Murtii Ol'anaa Goodina Arsittii yoo ta'uu, himataman lafa bosonaan uwwifamee dangaa magaala Asalaattii argamuu kan qabiyyee DHBBO ta'ee irraa mukkeen gara garaa jiru cirsisuun akka lafaa magalaa ta'eetti waldaalee mana jireenyaatiif waan qoodeef kan himatamee dha. Gareen lamanuu oggeessaa seera isaanin kan falmaan yoo ta'uu, booda bulchiinsa magaalichaa beenya DHBBO tiif akka kaffaluu fi lafas akka gadi dhiisu waan murtaayeef, raawwii isaa irratti dhimmicha araaraan fixachuuf waliigaluun galmeen akka araaraan cufatu ta'eera.[205] Kun kan ta'e garuu erga falmiin mana murtii dadhabsiisaa fi yeroo dheeraa fudhatu taasifamee booda akka ta'e af-gaaffii Bulchiinsa magaalichaa irraa hubachuun ni danda'ama.[206]

Dhimmi biraa dhimma kanaan walfakkaatu dhimma *Himaataa DHBBO Distiriktii Wallagaa Bahaa fi Himatamaan Wajjiraa Lafaa Godina Wallagaa Bahaaa*, Mana Murtii Waligala Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Lixaa irratti Waajjirii Lafaa Go/Wallagaa Bahaa, lafaa qabiyyummaan isaa kan DHBBO ta'ee irratti waraqaa ragaa qabiyummaa qopheessuun namoota dhuunfaaf waan dabarseef, himannaa irratti dhiyaatee dha. Gareen lamanuu oggeessaa seera isaanitiin dhaddacha irratti erga walfalmaa turanii booda hooggansi manneen hojii lamaan waliin

[203]Olittii Yaadannoo 116
[204]Olittii Yaadannoo 199
[205]*Dhimma Himaataan; DHBBO Damee Arsii, Distiriktii Cilaaloo Gaalamaa fi Himataman Buulchinsa Magaala Asallaa. Mana Murtii Ol'anaa Goodina Arsittii, Lak Galm.83188 irratti dhimma dhiyaatee dha.*
[206]Af gaaffi obboo Qananii, Ogeessa Seeraa Wajjira Bulchiinsa Magaalaa Asallaa, waliin gaafa 7/7/2014 gaggeeffame

dubbachuun dhimmicha araaraan xumuruuf waliigalanii galmeen akka cufatu ta'eera.[207]Kana irratti waliigalanis waajjirri lafaa ragaa qabiyummaa kennee ture haquun qabiyumman gara DHBBO tti akka deebi'uu taasisuufi ta'ee adeemsa irraa akka jiramu ibsamera.[208]Dhimma kana irra akkuma hubatamu falmiin kallattiin mana murtiitti dhihaachuu isaa, manni hojichaa fi dhaabbatichi ogeeyyii seeraa mataa isaaniitiin kan waliin falman ta'uu fi dhimmichi gara BAAWO kan hin dhiyaatin ta'uu dha. Akka waliigalaatti, dhimmoota hedduu dhiyaatan irraa wanti hubatamu keessattuu dhaabbileen misoomaa mootummaa hedduun isaanii dhimma isaan mudate kallattimaan mana murtiitti dhiyeessanii karaa ogeessa isaanitiin falmii gaggeessaa akka jiran kan mullisuu dha.

BAAWO sadarkaa biirootti hojiiwwan waldiddaan dhimmoota hariiroo hawaasaa qaamota mootummaa hedduun karaa mala HWFtiin furmaata akka argatan sochii taasisaa akka jiru ragaaleen garaagaraa kan agarsiisanii dha. Fakkeenyaaf, Xalayaa Lak K10-35/12/02 gaafa guyyaa 29/08/2013 barreesseen Korpooreeshiniin Ijaarsa Oromiyaa maallaqa miiliyoon 23, 853,4007.16 kan Abbaa Taayitaa Daandiiwwan Oromiyaa irraa qabu BAAWO akka naaf kaffalchiisuu jechuun gaafatee jira. Iyyata kana irra dhaabbachuun Xalayaa Lak 09/44/17/125 gaafa guyyaa 26/09/13 barreesseen, BAAWO iyyata isin irratti dhiyaate irratti akka deebii kennitan jechuun Abbaa Taayitaa Daandiiwwan Oromiyaatiif barreessee gaafatee jira. Kanuma irratti hundaayuun, Xalayaa Lak ADO/5/1205 gaafa guyyaa 06/01/2014 barreeffameen, Abbaan Taayitaa Daandiiwwan Oromiyaa, BAAWOtiif deebii kennuu danda'ee jira. Kanumaan deeggarsa BAAWO tiin falmiin mana murtii osoo hin qaqqabin yeroo amma gareen lamaan dhimmicha mariidhaan/araaraan furuuf waliigalanii adeemsa irra kan jiruu dha.[209]

Kana malees, Maallaqa mootummaa karaa adda addaatiin kaazinaa mootummaatti galii osoo hin ta'in hafe, hordofanii karaa Araaraatiin/gorsaatiin akka galii ta'u gochuu keessatti BAAWO hojiiwwan gurguddoo hojjachaa kan jiruu dha. Gama kanaan waajjiraaleen hojii fakkeenyummaa qaban hojjatan keessa tokko Waajjira Abbaa Alangaa Bulchiinsa Magaalaa Laga Xaafoo Laga Daadhiiti. Waajjirichi Xalayaa waajjira Galii Bulchiinsa Magaalichaatiif barreesseen maallaqa mootummaa karaa adda addaatiin galuu osoo qabuu, osoo hin galin hafe hordoftanii akka galichisiiftan kan galii hin goone yoo ta'e immoo gabaasa akka nuuf gootan jechuun ajajni waan kennameef, waajjirri Galii immoo kana irra dhaabbachuun marii qaama adda addaa waliin

[207]*Dhimma Himataan DHBBO Distiriktii Wallagaa Bahaa fi Himatamaan Waajjira Lafaa Godina Wallaggaa Bahaaa Mana Murtii Waaligala Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Lixaa Lak Galmee. 59512*

[208] Af-gaffii obbo Abdallaa Galaase, Ogeessaa Seera DHBBOOromiyaa waliin gaafa 3/9/2014 taasifame

[209] Afgaaffii obboo Isheetuu Balaay, Daayirektara Dayirektooreetii Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa BAAWO, waliin gaafa 2/9/2014 gaggeeffame

taasisaniin qarshiin miliyooni jahatamii tokkoo fi kuma dhibba saddeetii fi kuma shantamii jahaa fi dhibba torbaa fi soddomii sadii fi saantima afurtamii sagal (61, 856,733.49) kaazinaa mootummatti kan deebi'e dha.[210]. Qarshiin kun kuufama gibiraa dhaabbilee daldalaa garaagaraa, kaffaltii liizii, gibira mindaa, kiraa manaa fi kkf fa'a kan hammatu yoo ta'u, galii kan ta'es hubannoo seeraa fi gorsa BAAWO fi qindoomina waajjira galiitiin akka ta'e hubachuun kan danda'amuu dha.[211]

Haaluma walfakkaatuun, Godina Jimmaatti, Waajjirri Abbaa Alangaa Aanaa Qarsaa maallaqa mootummaa karaa araaraa fi gorsaatiin deebisiisee, qarshii milliyoona 21,330,790.60 tahu isaa xalayaa Lak 812A/A/2014 gaafa guyyaa 14/7/2014 barraayeerra hubachuun ni danda'ama. Dabalataani Waajjirri Abbaa Alangaa Godinaa Jimma qarshii karaa marii fi gorsaan gara kaazinaa mootummaatti akka deebi'u taasifame qarshii miilliyoona soddomii tokkoo (31,000000) ta'uu isaa beekkameera.[212] Waajjirri Abbaa Alangaa Godinaa Sh/Bahaas qarshii mootummaa karaa mariitiin galii taasise qarshii milliyoona 61,000,000 ol kan tahu karaa mariitiin gara kaazinaa mootummaatti akka deebi'u taasifamee jira.[213]BAAWO dhimmoota HH irrattii aangoo kennameef hojirraa oolchuuf fi hanqinoota hojii keessatti isa muudatan hir'isuuf dambii fi qajeelfamotaa baasuu baatuus, maanuwaalii mala HWF of keessaa qabu qopheeffachuun hojirra oolchuuf yaalee jira.[214] Dabalataniis, caasaalee mana hojichaa sadarkaa sadarkaan jiran keessattii garee dhimma HH karaa HWF kanaan fala kennuu danda'an gurmeessuun hojitti galchuuf akka yaada qabu maanuwaalicha irraa hubachuun ni danda'ama. Haata'u malee, akkataa maanuwaalichaatiin gareen hiiktuu waldiddaa filannoo BAAWO keessatti gurmaayee hojitti kan hin galin ta'uu ragaaleen qorannnoo kanaaf funaanaman ni mul'isu.

Karaa biratiin BAAWO yeroo amma 'Wixinee Dambii Sirna Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Dantaa Ummataa fi Mootummaa Naannoo Oromiyaa Diriirsuuf Qophaa'e' jedhu qoophessuun

[210] Xalayaa Lak W.G.09782/14 Gaafa Guyyaa 15/06/2014 Waajjirri Galii Bulchiinsa Magaalaa Laga Xaafoo Laga Daadhii Barreesse, Waajjira Abbaa Alangaa Bulchiinsa Magaalaa Laga Xaafoo Laga Dhaadhiitiif erge irraa Hubachuun ni Danda'ama. Kana Malees Bara 2013 Keessa Qarshiin Mootummaa WLQO Irraa Liqeffatamee Deebi'ee Galii Ta'e fi WLQO 'n immoo Waajjira Abbaa Alangaa Bulchiinsa Magaalichaatiif Gabaasaa Turuu isaa ragaan waajjira keessa jraachuu akka garee qorannootti ilaaluun danda'amee jira.
[211]Olittii Yaadannoo 163
[212]Olittii Yaadannoo Lak 124
[213]Olittii Yaadannoo Lak 118
[214]Olittii Yaadannoo Lak 95

maanajimantii biirichaatiin erga mirkanaayee booda, gara Mana Maarii Bulchinsa naannichaatti dabarsee jira.[215]

3.6. Qindoomina BAAWO fi Manneen Hojii Mootummaa/Dhaabbilee Misooma Mootummaa

Ogeeyyiin seeraa manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootumma kanneenii fi BAAWO aangoo fi gaheen isaan dhimmoota falmii seera ykn waldiddaa dhimmoota hariiroo hawaasaa irratti qaban maal ta'uu qaba ykn haala kamiin wal hubatanii waliin hojjachuu danda'an kan jedhu irratti seerri jiru iftoomina hin qabu. Sababni isaa seeraa fi qabatama yoo ilaalles yeroo amma daangaan aangoo fi gahee isaanii adda bahee ifatti waan hin tumaminiif manneen hojii hedduu keessatti ogeeyyii seeraatiin manneen hojii muraasa keessatti immoo karaa abbaa alangatiin falmiin hariiroo hawaasaa akka gaggeeffamu ta'ee jira. Kun immoo hojimaanni walfakkaataa ta'e raawwatamaa kan hin jiree ta'uu isaa kan agarsiisuu dha.Sirna too'annoo fi hordoffii seera irratti bu'uureeffate diriirsuudhaan ittigaafatamummaa yoo hin mirkaneessin yaaddama kana galmaan gahuun baayyee rakkisaa ta'a.

Manneen hojii mootummaa fi dhaabbileen misooma mootummaa ragaa fi odeeffannoo isaan bira jiru yeroo BAAWO barbaadutti haala kamiin dhiyeessuufii akka qaban karaa ifa ta'een diriiruu qaba. Akkuma beekkamu manneen hojii mootumma fi dhaabbilee misooma mootummaa waldiddaa dhimmoota hariiroo hawaasaa isaan mudatu karaa ogeeyyii seeraa mataa isaaniitiin falmachaa akka turan ni beekkama. Haata'umalee, Labsiin Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa (Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa ammaa) hundeessuuf bahe, Labsiin Lak 214/2011 immoo aangoo kana gara Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaatti dabarsuun biiricha aangeessee jira. Ta'us qabatama Naannoo Oromiyaa yeroo ammaa yoo ilaalle hojiiwwan falmiin hariiroo hawaasaa hedduun isaanii geggeeffamaa kan jiran karaa ogeeyyii manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaatiin akka ta'e daataa af-gaaffiin argamee fi galmeewwan/dhimmoonni qabatamoon ni mul'isu.

Labsii fi wixinee dambii dhimmoota hariiroo hawaasaa fi akkasumas maanuwaalii dhimmoota hariiroo hawaasaa BAAWO bara 2012 baase waliin yoo dubbifne, waldiddaa dhimmoota hariiroo hawaasaa dantaa mootummaa fi ummataa of keessaa qaban karaa mala hiiktuu waldiddaa filannootiin furamuu akka qaban yaaddamni kan jiru ta'uu ni agarsiisa. Haata'umalee, wixineen dambii fi maanuwaaliin dhimma kanaan walqabatee bahe yeroo amma dirqisiisaa waan

[215] Afgaaffi obboo Galataa Akkumaa Soorii, Daayirektara Daayirektooreetii Wixinee seeraa BAAWO, waliin gaafa guyyaa 14/08/2014 gaggeeffame

hin taaneef manneen hojii mootummaa fi dhaabbileen misooma mootummaa dhimmoota qaban karaa biiroo abbaa alangaatti dhiyeessuun fala barbaadaa kan hin jirre ta'uu ragaan funaaname ni agarsiisa.

As irratti rakkoolee gurguddoo lama kaasuun ni danda'ama. Tokkoffaa, dhimmoonni hundi duguugamanii gara BAAWO dhihaachaa hin jiran; lammaffaa immoo kanumti dhiyaataniyyuu bu'uura seeraa gahaa fi caasaan gahaan BAAWO keessa waan hin jirreef, dhimmoonni karaa mala hiiktuu waldidddaa filannoo adeemsa isaa eeggateen furmaanni kennamaa hin jiru. Kanaafuu rakkooleen kun lamaan hanga hin furamnetti dhimmoonni kara BAAWO dhiyaatanii mala HWF tiin furmaata argachuu hin danda'an.

Rakkoo isa calqabaa ilaalchisee muuxannoo naannolee biroo fi mootummaa federaalaa ilaaluun barbaachisaa dha. Sadarkaa Mootummaa Federaalaatti, Ministeerri Haqaa haala ogeeyyiin seeraa manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misoomaa mootummaa waliin hojiiwwan falmii hariiroo hawaasaa adda qooddatanii itti hojjachuu danda'an irratti qajeelfama qopheessanii mirkaneessuuf adeemsa irra kan jiruu fi dhimmoonni falmii kanneen karaa mala filannootiin furamuu danda'an garuu karuma Ministeera Haqaatiin kan hojjatamanii dha.[216] Qajeelfamni kunkaayyoon isaa guddaan manneen hojii ykn dhaabbilee misooma mootummaa aangessuun (by giving delegation) dhimmoonni baayyee sasalphaa ta'an achumatti ogeeyyii seeraa isaaniitiin akka furmaata argachuu danda'an, dhimmoonni amala isaaniitiin baayyee walxaxoo ta'an ykn baay'ina maallaaqaa isaaniis olka'oo ta'an gara Ministeera Haqaatti dhiyaatanii furmaanni akka itti kennamu taasisuu dha.[217] Yeroo amma kana baayyinni falmii qaamota mootummaa gidduutti, akkasumas qaama mootummaa fi kan dhuunfaa gidduutti uummaman kanneen gara mala HWF dhiyaachaa jiru yeroo gara yerootti dabalaa kan dhufe ta'uun isaa fedhiin mala hiiktuu waldiddaa filannoo dabalaa jiraachuu isaa agarsiisa.[218]

Dhimma kana irratti muuxannoon Mootumma Naannoo Amhaaraa maal fakkaataa kan jedhu yoo ilaalle BAAWO akkuma angoo dhimmoota hariiroo hawaasaa manneen hojii fi dhaabbilee misooma mootummaa irraa ogeessota seeraa isaanis kanneen ulaagaa guutan fudhatee gara BAAWN/Amhaaratti dabale waan ta'eef, dhimmoonni falmii hariiroo hawaasaa dantaa mootummaa fi ummataa qaban hunduu dabarfamanii Biirichaaf waan kennamaniif dhimmoota mala filannootiin furamanis qaamota waldhaban lamaan walitti fidee mariirisuun kan araarsuu

[216]Olittii Yaadannoo 105
[217]Olittii Yaadannoo 105
[218]Olittii Yaadannoo 105

ykn murtii kennaa kan jiruu dha.[219] Kanaaf haalli yeroo ammaa ogeeyyiin manneen hojii fi dhaabbilee misoomaa mootummaa fi BAAWO ittii waliin hojjataa jiran bifa walfakkaataa hin taanee fi bifa ciccitaa ta'een waan ta'eef sirni itti waliin hojjachachuun danda'amu wayii diriiruu kan qabuu dha.

Gaheen hojii BAAWO fi gaheen hojii ogeeyyi seeraa kun dhimmoota HH irratti qaban maal ta'uu qaba kan jedhuu seeraan tumamuu qaba. Ragaan walqabate ragaalee waajjirri abbaa alangaa barbaadu hunda duguuganii dhiyeessuu fi deeggarsa waajjirri abbaa alangaa barbaadu hunda taasisuu irratti iddo tokko tokko hanqinni waan jiruuf, kun immoo sirraayuu danda'uu qaba. Maandeetiin ogeeyyiin seeraa manneen hojii fi dhaabbilee misoomaa maal ta'uu qaba jedhamee erga adda bahee booda, haala ogeeyyiin seeraa kunniin mirga fi faayidaan isaanii eeggamee leenjii fi hubannoon barbaachisu kennameefi deeggarsaa fi hordoffii itti kennamuufii danda'u irratti haalli osoo mijatee ni filatama. Ogeeyyiin seeraa kun hanguma feete hanqinaalee garaagaraa haa qabataniiyyu malee, muuxannoo fi amala hojii mana hojii isaanii sirritti waan beekaniif, deeggarsa ogummaa guddaa gochuu danda'u waan ta'eef, BAAWO isaan waliin qindoominnaa fi walhubannaa cimaan yoo jiraate, hojii milkaayina qabu hojjachuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf, ogeeyyii seeraa mana hojiitii sanii baasanii BAAWO tti makuun mana hojichaa san irratti qaawwa hojii seeraa heddu banuu danda'a waan ta'eef,[220] ogeeyyii mariisisaa isaan waliin hojjachuun bu'aa guddaa kan qabu akka ta'e,[221] muuxannoowwan jiran kan agarsiisanii dha.

Dhimmoota karaa hiiktuu waldiddaatiin furuun hin danda'amne irratti Biirichi ulfaatinaa fi walxaxiinsa dhimmicha irratti hundaa'ee tajaajila falmii gaggeessuu qoodee mana hojii mootummaa yookiin dhaabbata misooma mootummaatiif/ykn immoo qaamolee mootummaa amala hojii isaaniitiin BAAWO tti dhiyeessuun hin danda'amne irratti bakka bu'ummaan/delegation/isaanumaaf kennuu osoo danda'amee bu'aa kan qabuu dha.Walumaagalatti, BAAWO (waajjiraalee sadarkaan jiran) fi ogeeyyiin seeraa seektaraalee garaagaraa keessa jiran haala kamiin qindoominnaan dalaguu qaban kan jedhu irratti wanti ifa ta'e jiraachuu qaba. Hima biraan Waldiddaawwan uummaman karaa mala filannoo waldiddaa hiiktuutiin furmaata kennuu keessatti gaheen Og/seeraa manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa maal ta'uu qaba kan jedhu haala ifa ta'een tumamuu qaba. Kun immoo

[219] Af-Gaffii, Obboo Gizaachoo Masfin, Daarektara Dhimmoota Hariirroo Hawaasaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Naannoo Amhaaraa Waliin gaafa guyyaa 05/09/2012 gaaggeefame fi Obboo Getahun Walilinyi , Raawwataa Abbaa Alanga Dayrektoreetii Hariiroo Hawaasaa Ministeera Haqaa.waliin gaafa 4/08/2014

[220] Olittii Yaadannoo

[221] Olittii Yaadannoo Lak 98

rakkoo hojimaata garaagaraa amma jiru furuun hojiin walfakkaataan akka hojjatamu kan taasisuu dha.

3.7. Rakkoowwan Waldiddaan Dhimmotaa Hariiroo Hawaasaa Karaa Mala Hiiktuu Waldiiddaa Filannoon Akka Hin Furamne Taasisan

Akkuma kana dura ilaaluuf yaalletti, waldiddaa dhimmoota hariiroo hawaasaa karaa mala hiiktuu waldiddaa filannootiin furuun faayidaa ol'aanaa kan qabu ta'us, kun akka hin milkoofne wantoonni rakkoo ta'an hedduu dha. Kanneen keessaa tokkoffaan, rakkoo haguuggii seeraa mala hiiktuu waldiddaa filannoo irratti jiruu dha. Waldiddaan dhimmoota hariiroo hawaasaa qaama mootummaa lama gidduutti uummameen walqabatee haala waldiddaan kun mala hiiktuu waldiddaa filannoodhaan itti furamu irratti uwwisni seeraa gahaan jiraachuu dhabuu ni jira. Waldiddaa dhimmoota hariiroo hawaasaa manneen hojii mootummaa ykn dhaabbilee misoomaa mootummaa fi namoota dhuunfaa ykn dhaabbata dhuunfaa gidduutti uumamu ilaalchisee haala waldiddaan kun karaa mala filannoo birootiin itti furamu irratti wanti seerichi tume kan hin jirre waan ta'eef qaawwa guddaa kan uumee fi uumuu dha. Kana jechuun waldiiddaa qaamota kana gidduutti uummamu ilaalchisee karaa hiiktuu waldiddaa filannootiin furmaata kennuu ilaalchisee wanti seerri ifaan tume hin jiru.[222]

Rakkoon biroo rakkoo hubannoo qaamotni garaagaraa hiiktuu waldiddaa filannoo irratti qabanii dha. Qaamonni mootummaa fi namoonni dhuunfa ykn dhaabbanni dhuunfaa Aangoo Biiroo Abbaan Alangaa waldiddaa mala HWF tiin furmaata kennuu akka danda'u irratti hubannoon qaban gadi aanaa ta'uu isaati. Kana irraa kan ka'e kutannoon isaan waldiddaa HH gama waajjira abbaa alangaatti dhiyeessuun falli akka barbaaddamu taasisuu laafaa dha. Dhimmoota araaraan fala itti kennuun faayidaa guddaa kan qabu ta'uun osoo beekkamuu ittigaafatamummaa dhufuu malu sodaachuu fi xiyyeeffannoo kennuu dhabuun waan jiruuf murtii mana murtiitiin kennamu qofa akka sirrii ta'eetti fudhachuu fi dhimmoota garaasitti dhiibuun kan jiruu dha.[223] Keessattu ogeeyyiin seeraa manneen hojii fi dhaabbilee misoomaa mootummaa itti waamamni isaanii hooggantootuma mana hojii ykn dhaabbata misoomaa mootummaa saniif waan ta'aniif, waan hooggansi isaanii itti hin amanin hin raawwatan. Hooggantoonni kun immoo dhimmoota seeraa irratti hubannoon isaan qaban gadi aanaa waan ta'eef, dhimmootaa irratti akka barbaaddamutti

[222] Olittii Yaadannoo Lak 121

[223] Afa gaaffii Obboo Lataa Dheeressaa, fi Obboo Ashannaafii Irreessoo, Oggeeyyii Seeraa Bulchiinsa Magaalaa Sulultaa, waliin gaafa guyyaa 19/07/2014. Gaggeeffame, Afgaaffii Obboo Abiyyi Kaasaayee, Ogeessa Seeraa Bulchiinsa Magaalaa Laga Xaafoo Laga Daadhii, waliin gaafa guyyaa 21/07/2014 gaggeeffame, Afgaaffii, Obboo Tafarraa Alamuu Og/Seeraa Bulchiinsa Magaalaa Sabbataa waliin gaafa guyyaa 22/07/2014 gaggeeffame

waan isaan irraa eeggamu kan raawwatanii miti.[224] Gama mootummaatiin xiyyeeffannoon itti kennuu fi hunbannoo guddaan uumuun baayyee barbaachisaa ta'uu isaa muxannoo Mootummaa Federaalaa fi muuxannoon Mootummaa Naannoo Amhaaraa ilaaluun gahaa dha.[225]

Dhimmi biroo kan akka rakkootti ka'uu danda'u dhimma qabiinsa ragaatiin walqabatuu dha. Kana jechuun ragaaleen manneen hojii mootummaa ykn dhaabbilee misooma mootummaa keessattuu ragaan barreeffamaa kanneen hojii isaniitiin walqabatan sirnaan karaa ammayyaawaa ta'een olkaayyamaa waan hin jirreef, kun immoo gaafa dhimma san irratti falmiin ka'u falmiilee ykn waldiddaawwan waajjiraalee kanneen irratti ragaa san barbaaddanii argachuun baayyee rakkisaa waan ta'eef, dhimmoota akkasii karaa mala filannoo jiruun furmaata kennuu irratti rakkoo guddaa ta'aa kan jiruu fi manneen hojii mootummaa hedduu kisaaraa ol'aanaa ta'e keessa galaa kan jiranii dha.

Rakkoon kun immoo daran kan hammaatu waajjira lafaa bulchiinsa magaalotaa irratti yoo ta'u, kunis ragaan beenyaa qabiyyee lafaatiin walqabatan sirnaan olkaayamaa waan hin jirreef, yeroo falmiin ka'u, ragaan qabatamaa waan hin argamneef waajjiricha keessa waan hin jirreef dhimmichi mala hiiktuu waldiiddaa filannootiin yoo furre itti gaafatamummaa hordofsiisa jedhamee waan yaaddamuuf, dhimmichi irratti manni murtii waan barbaade haa murteessuu jechuun dhimmichi mana murtiitti dhiyaataa akka jiru ragaan kan agarsiisuu dha. Ragaan qabatamni osoo jiraate ragaa san irratti hundooftee waldiddaa san karaa mala filannoo waldiddaa hiiktuutiin furuun ni danda'ama ture.[226] Fakkeenyaaf, waajjiraalee lafaa heddu keessatti ragaan beenyaa lafaa ittiin kaffalamu seeraan waan hin kaayamneef abbootiin qabiyyeee beenyaa erga fudhatanii booda hooggansi waajjira lafaa gaafa jijjiiramu waggoota muraasa booda irra deebiin beenyaa gaafatu, yeroo kana immoo ragaan beenyaan ittiin kaffalame waajjiraalee keessatti waan hin argamneef ykn immoo karaa adda addaatiin waan baduuf dhimmoota akkasii mala filannootiin haa ilaallamu yoo jedhame, dhimmicha irratti ragaa waan hin qabneef dhiyaatanii hin mari'atan. Kanaaf, murtii manni murtii murteessuu eeguun murticha irra dhaabbatanii gara raawwiitti kan deemmamuu dha.

[224] Af-Gaaffii Obbaa Ashannaafii Irreessoo , Oggeessaa Seeraa Mana Qopheessaa Bulchiinsa Magaalaa Sulultaa, waliin gaafa guyyaa 19/07/2014 gaggeeffame

[225] Af-Gaffii, Obboo Gizaachoo Masfin, Daarektara Dhimmoota Hariirroo Hawaasaa Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Naannoo Amhaaraa Waliin Gaafa Guyyaa 05/09/2012 Gaggeeffame, Afgaaffii Obboo Geetaahun Waalilinyi, Raawwataa Abbaa Alanga Daayrektoreetii Hariiroo Hawaasaa, Ministeera Haqaa. Waliin gaafa guyyaa 4/8/2014 gaggeeffame

[226] Akkuma Olii

Rakkoon biroo osoo hin kaasin bira dabruu kan hin barbaanne rakkoo humna namaa gahaa ykn gurmaayinsa caasaan waldiddaa dhimmoota HH karaa mala filannoo waldiddaa hiiktuutiin furuu danda'u diriiruu dhabuuti. Kana jechuun haala amma jiruun waldiddaa dhimmoonni HH hundi akkataa seeraatiin gara BAAWO kan dhiyaatu osoo ta'ee, humna namaa amma jiruun dhimmoota hunda keessummeessuu kan danda'uu miti. Haaluma kanaan caasaan waldiddaa dhimmoota hariiroo hawaasaa karaa mala HWF tiin keessummeessuu danda'us daayirektoreetii ykn adeemsa dhimmoota HH jalatti kan gurmaayee kan hin jirree waan ta'eef, osoo dhimmichi mala filannoo kanatti dhiyaatees caasaa fi humna namaa amma jiru kanaan hojii bu'a qabeessa ta'e hojjachuun hin danda'amu. Karaa biraatin Oggeesoota BAAWO sadarkaa sadarkaan jiran keessatti mala hiiktuu waldiddaa filannoo (HWF) fayyadamee waldhabdeewwan jiran furuuf ageessi ramadamu ulaagaa maali guutuu qaba (fkf, sadarkaan barnootaa fi koodii naamuusaa, dirqamoota akka iccitii eeguu fi kkf) kan jedhuu haala ifa ta'een seeraan tumamuu qaba. Kana yoo hin taane hojiin hiikuu waldiddaa filannoo haala barbaaddamuun adeemsa isaa eeggatee hojirra ooluu hin danda'u jechuu dha. Kanaafuu, wantoota kanneen furuudhaan hiiktuu waldiddaa filannoo karaa bu'aa qabeessa ta'een BAAWO keessatti hojirra oolchuun ni danda'ama.

BOQONNAA AFUR

GUDUUNFAA FI YAADA FURMAATAA

4.1. Guduunfaa

Hiiktuu waldiddaa filannoo (HWF) hojiirra oolchuun faayidaa hedduu qaba; isaanis, karaa nagahaan waldiddaa hiikuu, namni tokko dhimma isaa irratti aangoo murteessuu akka qabaatu dandeessisuu, garee lamaanuu injifataa taasisuu, walitti dhufeenya gaarii jiru itti fufsiisuu, waldiddaa yeroo gabaabaa fi baasii xiqqaan hiikuu fi mala waldiddaa hiikuuf ooluu akka haala isaatti jijijjiiraa hojiirra oolchuuf fi kkf caqasuun ni danda'ama.[227]

Haaluma kanaan, jabana kana HWF waldiddaawwan namootaa fi dhaabbilee dhuunfaa gidduutti uumaman furuu bira darbee, wal-dhabdeewwan dhimmoota hariiroo hawaasaa (HH) manneen hojii mootummaa, dhaabbilee misooma mootummaa fi jaarmiyaalee uummataa gidduutti uumamaman akkasumas qaamolee kanneenii fi nama/dhaabbata dhuunfaa gidduutti uumaman irratti raawwatiinsa bal'aa akka qabaatu ta'uun dantaan mootummaa fi uummataa yeroo gabaabaa fi baasii salphaan akka kabajamu gochuu keessatti shoora guddaa bahaa jira.

Biyya keenya keessatti waldiddaawwan uumaman mana murtii idileetiin ala mala HWFn hiikuun dhimma beekamtii aadaa fi seeraa qabuu dha. Haala adda ta'een, Uummatni Oromoo aadaa waldiddaa marii fi jaarsummaan hiikuu cimaa kan qabuu waan ta'eef, mala HWF sirna seeraa Naannichaa keessatti hammachiisuun gara dhimmoota hariiroo hawaasaa dantaa mootummaa fi uummataa itti hiikanitti guddisuun barbaachisaa dha.[228]

Dantaa ummataa fi mootummaa kabachiisuuf Biiroon Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa (BAAWO) waldiddaa dhimmoota HH manneen hojii mootummaa ykn/fi dhaabbilee misooma mootummaa Naannichaa gidduutti uumaman, mana murtii yookiin mana murtiin ala mala HWF tiin akka furamu murteessuu fi bu'uura murtichaatiin raawwatamuu isaas akka mirkaneessu Labsii Lak 214/2011 kwt 7(39) irratti aangahee jira. Bu'uura labsii kanaatiin aangoon BAAWOf kenname kun aangoo hundee dubbii keessaa seenuun ilaaluu yookaan aangoo mala dhimmichi ittiin ilaalamu adda baasuun qajeelchuu ta'uu ilaalchisee iftoomina gahaa hin qabu. Iftoomina dhabuun seerichaa, hundee dubbii dhimmoota hariiroo hawaasaa dantaa mootummaa fi

[227] Brown and Marriot (1993).*ADR Principles and Practice,(1993)*p.5.

[228]*Dr.Wogari Negari* 'Indigenous Knowledge for Good Governance And Development: Unleashing The Wisdom Of The Gada System'(2018)Vol. VI, No. 2,Amity Journal of Management
The economic and social implication of arbitration makes it more preferable than litigation. Especially in Oromia the experience is native so it needs no further domestication. The society"s way of life i.e. its communal nature makes ADR mechanisms preferable than litigation. In communal societies where the face-saving practice has a wide speared acceptance, litigation has undesired consequences.

uummataa ta’an keessa galee ilaaluu fi dhimmicha mala HWFtiin akka hin furre taasisaa akka jiru daataan walitti qabaman ni agarsiisu.

Itti dabalees, haala kanaan tumamuun seerichaa manneen hojii fi dhaabbileen misooma mootummaa waldiddaa dhimmoota HH isaan gidduutti akkasumas isaanii fi qaama biroo gidduutti uumamu gara BAAWOtti akka geessan seerri dirqisiisu hin jiru; isaanis dhimmoota kanneen gara Biirichaa geessuun mala HWFtiin furmaata akka argatu taasisaa hin jiran. Waldiddaa uumaman hedduu gara mana murtii idileetti geessuun kan falman waan ta’eef, qisaasama qabeenyaa mootummaa fi ummata irra gahu xiqqeessuun hin danda’amne.

Gama biraatiin, Labsiin lak 214/2011 kwt 7(37) fi labsii lak 236/2013 kwt 2(9) BAAWO mirgaa fi dantaa ummataa fi mootummaa kabachiisuuf jecha manneen hojii, dhaabbilee misooma mootummaa fi jaarmiyaalee ummataa bakka bu’ee akka falmu aangeffamee jira. Hima biraatiin ibsuuf, qaamoleen olitti ibsaman yeroo nama dhuunfaa, dhaabbata dhuunfaa, mootummaa federaalaa ykn mootummaa naannolee biroo waliin waldhabu, BAAWO isaan bakka bu’ee akka falmuu danda’u kan aangeffame yoo ta’ellee dhimmootni baay’een ogeeyyii seeraa manneen hojii ykn dhaabbilee misooma mootummaatiin mana murtii idileetti dhiyaataa jiru. Tumaa seeraa armaan olii akka agarsiisutti BAAWO dhimmoota HH mala HWFtiin ilaaluun furmaata akka itti kennu hin aangessine; qabatamni jirus akka mul’isutti dhimmootni HH dantaa mootummaa fi uummataa qaban mala HWF tiin furmaata argataa hin jiran.

Dhimmi sadarkaa lammaffaatti xiyyeeffannoo barbaadu dhimma caasaa fi gurmaayinsa BAAWO ilaallatuu dha. Caasaan yeroo amma BAAWO keessa jiruun, dhimmoonni hariiroo hawaasaa sadarkaa biirootti Daayirektooreetii dhimmoota hariiroo hawaasaa jalatti, sadarkaa waajjiraalee abbaa alangaa godinaatti immoo Adeemsa Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa jalatti kan ilaallamanii fi kan hojjatamanii dha. Sadarkaa waajjiraalee aanaalee fi bulchiinsaalee magaalaatti immoo, adeemsi yakkoota adda addaa fi kan hariiroo hawaasaa walumatti adeemsa tokko jalatti kan hordofamuu dha.

Maanuwaalii Hojii Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Dantaa Uummataa fi Mootummaa, BAAWO bara 2012 baafatee kwt 32 jalatti akka tumametti, Haala Gareen Mala Filannoo Waldiddaa Hiiktuu Itti Gurmaa'an ibsamee jira. Gareen mala hiiktuu waldiddaa filannoo akkaataa maanuwaalicha irra taa’e kanaan BAAWO fi waajjiraalee sadarkaa sadarkaa jiran keessatti kan hin gurmaayin akka ta’e ragaan qorannoo kanaaf funaaname ni agarsiisa. Kanaafuu, Sadarkaa biiroottis ta’ee, sadarkaa waajjiraalee godinaa fi waajjiraalee aanaatti/bulchiinsaalee magaalaatti

gareen mala HWF hojirra oolchuuf hundaaye hin jiru. Humni namaa adeemsa hariiroo hawaasaa jala jiru garee kana hundeessuuf kan dandeessisuu miti.

Qabxiin ijoon biroo as jalatti ka'uu qabu, haala raawwii murtiilee kara HWF tiin kennamuti. Murtiin karaa mala HWF tiin kennamu haala kamiin raawwatamuu akka qabu seeraan naannoo keenyaatiin kan hin tumamne yoo ta'e, dhimmicha karaa mala hiiktuu waldiddaa filannootiin furmaata laatuun gatii hin qabu. BAAWO waldiddaa dhimmoota hariiroo hawaasaa ofitti fuudhee furmaata ykn murtii kan kennu yoo ta'e, haalli raawwii murtii/waliigaltee araaraa/ kun itti raawwatamu seeraan tumamuu qaba. Murtii kana raawwachiisuu keessatti immoo gaheen BAAWO maal ta'uu akka qabu seeraan ifatti tumamuu qaba. Sababni isaas qaamota waldhaban keessa isa tokko irratti yoo murtaayee fi qaamni murtiin irratti murtaaye sun immo murticha hin raawwadhu yoo jedhe, rakkoo guddaa waan ta'uuf, haalli raawwii murtii karaa hiiktuu waldiddaa filannootiin kennamuus seeraan tumamuu qaba.

Hojimaata Hiiktuu Waldiddaa Filannoo ilaalchisee waldiddaa qaamota mootummaa naannichaa lama gidduutti uummamu akkasumas waldiddaa qaamota mootummaa fi qaama dhuunfaa gidduutti uummamu ilaalchisee malli (HWF) akkaataa barbaaddamuun hojirra oolaa akka hin jirre ragaan qorannoo kanaaf funaaname kan agarsiisuu dha. Hima biraan, waldiddaan dhimmoota hariiroo hawaasaa kanneen BAAWO irratti aanga'ee irra caalaan isaanii manuma murtii idileetti falmamaa kan jiran malee kara mala hiiktuu waldiiddaa filannootiin furmaata argachaa kan hin jirree dha. Seerri haala ifa ta'een BAAWO karaa HWF tiin waldiddaa dhimmoota HH dantaa mootummaa fi ummataa qaban irratti murtii/fala akka kennu aangessu waan hin jirreef qaamota mootummaa walfalman dirqisiisuun gara HWF tti akka dhufan taasisuun hin danda'amne.

Maanuwaaliin dhimmoota HH dantaa ummataa fi mootummaa kabachiisuu fi hojimaata HWF diriirsuuf, BAAWO baases hojirra akka hin oolin ragaaleen funaanaman kan agarsiisanii dha. Maanuwaalichi immoo dirqisiisaa waan hin taaneef hojirra oolchuuf baayyee rakkisaa akka ta'e ragaa funaaname ni mul'isa. Manneen hojii mootummaa fi dhaabbileen misooma mootummaa naannichaa hubannoon isaan aangoo BAAWO waldiddaa uummame karaa mala hiiktuu waldiddaa filannootiin furuuf qabu baayyee gadi aanaa dha. Hubannoon asirratti jirus aangoo BAAWO dantaa mootummaa fi ummaataa ilaalchisee mana murtii dhiyaatee falmuu akka danda'u irratti malee mala HWF irratti miti. Kanaafuu, dhimmoota qabatamoo fi af-gaaffiin ragaan funaaname akka mul'isutti malli hiiktuu waldiddaa filannoo ulaagaa isaa eeggatee hojirra oolaa kan hin jirree ta'uu isaati.

Qindoominni BAAWO fi manneen hojii mootummaa ykn dhaabilee misooma mootumma gidduu jiru hanqina iftoominaa kan qabu waan ta'eef, dhimmoota qaamolee kanneenii abbaan alangaa bakka ba'ee yeroo falmu deeggarsi gama ogeessota manneen hojii sanaan taasifamuuf laafaa akka ta'e ragaan ni agarsiisa. Dhimmota HH mannen hojii mootummaa ykn dhaabbilee misooma mootummaa walqabatan irratti aangoon BAAWOtiif kennamee osoo jiru oggeeyyiin seeraa mana murtii idileetti himannaa dhiheessaa fi falmii gaggeessa jiru. Kaanafuu, gahee ogeeyyiin seeraa kunniin BAAWO waliin qaban adda basuun ka'uun baarbachisaa dha.

Qoorannoo kanaan akka adda baheetti hanqina humna nama fi rakkoo loogistiksii gara garaa caasaalee BAAWO sadarkaan jiran biratti mul'atan irraa ka'uun, mala HWF keessaa kan haala salphaan hojirra ooluu danda'uu fi kaayyoo qabamee galmaan ga'uu dandeessisu mala waltaasisu dha. Akumaa armaan olitti ibsaametti malli waaltasisuu (araarsuu) yeroo amma addunyaa irratti waldiddaa HH dhimmota mootumma fi dhunfaa irrattis hojirra oolaa jira. Biyyootni akka Filippiinsi, Kirooshiyaa, Biraazilii fi Koloombiyaa mala kana hojirra oolchuun qisaasama qabeenyaa hir'isuu bira darbanii sirna haqaa isaanii ammaayyeessuun guddina diinaagdee saffisaa galmeessaa jiru.

4.2. Yaada Furmaataa

1. Caffeen Mootummaa Naannoo Oromiyaa Labsii Lak 214/2011 kwt 7 (39) haala BAAWO waldiddaawwan hariiroo hawaasaa manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa giddutti uumaman ofitti fuudhee mala HWFtiin murtii/furmaata kennuu danda'uun fooyyessuu qaba. Dabalataanis Caffeen dhimmoota HH waldiddaa qaama mootummaa naannichaa fi qaama mootummaa naannichaa hin taanee gidduutti uumamu kamuu irratti mala hiiktuu waldiddaa filannoo BAAWO keessatti hundaayuun furamuu akka danda'utti seericha fooyyessuun BAAWO aangessuu qaba.
2. Caffeen Mootummaa Naannoo Oromiyaa, namoota himannaa HH banachuuf humna hin qabnee ilaalchisee abbaan alangaa falmiiwwan ka'an gara mala HWF BAAWO keessatti hunda'anitti dhiyeessuun furmaata akka argatan gochuu aangoo dandeessisu qabaachuu akka danda'utti tumaa labsichaa fooyyessuun barbaachisaa dha
3. Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa seera baasuun, waldiiddaa waliigalteen walqabatee qaama mootummaa naannichaa fi qaama biraa gidduutti uumamu irratti dursanii malli walididdaan ittiin hiikamu mala HWF BAAWO keessatti hundaayuun ta'uu akka qabu, waliigaltee isaanii keessatti akka hammachiisan dirqama

taasisuu qaba. Kana malees, waldiddaawwan dhimmoota HH waliigalteen osoo hin jiraatin qaamota kana lamaan gidduutti uummaman ilaalchisee, fedhii qaama mootummaan naannichaatiin alaa irratti hundaayuudhaan dursi mala hiiktuu waldiddaa filannoo BAAWO keessaatti hundaayuuf kennamuu akka qabu dambichaan tumamuu qaba.

4. BAAWO Daayirektoreetii/Adeemsa dhimmoota HH jalatti garee waldiddaa dhimmoota HH dantaa mootummaa fi ummataa ofitti fuudhee karaa HWF tiin keessummeessuu danda'u waan hin jirreef, waajjiraalee isaa sadarkaan jiran keessatti caasaa fi humna namaa gahaa ta'e gurmeessee waldiddaawwan dantaa mootummaa fi ummataa ta'an irratti fala kennuu barbaachisaa dha. Kana gochuuf immoo malli HWF kun dantaa mootummaa fi ummataa eegsisuu keessatti shoorri isaa ol'aanaa akka ta'e, Mootummaa Naannoo Oromiyaa amansiisuun loojistiksiin dhimma kanaaf barbaachisu hundi akka guuttamuuf irratti hojjachuu qaba.
5. Caffeen Mootummaa Naannoo Oromiyaa murtiileen karaa mala HWF tiin kennaman haala kamiin raawwatamuu akka qaban, labsii jiru fooyyessuudhaan BAAWO aangessuun barbaachisaa dha.
6. BAAWO koodii naamusaa ogeessota garee mala HWF ittiin hoogganaman qopheessuun hojirra oolchuu qaba.
7. ILQSOn dhimma HWF irratti leenjii hubannoo cimsuu ogeeyyii seeraa manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa keessa jiran hunda haala hammachuu danda'uun kennuun sirna mala HWF diriirsuu keessatti shoora isaa taphachuu qaba. Itti dabalees, haala malli HWF BAAWO keessatti hojiirra ooluu ilaalchisu tumsa barbaachisu taasisuun milkaa'ina kaayyoo qorannoo kanaa irratti hojjechuun qaba.

Madda

I. Seerota

1. Labsii Abbaa Alangaa Waliigala Federaalaa Hundeessuuf Bahe, Labsii Lak 943/2008
2. Labsiin Qaama Raawwachiiftuu Mootummaa Federaalaa Hundeessuuf Bahe, Lak 1263/2014,
3. Labsii Seera Maatii Federaalaa Kan Fooyya'ee Bahe Labsii Lak 213/2000
4. Labsii Seera Maatii Federaalaa Kan Fooyya'ee Bahe Labsii Lak 213/2000
5. Labsii Seera Maatii Naannoo Oromiyaa Lak 65/1995
6. Labsii Seera Maatii Federaalaa Kan Fooyya'ee Bahe Labsii Lak 213/2000
7. Labsii Jarsummaa Lak 1237 bara 2013 bahe
8. Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa Lakkoofsa 214/2011 Fooyyeessuuf Bahe, Lakkoofsa.236/2013
9. Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Hundeessuuf Bahe, Labsii Lak 214/2011
10. Seera Adeemsa Falmii Yakkaa Impaayeera, Itoophiyaa, Labsii Lak 185/1961
11. Seera Haariroo Hawasaa Itoophiyaa ,labsii Lak 165/1960
12. Seera Adeemsa Haariroo Hawasaa Itoophiyaa Lak 52/1965
13. Maanuwaalii Kenniinsa Tajaajila Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Dantaa Mootummaa fi Ummataa, BAAWO, Bara (2012),
14. Wixinee Dambii Sirna Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Dantaa Ummataafi Mootummaa Naannoo Oromiyaa Diriirsuuf Qophaa'e , Lak ---/2014
15. The Mediation Act of Singapore,2017 (Republic of Singapore Government Gazette No. 1 of 2017)-
16. ICA(Indian Council of Arbitration, New Delhi:) (2016
17. The Republic of Turkey, The Law on the Procedure for Initiating Execution Proceedings based on Monetary Receivables Arising out of Subscription Agreement, Official Gazette, 2018 December 19, No. 1755

II. Books and Journals

1. Albert Fiadjoe'Alternative Dispute Resolution: A Developing World Perspective,(2004)Cavendish Publishing (Australia) Pty Ltd
2. Alemayehu Yismaw DemamuThe Need To Establish A Workable, Modern And Institutionalized Commercial Arbitration In Ethiopia,2015, Haramaya Law Review

3. Blair, Harry; Staples Said, Mary; Thome, Joseph; Sabatini, Christopher. September 1994. A Strategic Assessment Of Legal Systems Development In Uruguay And Argentina. USAID
4. Conflict Management Group (Cmg) .Alternative Dispute Resolution Practitioners Guide, 2006
5. Caroline Harris 'The Alternative Dispute Resolution Act of (1998) Implementing a New Paradigm of Justice.'(2001) 76 New York Univ. L.R.
6. Dana H. Freyer (1997). 'The American Experience in the Field of ADR.
7. De la Campa, A. A. The Private Sector Approach to Commercial ADR: Commercial ADR Mechanisms in Colombia. Investment Climate Department,(2008) World Bank Group
8. European Bank for Reconstruction and Development , Comparative study of legal and institutional frameworks and best bpractices on commercial meditations for republic of Serbia, 2017
9. Elias N. Stebek & Murado Abdo (Eds.), Law And Development And Legal Pluralism In Ethiopia,Justice And Research Institute,
10. Gatha A. Okeke , Alternative Dispute Resolution (ADR) as a Means to Improve Access to Timely Justice and a Pathway to Economic Growth in Nigeria,(2019)
11. DFID). 'Alternative Dispute Resolution: Multi-Door Courthouses', (2010)UK Department of International Development (DFID) and British Council.
12. European Bank for Reconstruction and Development , Comparative study of legal and institutional frameworks and best bpractices on commercial meditations for republic of Serbia, 2017
13. Henry J. Brown, and Arthur L. Marriot (1993). ADR Principles and Practice
14. John H.B. Roney (1999). 'Alternative Dispute Resolution: A Change in Perception.' 10 International
15. Jonas Block 'The Benefits Of Alternate Dispute Resolution For International Commercial And Intellectual Property Disputes' [2016] (vol.44)
16. Karl Mackie (Ed.). (1991). A Handbook of Dispute Resolution: ADR in Action,
17. Mthuli Ncube, Charles Leyeka Lufumpa and Leonce Ndikum*ana, Ethiopia's Economic Growth* Performance: Current Situation and Challenges, ECONOMIC BRIEF, 2010
18. Margaret Wang . 'Are Alternative Dispute Resolution Methods Superior to Litigation in Resolving Disputes in International Commerce?' (2000) Arbitration International, No.2,

19. O.P. Motiwal ‘Alternative Dispute Resolution in India.’15 Journal of International Arbitration.(1998) No. 2, at p 117
20. Paul Mitchard (1997). A Summary of Dispute Resolution Options.
21. Paul Pretorius (1990). ‘Alternative Dispute Resolution – A Challenge to the Bar for the 1990’s.’ Consultus, No.1,
22. World Bank, Ethiopia: Equipping the Judicial System to Serve Justice. World Bank Group.2021
23. Working Paper No. 192, Center For Development Information And Evaluation. Washington, DC: USAID. (PN-ABT-455)

iii. DHIMMOOTA

1. Dhimma Himataa WALQO Damee Cooraa Botor fi Hmatamtoota-1ffaa, Waldaa Sharikaa Taddee fi Shimaalis, 2ffaa Buulchinsa Magalaa Baggee- Mana Murtii Aanaa Bulchiinsa Magaalaa Jimmaa, L/G/M/M-56722
2. Dhimma Himataa Dr. Geetaahun Abaatee fi Himatamtoota 1ffaa, Bulchiinsa Magaalaa Sulultaa, 2ffaa Waajjira Lafa Magaalaa Sulultaa, Mana Murtii Ol’aanaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee, Lak Galm. 366597
3. Dhimma Himataa Baankii Misoomaa Itoophiyaa fi Himatamtoota 1ffaa. Koomishinii Invastimantii Oromiyaa, 2ffaa. Biroo Bu/It/Fayadamaa Lafaa Oromiyaa, 3ffaa. Buulchinsa Aanaa Adaamii Tulluu- L/G/M/M-61813
4. Dhimma Himataa Abbaa Taayitaa Gaaliiwwan Damee Magaalaa Jimmaa fi Himatamaa Daandii Xayyaara Itoophiyaatti, Buufata Xayyaaraa Jimmaa Abbaa Jifaar, L/G/M/M-54544.
5. Dhimma Himattuu Addee Zeeyinabaa Taklewaldii fi Himatamtoota 1ffaa. Waajjira Eegumsa Fayyaa Aanaa Shanan Kooluu 2ffaa. Waajjira Bulchiinsa Ganda Unkee, Mana Murtii Aanaa Shanan Kooluu, LGMM. 033226.
6. Dhimma ol’iyyataa Korporeshinii Ijaarsaa Oromiyaa fi Deebi Kennaa Biiroo Eegumsa Fayyaa Oromiyaa, Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, Lak Galm. 396717
7. Dhimma Himataa DHBBO Distiriktii Wallagaa Bahaa fi Himatamaan Waajjira Lafaa Godina Wallaggaa Bahaaa, Mana Murtii Waaligala Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Lixaa Lak Galm. 59512
8. Dhimma Himaataan; DHBBO Damee Arsii Distiriktii Cilaaloo Gaalamaa fi Himatamaan Buulchinsa Magaala Asallaa, Mana Murtii Ol’anaa Godina Arsii, Lak Galm.83188

9. Dhimma Himattoota Ashabbir Nugusee fa'a N-16 fi Himatamtoota 1.Biiroo Aadaa fi Tuurizimii Oromiyaa- 2.Waajjiraa Bu/Aanaa Meettaa, Mana Murtii Ola'aanaa Go/Sh/Bahaa, L/G/M/M-64215.
10. Dhimma Himataa Abbaa Taayitaa Daandiiwwan Itoophiyaa fi Bulchiinsa Magaalaa Sulultaa, Mana Murtii Ol'aanaa GAONF, Lak G.MM 42851
11. Dhimma Himataa Korporeeshiniin Ijaarsa Oromiyaa fi Himatamaa Bulchiinsa Magaalaa Asallaa, Mana Murtii O'aanaa Godina Arsii Lak GMMO 101886.

III. AF-Gaaffii

1. Af -Gaaffii Obboo Ashrafuu Haaruun Yuuyyaa, Abbaa Adeemsa, Adeemsa Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa,Waajjira Abbaa Alangaa Godina Arsii, Waliin Gaafa Guyaa, 6/07/2014 gaggeeffame
2. Af -Gaaffii, Obboo Darsee Hamdaa, A/Ademsaa, Adeemsa Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Waajjira Abbaa Alangaa Godina Shawaa Bahaa waliin gaafa guyyaa, 05/07/2014 gaggeeffame.
3. Af -Gaaffii, Addee Dinqiinesh Fayyisaa, I/Gafatamtuu Waajjira Abbaa Alangaa Godina Shawaa Bahaa waliin gaafa guyyaa, 05/07/2014 gaggeeffame,
4. Af-Gaaffii Obboo Heenook Tesfaayee, Daayirektara Daayiretooreetii dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Ministeera Haqaa, waliin gaafa guyyaa 23/5/2014 gaggeeffame.
5. Af-Gaffii, Obboo Gizaachoo Masfin, Daarektara Daayirektooreetii Dhimmoota Hariirroo Hawaasaa Biiroo Abbaa Alangaa, Waliigala Naannoo Amhaaraa waliin gaafa guyyaa 05/09/2012 gaaggeefame.
6. Af Gaffii, Ogeessa Seeraa Waandimuu Binoo, Waajjiraa Egumsaa Fayyaa Godina Shawaa Bahaa waliin gaafa guyyaa 06/07/2014 taasifame.
7. Af Gaffii, Obboo Abbabaa Maammoo, Ittigafatama Waajjiraa Egumsaa Fayyaa Goodina Shawaa Bahaa waliin gaafa guyyaa 06/07/2014 taasifame
8. Af- Gaaffii Obboo Fufaa Laggasaa, Daayirektaraa Tajaajila Seeraa Biiroo Lafaa Oromiyaa, waliin gaafa guyyaa 13/08/2013, gaggeeffame.
9. Af-Gaaffii Obboo Tamasgeen Mokonniin, Oggeessaa Seeraa Baankii Sinqee Go/Sh/Bahaa, waliin gaafa guyyaa 06/07/2014/ gaggeeffame
10. Af-gaaffii Obboo Alazar Hundee, Hoogganaa Baankii Sinqee Go/Sh/Bahaa, waliin gaafra guyyaa 06/07/2014/ taasifame
11. Af gaaffii Obboo Tagany Mulugeetaa, Ogeessa Seeraa Baankii Sinqee Distiriktii Go/Jimmaa waliin gaafa guyyaa 12/07/2014 gaggeeffame.

12. Af gaaffii Obboo Alamuu Tasfaayee, Ogeessa Seeraa Baankii Sinqee, Distiktii Go/Arsii, waliin gaafa guyyaa 09/07/2014 gaggeeffame
13. Af-gaaffii, obboo Gaaddisaa Asaffaa, ogeessa seeraa Biiroo Fayyaa Oromiyaa, gaafa guyyaa 4/09/2014 gaggeeffame.
14. Af-Gaaffii Obboo Magarsaa Laggasaa, Daayirektara Tajaajila Seeraa Biiroo Eegumsa Fayyaa Oromiyaa, gaafa 03/08/2014 gaggeeffame.
15. Af-gaffii obbo Abdallaa Ogeessaa Seera DHBBO waliin gaafa 02/09/2014 taasifame
16. Af-Gaaffii , Obboo Sisaay Iddeessaa, Ittiigafatama Waajjira Abbaa Alangaa Godina Jimmaa waliin gaafa guyyaa 12/7/2014 gaaggeefame
17. Af-Gaaffii, Obboo Sisay Weldegebreel, Abbaa Adeemsaa, Adeemsa Dhimmota Hariiroo Hawaasaa Waajjira Abbaa Alangaa Godinaa Jimmaa waliin gaafa guyyaa 12/7/2014 gaggeeffame
18. Af-Gaffii, Obboo Mirraqaaw Mallesee, Daayirektooreetii Dhimmoota Hariirroo Hawaasaa Ministeera Haqaatti, Qindeessaa Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa waliin guyyaa,4/8/2014 Gaaggeefame
19. Af-Gaffii, Obboo Getaahun Waliliny, Daayirektooreetii Dhimmoota Hariirroo Hawaasaa Ministeera Haqaatti, Raawwataa Abbaa Alangaa Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa waliin guyyaa,4/8/2014 gaggeeffame
20. Af-Gaaffii, Obboo Lataa Dheeressaa, Og/Seeraa Manaa Qopheessaa Bulchiinsa Magaalaa Sulultaa, waliin gaafa guyyaa 19/07/2014 gaggeeffame.
21. Af-Gaffii, Obboo Isheetu Balaay, Daayirektara Daayirektooreetii Dhimmoota Hariirroo Hawaasaa BAAWO, waliin gaafa guyyaa 10/09/2014 gaggeeffame
22. Af-Gaffii, Obboo Galataa, Daayiretara Daayirektooreetii Wiixinee Seera BAAWO waliin gaafa guyyaa,14/08/2014 gaggeeffame
23. Marii Garee Abbooti Alangaa Daayirektooreetii Dhimmoota Haariroo Hawaasaa BAWWO waliin gaafa guyyaa 06/09/2014 gaggeeffame (Isheetu Balaay, Aadam Araddoo, Abdullahii, Yooseef fi Gammaachuu Leencoo)
24. Af-Gaffii, Obboo Birhaanuu Dirribaa, Dursaa Garee Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa, Abbaa Taayitaa Konstiraakshinii Oromiyaa, waliin gaafa guyyaa 3/08/2014 gaggeeffame,
25. Af-Gaffii, Obboo Xurunaa Rafeeraa, KTAS, mana murtii waliigala Oromiyaa, waliin gaafa guyyaa 3/08/2014 gaggeeffame

26. Af-Gaffii, Obboo Baqqalaa Tolaa, Dursaa Tajaajila Seeraa Baankii Siinqee Waajjira Muummee, waliin gaafa guyyaa 4/08/2014
27. Af-Gaffii, Obboo Shuumii Araarsaa Hurrisaa, Daayirektara Daayirektooreetii Tajaajila seeraa Biiroo Bishaanii fi Inarjii Oromiyaa, gaafa guyyaa 4/8/2014
28. Af-Gaffii, Obboo Abdusalaam Taajuu, og/seeraa Biiroo Bishaanii fi Inarjii Oromiyaa,waliin gaafa guyyaa 4/8/2014 gaggeeffame
29. Af-Gaffii, Obboo Laachisaa Ebbaa, Ogeessa Seeraa Biiroo Dhaabbilee Misooma Mootummaa, waliin gaafa guyyaa 5/05/2014 gaggeeffame
30. Af-Gaffii, Siifan Ajjamaa, Itti Aantuu Waajjira kantiibaa Bulchiinsa Magaalaa Sulultaa, waliin gaafa guyyaa 19/07/204 gaggeeffame
31. Af-Gaffii, Addee Warqinash Shifarraaw, Ittigaafatamtuu Waajjira Abbaa Alangaa Bulchiinsa Magaalaa Sulultaa, waliin gaafa guyyaa 19/07/2014gaggeeffame
32. Af-Gaffii, Obboo Obboo Kolansiif Shibbiruu, Raawwataa Abbaa Alangaa Waajjira Abbaa Alangaa Bulchiinsa Magaalaa Sulultaa, waliin gaafa guyyaa 19/07/2014 gaggeeffame
33. Af-Gaffii, Obboo Tashaalee Angeessaa, It/Gaafatamaa Waajjira Abbaa Alangaa Go/A/O/N/Finfinnee, waliin gaafa guyyaa 20/07/2014 gaggeeffame.
34. Af-Gaffii, Obboo Taammiruu katamaa Lammaa, Ogeessa Waldiddaa fi Walitti Bu'iinsa Daangaa Lafa Magaalaa Waajjira Lafaa Go/A/O/N/Finfinnee, waliin gaafa guyyaa 20/07/2014 gaggeeffame
35. Af-Gaffii, Obboo Wandimmuu Nugusee, Ogeessa Waldiddaa fi Walitti Bu'iinsa Daangaa Lafa Magaalaa Waajjira Lafaa Go/A/O/N/Finfinnee, waliin gaafa guyyaa 20/07/2014 gaggeeffame
36. Af-Gaffii, Obboo Badhaadhaa Fiqaaduu, I/G Waajjira Bishaanii fi Inarjii Go/A/O/N/Finfinnee, waliin gaafa guyyaa 20/07/2014 gaggeeffame
37. Af-Gaffii, Obboo Addunyaa Caalaa Og/Seeraa Waajjira Fayyaa Go/A/O/N/Finfinnee, gaafa guyyaa 20/07/2014 gaggeeffame
38. Geetaacho Abbabaa, Hojjataa Waajjira Bishaanii fi Inarjii Go/Arsii , waliin gaafa guyyaa 08/07/2014 gaggeeffame
39. Abdiisaa Kadiir, Og/seeraa Waajjira Bishaanii fi Inarjii Go/Arsii ,waliin gaafa guyyaa 08/07/2014 gaggeeffame

40. Af-Gaffii, Obboo Shawaaraggaa Kabbadaa, I/G/ Dhaabbata Bosonaa fi Bineensa Bosonaa Damee Arsii Distiriktii Cilaaloo Gaalamaa, waliin gaafa guyyaa 08/07/204 gaggeeffame

Gaaffilee Af-gaaffiif Qoopha'an

I. Gaaffilee Af-gaaffii kan Minsteera Haqaa fi Manneen hojii A/A Sadarkaa Biirootii hanga aanaatti jiraniif qophaaye

1. Aangoo fi gahee manni hojii keessan wal-diddaa HH manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misoomaa mootummaa gidduutti uumamu furuuf qabu akkamitti hubattu?
2. Angoo fi gahee manni hojii keessan wal-diddaa HH manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misoomaa mootummaa gidduutti uumame furuuf qabu qabatamni/hojimaanni isaa maal fakkaata?
3. Angoo fi gaheen Manni hojii keessan wal-diddaa HH manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misoomaa mootummaa gidduutti uumamu karaa mala filannoo waldiddaa hiiktuu birootiin furuuf qabu akka hojitti hin hiikkamne wantoonni rakkoo ta'an maal fa'aa dha?
4. Wal diddaan dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Manneen Hojii Mootummaa fi dhaabbilee misoomaa mootummaa ykn qaamota kanneenii fi dhaabbata/ nama dhuunfaa gidduutti uumamu kara mala filannoo waldiddaa hiiktuu biroon (ADR) tiin furmaanni kennamaa jira moo miti? Kan kennamu yoo ta'e haala kamiin hojirra oolaa jira? Kan kennamaa hin jirre yoo ta'e hoo sababoonni isaa maali dha?
5. Maloota filannoo waldiddaa hiiktuu (ADR) jiran keessaa isa kamtuu hojirra oolaa jiraa?
6. Mana hojii keessan keessatti wal diddaan dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misoomaa mootummaa giddutti uumamu kara ADR tiin furmaata kennuuf hojimaanni fi gurmaayinsi diriiree gahaan jiraa?
7. Manni hojii keessan wal-diddaa HH manneen hojii mootummaa ykn dhaabbilee misoomaa mootummaa fi dhaabbatni dhuunfaa/ namni dhuunfaa waliin qaban haala kamiin furaa jira? Karaa mana murtii moo karaa mala filannoo birootiin furaa jiraa? Sababoonni isaa hoo maali ?

8. Mana hojii keessan keessatti wal diddaan dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misoomaa mootummaa giddutti uumamu karaa Mana murtii dhiyeessuun falli akka kennamu kan taasisu yeroo akkamiiti ykn sababa maaliifi? Mana murtii fi mala filannoo biroo (ADR) keessaa qabatamaan dursi kamiif kennamaa jira? Sababni isaa hoo?

9. Dhimmoota waldidda hariiroo hawaasaa Manni Hojii keessan (Ministeera Haqaa/Biiroolee A/A/ Waajjiraalee A/Alangaa) bakka bu'ee akka falmuuf aangeffame irratti dhimmoonni karaa mala filannoo waldiddaa hiiktuu birootiin furamaa jiran qabatamaan jiruu? Yoo jiraatan kanneen akkamii fa'aa dha? Yoo kan hin jiraanne ta'e sababoonni isaa maal fa'aa dha?

10. Wal-diddaan dhimmoota Hariiroo Hawaasaa kara ADR tiin furmaanni yoo kenname, raawwatamumma fi dirqisiisummaan murtii kana akkamitti ibsama? Gaheen manni hojii keessan raawwii murtii karaa mala filannoo waldiddaa hiiktuu birootiin kenname raawwachiisuu keessatti qabu jiraa? Yoo jiraate maalii dha?

11. Manneen hojii keessan wal-diddaa dhimmota HH qaamota mootummaa adda addaa gidduutti uumaman fi akkasumas kanneen bakka bu'ee akka falmuuf irratti aangeffame karaa mala filannoo waldiddaa hiiktuu birootiin akka furaman taasisuudhaan qisaasama qabeenya hambisuun dantaa ummataa fi mootummaa kabachiisuu danda'eera moo miti? Kan hin dandeenne yoo ta'e immoo sababoonni isaa maal fa'aa dha?

II. GaaffileeAf-gaaffii Manneen Hojii Mootummaa Fi Dhaabbilee

Misooma Mootummaatiif qophaayan

1. Manni hojii keessan/ dhaabbanni misoomaa keessan wal-diddaa HH manneen hojii mootummaa biroo ykn dhaabbilee misoomaa mootummaa biro ykn dhaabbata/nama dhuunfaa biroo waliin qabu haala kamiin hiikaa jira? Karaa M/Murtii moo Karaa BAAWO keessatti mala filannoo birootiin?

2. Manni hojii keessan/ dhaabbanni misoomaa keessan wal-diddaa HH manneen hojii mootummaa biroo ykn dhaabbilee misoomaa mootummaa biro ykn dhaabbata/nama dhuunfaa biroo waliin qabu karaa BAAWO tiin kan furamu ta'uu hangam hubannoo qabdu? Kutannoon gama kanaan jiru maal fakkaata?

3. Manni hojii keessan ykn dhaabbanni misoomaa keessan wal-diddaa HH manneen hojii mootummaa biroo ykn dhaabbilee misoomaa mootummaa biroo ykn dhaabbata dhuunfaa/nama dhuunfaa biroo waliin qabu karaa BAAWO tti dhiyaatee karaa mala filannoo waldiddaa hiiktuu biroon (ADR)tiin osoo furamee faayidaa akkamii qaba jettanii yaadduu? Faayida qabeessummaa isaa irratti amantaan isin qabdan akkamitti ibsituu?
4. Manni hojii keessan/ dhaabbanni misoomaa keessan wal-diddaa HH namoota dhunfaa ykn dhabbataa dhunfaa waliin qabu haala kaamiin hiikaaa jira? M/Murtii moo karaa BAAWOtin?
5. Yeroo waldiddaa dhimmoota H/H dantaa mootummaa fi ummataa manneen hojii /dhaabbilee misoomaa moototummaa keessan mana hojii ykn dhaabbata mootummaa biro ykn dhaabbata dhuunfaa/nama dhuunfaa biroo waliin wal dhabu, dhimmichi akka hikkaatuf karaa BAAWO/ADR yoo geessitaan/dhiyeessitan rakkoowwan isin qunnaman jiruu? Wantii fooyya'uu qaba jettan maal fa'aa dha?
6. Manni hojii keessan/ dhaabbanni misoomaa keessan wal-didda dhimmoota H/H dantaa mootummaa fi ummataa manneen hojii fi dhaabbilee misoomaa moototummaa biro ykn dhaabbata dhuunfaa ykn nama dhuunfaa waliin qabu kara BAAWO /ADR tti akka hin dhiyeessinee maaltuu hudhaa ykn rakkoo ta'e?
7. Manni hojii keessan/dhaabbanni misoomaa keessan wal-diddaa qaamota mootummaa ykn miti mootummaa waliin isa muudatu irratti ofii keessanii karaa ogeessa seeraa qabdaniin falmachuu moo karaa BAAWO/ ADR tti dhiyeessuun furmaata barbaaduuu filattu? Sababni isaa hoo?

III. Cheekliistii Wantoota Galmeewwan irraa ilaallaman

1. Bayyina dhimmoota ykn galmeewwan waldiddaa dhimmoota HH qaamota mootumma gidduutti uumame kanneen mana murtiitti falmii irra jiran meeqa akka ta'an adda baasuu?
2. Galmeewwan waldiddaa dhimmoota HH qaamota mootumma gidduutti ummaman kanneen karaa mala filannoo waldiddaa hiiktuu birootiin murtii argatan meeqatuu jira?

3. Galmeewwan waldiddaa HH qaamota mootummaa (manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee mootummaa) karaa mala filannoo waldiddaa hiiktuu birootiin falmii irra jiran jiruu? Yoo jiraatan meeqa akka ta'an ilaalanii adda baasuu?
4. Galmeewwan HH karaa mala filannoo birootiin murtii argatan yeroo hangamii akka fudhatan adda baasuu?
5. Galmeewwan HH karaa mala filannoo birootiin murtii argatan baasii hangamii akka gaafatan adda baasuu?
6. Galmeewwan karaa mala filannoo waldiddaa hiiktuu birootiin furmaata argatan adeemsi isaan keessa darban kan galmee mana murtii idilee irraa garaagarummaa akkamii qabu?
7. Haala murtiin mala filannoo waldiddaa hiiktuu birootiin kenname ilaalchisee galmeen raawwii yoo jiraate adda baasu? Haala murtiin ittiin raawwatame yoo jiraate adeemsa inni keessa darbe ilaaluun adda baasuu?